

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa


ISBN-978-99944-2-065-0
Gatii Qr. 21.90


Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 8

# Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii










## Kutaa 8

## Qajeelcha Barsiisaa

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa



## የኢትዮጵያ ሕዝብ መዝሙር

የዜግነት ክብር በኢትዮጵያችን ፀንቶ፣
ታዬ ሕዝባዊነት ዳር እስከዳር በርቶ::
ለሰላም፣ ለፍትህ ለሕዝቦች ነፃነት፣
በእኩልነት በፍቅር ቆመናል ባንድነት::
መሠረተ ፅኑ ሰብዕናን ያልሻርን፣
ሕዝቦች ነን ለሥራ በሥራ የኖርን::
ድንቅ የባህል መድረክ የአኩሪ ቅርስ
ባለቤት፣
የተፈጥሮ ፀጋ የጀግና ሕዝብ እናት፣
እንጠብቅሻለን አለብን አደራ፣
ኢትዮጵያችን ኑሪ እኛም ባንቺ እንኩራ::



## Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa
Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa
Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa
Badhaatuu, gabbattuu magarsituu hundaa;
Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee
Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee
Gammannee gammadii bokkuu deebifannee;
Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa
Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa
Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa
Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa;
Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu
Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

# Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii

# Qajeelcha Barsiisaa
# Kutaa 8

**Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

**Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- Ababaayyoo Damissee
- Abrahaam Tasammaa

**Gulaalaan:**

- Darajjee Mokonnin
- Tsahaay Addunyaa
- Sirnaa Dabalaa

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa
Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

## Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta'u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **Internationonal Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta'insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeerri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta'e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

**©Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa, bara 2003**

ISBN 978-99944-2-065-0

**Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii**
**Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613**
**Dubaayi, U.A.E**
Wal ta'insa
**Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii**
**Lakk Sanduqa Poostaa 100767**
**Finfinnee,**
**Itoophiyaa**

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa'yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda'ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta'ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaamni mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda'a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**
**Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367**
**Finfinnee,**
**Itoophiyaa**

# Baafata

*Qabiyyee* *Fuula*


**Boqonnaa 1.** Sirna Dimokraatawaa .......... 1

**Boqonnaa 2.** Olaantummaa Seeraa .......... 9

**Boqonnaa 3.** Walqixxummaa .......... 19

**Boqonnaa 4.** Haqummaa .......... 26

**Boqonnaa 5.** Jaalala Biyyaa .......... 38

**Boqonnaa 6.** Miira Itti Gaafatamummaa .......... 53

**Boqonnaa 7.** Aadaa Hojii Cimaa .......... 63

**Boqonnaa 8.** Of Danda'uu .......... 73

**Boqonnaa 9.** Aadaa Qusannaa .......... 81

**Boqonnaa 10.** Dammaqinaan Hirmaannaa Uummataa .......... 86

**Boqonnaa 11.** Beekumsa Fedhuu .......... 95

# BOQONNAA TOKKO

## SIRNA DIMOKRAATAWAA

**(*Wayitiin ramadame -12)***

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Maalummaa ijaarsa sirna dimokraasii ni hubatu.
- Mirgoota namummaa fi dimokraasii lammiiwwanii ni hubatu.
- Barbaachisummaa dhaabbilee dimokraasii ni hubatu.
- Barbaachisummaa fi faayidaa garaagarummaa jiru irratti wal danda'anii waliin jiraachuu ni hubatu.
- Tokkummaa fi garaagarummaa mootummaa Fedaraalaa fi naannoo ni beeku.

| | Barnoota | Kaayyolee gooree | Leecalloo kan biroo |
|---|---|---|---|
| **1** | Sirna ijaarsa dimokraasii | • Maalummaa ijaarsa sirna dimokraasii ni ibsu.<br>• Bu'uuraalee ijaarsa sirna dimookraasii ni tarreessu | • Heera mootummaa fedaraalee fi naannoo<br>• Fiilmii, poostara, suuraa hirmaannaa hawaasaa agarsiisu |
| **2** | Barbaachisummaa dhaabbilee dimokraasii mirgoota namummaa fi dimokraasii dhugoomsuu dandessisan | • Dhaabbilee kabajamuu mirga namummaa fi dimokraasiif hojjetan ni tarreessu<br>• Barbaachisummaa dhaabbilee kanneenii ni ibsu | • Gabatee dhaabbilee mirgi namummaa fi dimokraasii ittiin kabajamu agarsiisu |
| **3** | Garaagarummaa ykn waliigaluu dhabuu karaa nagaatiin hiiku | • Toftaalee garaagarummaa fi waliigaluu dadhabuun ittiin hiikamu<br>• Waan hiriyoota isaanii waliin irratti waliigaluu dadhaban karaa nagaatiin ni hiiku | • Fakkii namoonni yoo mari'atan agarsiisu |
| **4** | Mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo | • Aangoo mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo ni ibsu.<br>• Kanneen aangoo waliinii mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo ta'an adda baasu<br>• Hojiilee ijoo Bulchiinsa Magaalotaa ni tarreessu | • Fakkii Caasaa Mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo agarsiisu |
| **5** | Walitti dhufeenya Itoophiyaa kan biyya alaa | • Faayidaa Itoophiyaan walitti dhufeenya nagaa biyyoota addunyaa waliin qabaachuu irraa argattu ni ibsu | • Fakkii walitti dhufeenya nagaa Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin qabdu agarsiisu |

## 1.1. Ijaarsa Sirna Dimokraasii *(wayitii 3)*

Qophii Barannoo- Meeshaalee Deggersa barnootaa

- Heera mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo
- Postaroota, suuraa fi filmii hirmaannaa ummataa agarsiisan

### 1.1.1. Maalummaa Ijaarsa Sirna Dimookraasii *(wayitii 1)*

**Seensa**

**Fakkii 1.1. gaaffii ka'umsaa**

- Fakkii armaan olitti argamu bu'uura gochuudhaan ijaarsa sirna dimokraasii jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu
- Barattoonni cimdiin ykn gareen ta'uun fakkii 1.1 gadi fageenyaan ilaaluun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'achuun deebii aka kennan taasisa.

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa irratti fakkii 1.1 fi gaaffii ka'umsaatti aanee dhiyaatee fi maalummaa ijaarsa sirna dimokraasii addeessu ibsaafii

**Gocha** ***(Hojii daree- gareedhaan)***

- Gaaffiilee sadeen gilgaala 1 keessa jiran gareedhaan mari'achaa akka hojjetan taasisaa. Marii taasifamus hordofuun deggarsa barbaachisaa godhaafii. Gareewwan kunniin marii isaanii akka xumuraniin, deebii qopheeffatan hiriyyoota isaaniif daree keessatti dabareedhaan akka dhiyeessan godhaa.

**Gocha** ***(Hojii garee)***

- Hojii garee isa jedhu jalatti ijaarsa sirna dimokraasii ilaalchisee "Hojiiwwan biyya keenya keessatti raawwatamaa jiran madda adda addaa irraa funaanuun barreeffama fuula lama hin caalleen dhiyeessaa" isa jedhu akka hojjetanii dhufan taasisaa. Gareewwan haala fedhii barattootaan hundeeffamuu ni danda'u. Haalaan hojjetanii akka dhufan yeroo gahaa kennaafii. Hojicha xumuranii galii yoo godhan sororsuun hojii fooyyee qabu filachuun barattoota hundaaf akka dubbifamuuf godhaa.

### 1.1.2. Bu'uuraalee Ijaarsa Sirna Dimokraasii *(wayitii 2)*

**Seensa**

**Chaartii 1.2 fi gaaffiilee ka'umsaa**

- Fakkii armaan olitti argamu irraa maal hubattan?
- Dhimmoonni ijoo ijaarsa sirna dimokraasiif bu'uura ta'an maal fa'a akka ta'an tarreessaa.

Barattoonni cimdiin ykn gareedhaan ta'uun chaartii 1.2 gadi fageenyaan erga ilaalanii booda gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'atanii deebii akka kennan taasisaa.

🗝 ***Barattoonni cimdiin ykngareedhaan ta'uun chartii 1.2 gadi fageenyaan erga ilaalanii booda gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'atanii deebii akka kennan taasisaa.***

**Ibsa**

- Bu'uuraalee ijaarsa sirna dimokraasii Kitaaba barataa irratti kanneen a hanga E tti jiran tokko tokkoon ibsaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-Gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 2 jalatti argaman gareedhaan akka irratti mari'atan taasisaa. Marii godhamus hordofaa. Marii isaanii akka xumuraniin gareewwan hundi dabareedhaan deebii isaanii barattoota hundaaf akka dhiyeessan godhaa.

**Gocha** ***(gareedhaan)***

- Mata duree hojii garee jedhu jalatti "Bu'uuraaleen ijaarsa sirna dimokraasii biyya keenya keessatti haala maal irra akka jiran ragaalee madda adda addaa irraa funaanuun madaalaa dhiyeessaa" isa jedhu hojjetanii akka dhufan taasisaa. Gareen haala fedhii barattootaatiin ijaaramuu danda'a. Haalaan hojjetanii akka dhufan yeroo gahaa kennaafii. Hojicha xumuranii galii yoo godhan sororsuun hojii fooyyii qabu filachuun barattoota hundaaf daree keessatti akka dubbifamuuf godhaa.

## 1.2. Mirga Namummaa fi Mirga Dimokraasii Babal'isuuf Barbaachisummaa Jaarmiyaalee Dimokraasii *(wayitii 2)*

**Qophii Barannoo** – Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poostara, suuraa … adda addaa kanneen dhaabbilee mirga namummaa fi dimokraasii kabajsiisuuf gargaaran agarsiisan.

**Seensa**

**Chaartii 1.2. fi gaaffii ka'umsaa**

- Fakkii armaan olitti dhiyaate bu'uura gochuun faayidaa dhaabbileen mirga namummaa fi dimokraasii dhugoomsuuf gargaaran qaban ibsaafii

***Barattoonni cimdiin ykn gareedhaan ta'uun chaartii 1.2 gadi fageenyaan akka ilaalanii fi gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'achuun deebii akka itti kennan godhaa.***

**Ibsa**

- Ibsa kitaaba barataa keessatti mata duree kana jalatti dhiyaate tokko tokkoon dubbisuun addeessaafii

**Xumura**

- Dhuma irratti barattoonni hangam akka galeef mirkaneessuuf jecha qabiyyee barannichaa gabaabumatti cunfuun afaaniin akka dhiyeessan barattoota muraasa gaafadhaa.

**Gocha** ***(Hojii daree- gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 3 keessa jiran gareedhaan irratti mari'atanii akka hojjetan taasisaa. Marii godhamus hordofaa. Marii isaanii akka xumuraniin gareewwan tokko tokkoon deebii isaanii barattoota hundaaf daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

**Gocha** ***(gareedhaan)***

- Barattoonni garee 7 akka ijaaran gochuun hojii garee gilgaala 3 tti aanee dhiyaate akka hojjetan taasisuun, dhaabbilee dimokraasii torba waraqaa irratti barreessuun bifa carraan qopheessuun gareewwan kunniin gama bakka bu'aa isaanitiin carraa akka baasan godhaa. Gareen tokkoon tokkoon haala carraa isa gaheen dhaabbatichi naannawa sanatti ni argama yoo ta'e gara dhaabbatichaa deemuun, yoo hin jiru ta'e immoo ragaa barreeffamoota adda addaa irraa funaanuun dhaabbatichi haala maal irra

akka jiru madaaluun akka dhiyeessan itti himaa. Haala gaariin hojjetanii akka dhufan yeroo gahaa keennaafii. Hojicha xumuranii galii yoo godhan sororsuun, hojii fooyyii qabu keessaa filachuun barattoota hundaaf daree keessatti akka dubbisan godhaa.

## 1.3. Toftaalee garaagarummaan (waldiddaan) Nagaan Itti Hiikamu *(wayitii 3)*

**Qophii Barannoo –Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Fakkii namoonni yoo mari'atan agarsiisu

**Seensa**

**Fakkii 1.2 fi gaaffiilee Ka'umsaa**

- Fakkii armaan olitti dhiyaate ilaaluun barattoonni maal gochaa akka jiran tilmaamaa.
- Hiriyoota keessan waliin yaadni keessan gargar otuu ta'ee ykn waliigaluun otuu dhabamee garaagarummaa ykn walii galuu dhabuu kana nagaan hiikuuf maal gootu?

🗝 ***Barattoonni fakkii 1.2 akka ilaalanii fi gaaffiilee ka'umsaa dabareedhaan afaaniin akka deebisan godhaa.***

**Gocha *(Hojii daree-gareedhaan)***

- Barattoonni gareen ta'uun barreeffama mata duree "Hiriyoota sadi"jedhu jalatti dhiyaate akka dubbisanii fi gaaffiilee lamaan gilgaala 4 jalatti dhiyaatan irratti mari'atanii deebii isaanii akka qopheessan taasisaa. Gaaffiilee kanneenif deebii kennuuf miseensonni garee tokkoon tokkoon isaanii gaaffiilee hundaaf "otuun ana ta'ee kanan godhaayyu! Akkanattan qopheessa!" jechuun miseensota gareef akka ibsuu fi miseensonni garee hundi haala kanaan deebii isaanii erga kennanii booda isa fooyyii qaba jedhanii yaadan akka keessaa filachuu qaban itti himaa. Marii isaaniis hordofaa. Gareewwan marii isaanii akka xumuraniin deebii qopheessan barattoota hundaaf daree keessatti dabareedhaan akka dhiyeessan godhaa.

**Ibsa**

- Kitaaba barataa keessatti gilgaala 4tti aananii kan jiran ilaalchisee garaagarummaa ykn waliigaluu dhabuu karaa nagaan hiikuuf dhimmoonni barbaachisan marii, waldhaggeeffachuu fi wal danda'uu ta'uu isaanii ifa baasuun tokko tokkoo isaanii irratti ibsa gabaabaa kennaafii.

**Gocha *(Hojii daree gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 5 jalatti argaman irratti barattoonni gareedhaan ta'uun akka irratti mari'atan godhaa. Gareewwan marii isaanii akka xumuraniin deebii qopheeffatan barattootaaf dabareedhaan akka dhiyeessan godhaa.

## 1.4. Mootummaa Fedaraalaa fi Mootummoota Naannoolee *(Wayitii 2)*

**Qophii Barannoo** – Meeshaalee deggersa barnootaa

- Caasaalee fi fakkii Mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo agarsiisan
- Heerawwan Mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo

### 1.4.1. Tokkummaa fi garaagarummaa

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Dhimmoota tokkummaa fi garaagarummaa Mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo mul'isan ibsaa.

🗝 ***Barattoonni cimdiin ykn gareedhaan ta'uun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'atanii deebii isaanii akka dhiyeessan godhaa.***

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa irratti gaaffii ka'umsaatti aanee garaagarummaa mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo tarreessu akka dubbisan ibsaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-dhunfaan)***

- Gaaffilee lamaan gilgaala 6 jalatti argaman dabtara isaanii irratti akka hojjetan taasisaa. Dabtara isaaniis sororsaafii.

### 1.4.2. Aangoo Waliinii

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Kanneen aangoo mootummaa Fedaraalaa fi mootummaa Naannoo ti jettanii yaaddan eeraa.

🗝 ***Barattoonni cimdiin ykn garee xixiqqaan ta'uun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'atanii deebii isaanii akka dhiyeessan godhaa.***

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa irratti gaaffii ka'umsaatti aanuun garaagarummaa mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo tarreessuun dubbisuun ibsaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 7 jalatti argaman gareedhaan ta'uun irratti mari'atanii gabaasa akka dhiyeessan gochuun hordofaa. Gareewwan marii isaanii akka xumuraniin deebii isaanii dabareedhaan barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

### 1.4.3. Hojiiwwan Gurguddoo Bulchiinsa Magaalotaa

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Bulchiinsi magaalotaa itti waamamni isaanii mootummaa Fedaraalaaf ta'e isaan kam?

🗝 ***Barattoonni gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaateef afaaniin deebii akka itti kennan godhaa.***

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa keessatti gaaffii ka'umsaatti aanee garaagarummaa mootummoota Fedaraalaa fi Naannoo tarreessuuf dhiyaate dubbisuun ibsaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 8 jalatti dhiyaatan gareedhaan ta'uun akka irratti mari'atan godhaa. Marii taasifamus hordofaa. Marii isaanii akka xumuraniin deebii isaanii barattootaaf dabareedhaan akka dhiyeessan godhaa.

## 1.5. Walqunnamtii Alaa Itoophiyaa

### 1.5.1. Walqunnamtii Itoophiyaan Biyyoota Addunyaa Waliin Qabdu

**Seensa**

**Fakkii 1.3 fi gaaffii ka'umsaa**

- Kaartaa armaan olitti argamu ilaaluun Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin dhimmoota maal irratti walitti dhufeenya qabaachuu akka dandeessu eeraa.

🗝 ***Gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate cimdiin ykn gareedhaan ta'uun mari'atanii deebii isaanii akka qopheessan taasisaa. Gareewwan ykn cimdiiwwan marii isaanii akka xumuraniin deebii isaanii barattootaaf dabareedhaan daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.***

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa keessatti gaaffii ka'umsaatti aanee walitti dhufeenya Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin qabdu ibsuuf dhiyaate dubbisuun addeessaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 9 jalatti dhiyaatan irratti gareedhaan mari'atanii akka hojjetan taasisaa. Marii taasifamus hordofaa. Gareewwan marii isaanii akka xumuraniin deebii isaanii dabareedhaan barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

### 1.5.2. Faayidaa Itoophiyaan Biyyoota Addunyaa waliin walqunnamtii gochuun argattu

**Seensa**

- Itoophiyaan waliitti dhufeenya biyyoota addunyaa waliin qabduun faayidaa maal argatti?

🗝 ***Gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti cimdiin ykn gareedhaan mari'achuun deebii akka qopheessan taasisaa. Marii isaanii akka xumuraniin deebii qopheeffatan dabareedhaan barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.***

**Ibsa**

- Barreeffama kitaaba barataa keessatti gaaffii ka'umsaatti aanee waayee faayidaa Itoophiyaan walitti dhufeenya biyyoota addunyaa waliin qabdu irraa argatte ilaalchisee dhiyaate dubbisuun ibsaafii.

**Gocha** ***(gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 10 jalatti argaman irratti gareedhaan akka mari'atan taasisaa. Gareewwan marii isaanii akka xumuraniin deebii isaanii dabareedhaan barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

## Deebbiiwwan Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" dogoggora yoo ta'an "soba" jechuun deebisaa.**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

**II. "B" jalatti kan tarreeffaman "A" jalatti kan dhiyaatan waliin walitti firoomsaa**

1. F 2. D 3. C 4. B 5. A

**III. Iddoo Duwwaa jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.**

1. waldaalee siivikii
2. Abba-Gaar
3. Marii, wal dhaggeeffachuu fi wal danda'uu

**IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhaa**

1. D 2. B 3. D

**V. Ibsi kitaaba keessati kamame waliin madaalla.**

# Fakkeenya Karoora Barannoo

## 1.1. Maalummaa Ijaarsa Sirna Dimokraasii

| Yeroo | Hojii Barsiisaa | Hojii Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Barnooticha eegaluuf fakkii 1.1. haalaan ilaalanii gaaffii akka ka'umsaatti dhiyaate irrattis mari'atanii deebii akka kennan gochuu<br>• Fakkii dhiyaate bu'uura gochuun maalummaa ijaarsa sirna dimokraasii irratti ibsa kennuu | • Gareedhaan ta'uun fakkii dhiyaate bu'uura godhatanii gaafficha irratti mari'achuu.<br>• Deebii qopheessuu fi dareettis akka dhiyeessan gochuu |
| **10'** | **Ibsa**<br>• Maalummaa ijaarsa sirna dimokraasii irratti ibsa kennuu<br>• Waan ifa hin taaneef irratti gaaffii akka gaafatan carraa kennuu<br>• Gaaffiif deebii kennuu | • Ibsa kennamu haalaan hordofuu<br>• Waan ifa hin taaneef gaafachuu<br>• Deebii kennamu hordofuu |
| **15'** | **Gocha** *(Hojii daree-gareedhaan)*<br>• Gaaffiilee sadeen gilgaala 1 jalatti argaman gareedhaan ta'uun mari'atanii akka hojjetan gochuu<br>• Marii taasifamu hordofuu fi deebii isaanii barattootaaf akka dhiyeessan gochuu | • Gilgaala 1 gareedhaan mari'atanni hojjechuu<br>• Deebii isaanii dareef dhiyeessuu |
| **5'** | **Gocha** *(gareedhaan)*<br>• Hojii garee hojjetanii akka dhufan gochuu<br>• Sororsuu fi hojii fooyyii qabu keessaa filachuun barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan gochuu | • Hojii garee hojjechuun galii gochuu<br>• Hojii fooyyii qaba jedhamee filatame dareef dhiyeessuu |

# BOQONNAA LAMA

## OLAANTUMMAA SEERAA

***(Wayitiin ramadame 10)***

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Tokkummaa fi garaagarummaa heera mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo gidduu jiru ni beeku
- Amala gaarii isaan irraa eegamu ni beeku.
- Rakkoolee malaammaltummaan uumu ni hubatu.

| Lakk | Barnoota | Kaayyoo gooree | Meeshaalee deggarsaa |
|---|---|---|---|
| **1** | Heera | • Tokkummaa fi garaagarummaa heera mootummaa fedaraalaa fi heera mootummaa naannoo gidduu jiru ni ibsu | • Sanadoota heera mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo |
| **2** | Amala gaarii | • Amala gaarii sadarkaa biyyaatti barattoota irraa eegamu ni tarreessu | |
| **3** | Daangaa aangoo | • Rakkoolee aangoon daangeffamuu dhabuun uumu ni ibsu | |
| **4** | Iccitii | • Rakkoo iccitiin eegamuu dhabuun sadarkaa biyyaatti uumu ni ibsu | |

### 2.1. Heera ***(wayitii 2)***

**Qophii Barannoo (meeshaa deggarsaa)**

- Heera mootummaa Fedaraala Dimokraatawaa Reppabliika Itoophiyaa
- Heeroota Mootummoota Naannoolee
- Kaartaa Siyaasaa Itoophiyaa

#### 2.1.1. Tokkummaa fi garaagarummaa Heera Mootummaa Fedaraala Dimokraatawaa Rippabliika Itoophiyaa fi Heerawwan Mootummoota Naannoolee

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Tokkummaa fi garaagarummaan heerawwan fakkiicha irratti mul'atanii maal isinitti fakkaata?

***Barsiisaa ! Barattoonni barnooticha dammaqinaa fi fedhiidhaan akka hordofan kaartaa Itoophiyaa fi dhimmoota mata-duree kana jalatti dhiyaatan akka ilaalanii fi waan ilaalan irraa maal akka hubachuu danda'an akka dubbatan gochuuf carraa barattootaaf kennaa. (Dhimmicha irratti cimdhiin akka irratti mari'atan otuu ta'ee filatama.)***

***Deebii kennuuf ni rakkatu yoo ta'e gaaffiilee dabalataa kaasuun gara yaada barbaadameetti akka dhufan godhaa.***

- Kitaabni gidduu irratti mul'atu isaan kaan irraa maaliif guddaa ta'e? Maal bakka bu'aa?
- Sararoonni irraa ka'anii kallattii adda addaan sararaman maal agarsiisu? Gaaffiilee kanaa fi kan kana fakkaatan gaafachuun qajeelchuu fi gara qabxii barbaadamutti akka dhufan gochuun ni danda'ama.
- Deebii barattoonni kennanis gabatee gurraacha irratti barreessaa
- Deebii barattoota muraasaa erga dhaggeffattanii booda gara hojii itti aanutti otuu hin ce'in dura ibsa gabaabaa kennaafii.

**Ibsa**

- Kitaabni guddichi heera Mootummaa Fedaraala Dimokraatawaa Rippabliika Itoophiyaa akka bakka bu'u ta'ee kan kaa'ame yoo ta'u, gidduu irra taa'uun isaa heera mootummoota naannooleef bu'uurri heera kana ta'uu isaa agarsiisuuf dha. Sararoonni immoo heeroonni naannoolee heera mootummaa Fedaraalaa kan calaqqisan ta'uu isaanii agarsiisuuf akka ta'e ibsuudhaan xumuruu dandeessu.

**Gocha**

- Barsiisaa! Yaadoolee Seensa Heera Mootummaa Fedaraala Dimokraatawaa Itoophiyaa Fi Heera Mootummaa Naannoo sabaa fi sab-lammiiwwanii fi ummattoota kibbaa irraa fudhataman barattoonni gareedhaan ta'uun akka ilaalan taasisaa. Kana booda gaaffiilee afran gilgaala tokko jalatti dhiyaataniif deebii akka qopheessan bifa hojii dareetiin kennaafii.
- Barsiisaa! Itti aansuun gaaffiileen gilgaala 2 jala jiran heeroota lamaan wal cinaa qabanii ilaaluun yaadoolee isaanii hangam akka hubatan mirkaneessuuf waan fayyadaniif bifa hojii manaatiin akka hojjetan erga gootanii booda deebii isaanii afaaniin akka kennan gochuun bira darbuu ni dandeessu.

**Tokkummaa fi garaagarummaa Heera Mootummaa Fedaraalaa fi Heera Mootummoota Naa-nnoolee**

- Heeroonni mootummaa Fedaraalaa fi Naannoolee lamaanuu bakka bu'oota filataniin mariin irratti gaggeeffamee kan mirkanaa'an dha.
- Heerri mootummaa Fedaraalaa sadarkaa biyyoolessaatti hojii irra kan oolu yoo ta'u, heeroonni mootummaa naannoolee immoo naannolee isaanii keessatti hojii irra kan oolandha.
- Seeroonni lamaan fedha hawaasa guutuun kan mirkanaa'an, sadarkaa sadarkaadhaanis seera olaanaa ta'uun kan tajaajilan dha.

**Xumura**

- Dhuma irrattis raawwatummaa kaayyoolee barnootichaa mirkaneessuun gaaffiilee barnooticha xumuruu dandeessisan barattootaaf dhiyeessuun guduunfaa.

## 2.2. Naamusa *(wayitii 2)*

**Qophii Barannoo /meeshaalee deggersaa**

- Poostara dargaggoonni hojiiwwan hawaasa fayyaduu danda'an yoo raawwatan agarsiisu

### 2.2.1. Sadarkaa Biyyaatti Naamusa Barataa Irraa Eegamu

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Hojjettoonni sonawwan kanneen akka beekan taasifamuun isaa faayidaa maal kenna isinitti fakkaata?

🗝 ***Barsiisaa! Gaaffii ka'umsaa kana daree keessatti otuu hin dhiyeessin dura waajjiraalee mootummaa fi dhaabbilee misoomaa keessatti hojii irra akka oolan gochuuf jecha sonawwan amala gaarii kudha lamaan waraqaa guddaa irratti qopheessuun barattoonni akka ilaalan godhaa; Ibsa gabaabaas kennaafii. Kana booda gaaffii ka'umsaa dhiyeessaafii. Cimdiin ta'uun akka irratti mari'atan godhaa. Barattoota muraasaaf carraa kennuun deebii akka kennan taasiaaa.***

### Naamusa Sadarkaa Biyyaatti Barattoota Irraa Eegamu

Amalli gaariin hojii gaarii fi badaadhaan, akkasumas yaada gaarii fi hamaadhaan dubbii fi gochaan ibsama. Amalli sirrii fi sirrii hin taane kan ittiin madaalamudha. Yaadni ykn gochi tokko gaarii ykn badaa, sirrii ykn dogoggora ta'uu, gatii kan qabu ykn kan hin qabne, haqa qabeessa ykn haqa dhabeessa ta'uu isaa mirkaneessuuf kan fayyadudha. Amalli gaariin yaadaa fi hojii sirrii ta'e kan dogoggora ta'e irraa adda baasuuf kan gargaaruu fi qajeelfama amala namaa qaru yoo ta'u amalli badaan akka irratti hin dagaagne to'achuuf kan gargaarudha. Ilmi namaa akka bineensaa akka hin taanee fi kabaja namummaa isaa eeguun fedhii isaa yeroo fi iddoo barbaachisaa ta'etti akka guuttatu kan gargaaruu fi jireenya isaa kan kallattii sirrii ta'e qabsiisu dha.

Egaa, sonawwan amala gaarii hojjettoonni akka beekan godhamuun isaa faayidaalee heddu kan qabu yoo ta'u kanneen keessaa hojjettoonni amala gaarii qabaachuun gocha badaa irraa fagaatanii hojii isaanii akka raawwatanii, fi mul'ata, ergamaa fi galma waajjirichaa milkeessuuf akka danda'an isaan gargaara. Dabalataanis, hojjettoonni kallattii amala gaariitiin dhimmoonni shakkii irratti qaban yoo isaan qunnaman, toftaa rakkoo isaan mudatan hiikuuf isaan gargaaru waan itti mul'isuu/waantoota ifa hin taane ifa gochuuf waan isaan gargaaruuf sonawwan kanneen akka beekan gochuun barbaachisaadha.

Gara mana barnootaa yoo dhufnus hawaasni amala gaarii barattoota irraa eega. Kanneen keessaa kan armaan gadii tuquun ni danda'ama.

- Olaantummaa Seeraaf bitamuu
- Mirga namoota kan biroo kabajuu
- Pirinsippilii wal danda'uu hojii irra oolchuu
- Dhimma biyyoolessaas ta'e dhimma naannoo irratti dammaqinaan akka hirmaatan gochuu
- Miira jaalala biyyaa qabaachuu
- Haqa-qabeessa ta'uu
- Jaalalaa fi kabaja hojii…kkf. Tuquun ni danda'ama.

### Gocha

- Barsiisaa ! Dubbisa mata-duree "Nan dhaladha" jechuun dhiyaate barattoonni dhuunfaan akka dubbisan godhaa. Itti aansees sagalee keessan ol kaasuun barattootaaf dubbisaatoo, gaaffii gilgaala sadi jalatti dhiyaate cimdiin ta'uun daree keessatti akka irratti mai'atan taasisaa. Dhuma irrattis deebii afaaniin akka kennan gochuun gudunfaa. Xumura irrattis qabxiilee kanneen eeruu ni dandeessu.
- Yaadoolee dubbisa keessatti tuqaman keessaa dhimmoonni barattoota irraa eegaman kan akka gaarummaa, dhugaa qabeessummaa, amanamummaa, fayyaalessummaa, nama gaarii ta'uu, amala gaarii qabaachuu, namaaf yaaduu fi namoota araarsuun qabxiilee tuqamuu qaban dha. Barattoonni amala kanneen akka qabaatan kan barbaadamu nagaan waliin jiraachuu waan dandeessisaniif ta'uu isaa ibsuun ni danda'ama. Gaaffii lammaffaaf, bifa wal fakkaatuun amaloota faallaa gaaffii tokkoffaa irratti tuqaman dhiyeessuun agarsiisuun ni danda'ama.

**Barsiisaa** ! Gaaffileen gilgaala afur jalatti dhiyaatan barattoonni yaadannoo isaanii dubbisuun yaad-rimee isaa hangam akka hubatan beekuun waan isin barbaachisuuf daree keessatti dhunfaan akka hojjetan erga gootanii booda gaaffii afaanii fi deebii gaggeessuun deebii kenname sororsuun xumuruu ni dandeessu.

**Xumura**

- Dhuma irrattis yaadoolee ijoo barnootichaa gabaabumatti dhiyeessuun guduunfaa.

## 2.3. Daangaa Aangoo *(Wayitii 2)*

**Qophii Barannoo /Meeshaalee deggarsaa**

- Gabatee gulantaa aangoo sadarkaa mana barnootaatti argamu
- Heera Mootummaa Federaala Dimokraatawaa Rippabliika Itoophiyaa

### 2.3.1. Aangoon daangaa dhabuu irraa an kka'e rakkoowwan uumamuu danda'an

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Qondaalli waajjira tokko keessa jiru aangoo kennameef daangaa malee akka itti fayyadamu otuu godhamee rakkoo maaltu uumamuu danda'a?

***Gaaffii kana barattoonni dammaqinaan barnoota guyyaa sanaatti akka galan gochuuf jecha dhiyeessuun barattoota muraasa irraa deebii erga fuutanii booda ibsa dhunfaa keessanii kennuun gara gocha itti aanutti ce'aa.***

- Hogganaan tokko aangoo kennameef daangaa malee akka itti fayyadamu yoo godhame fedhii dhunfaa isaa namoota kan biroo irratti fe'a. Hojjettoonni hojii isaanii irratti wabummaa dhabu. Seerri olaantummaan waan hin raawwanneef seera malee hojjechuu fi sirni hojmaataa ni dhabama. Kana irraa kan ka'e waajjirichi waajjira dhunfaa waan ta'uuf hojjettoonni miira abbummaa dhabu. Haalli kunis turtii keessa dhaabbaticha kufaatiitti geessa.

**Gocha**

- **Barsiisaa** ! Dubbisa gabaabaa mata-duree "Qaanii dha" jedhuun dhiyaate barattoonni dhunfaan akka dubbisan erga gootanii booda gaaffii dubbisicha irratti hundaa'uun dhiyaate gareedhaan akka hojjetan taasisaa. Kana booda gareen tokkoon tokkoon waan irra gahe gama bakka bu'aatiin akka dhiyeessu gochuun xumura gabaabaa kennuun gara gocha itti aanutti ce'aa.
- Barsiisaa! Itti aansuun barattoonni gaaffilee gilgaala shan jalatti dhiyaatan deebisuu akka danda'an yaadannoo dhimma aangoo daangessuu irratti dhyaate dhunfaan akka dubbisan taasisaa. Kana booda gilgaala kana yaadannoo kana irratti hundaa'uun gareedhaan akka hojjetan godhaa. Hojii isaaniis bifa gaaffii fi deebiitiin sororsuun yaada xumuraa kennaafii.

## Rakkoolee aangoon daangaa qabaachuu dhabuu isaatiin uumaman

Daangaa aangoo jechuun aangoo itti gaafatamummaa kenname tokko bahuuf gargaaruu fi hojii haalaan hojjechuun akka danda'amu daangeffamee kennamu jechuudha. Egaa aangoon daangeffamee yoo hin kennamne namoonni aangoo qabatan waan fedhan namoota irratti bifa barbaadaniin akka raawwatan carraa uumaaf. Carraan waan fedhan namoota irratti bifa barbaadaniin raawwachuu uumameef jechuun immoo lammiileen rakkoof saaxilaman jechuu ta'a. Karaa seera qabeessa hin taaneen dhibbaan irra gahuu danda'a. Malaammaltummaaanis ifatti raawwachuu danda'a.

**Xumura**

- Dhuma irratti gaaffiilee milkaa'ina kaayyoolee barnootichaa agarsiisuu danda'an barattootaaf dhiyeessuun barnooticha xumuraa.

## 2.4. Iccitii *(wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa /Meeshaalee deggarsaa**

- Ibsitoota adda addaa waayee iccitii addeessan

### 2.4.1. Iccitii Eeguuf Ofeeggannoo Ta'uu Qabu

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Jechamoonni iccitiin akka eegamuu qabu ibsanii fi naannoo keessanitti himaman jiruu? Jiran yoo ta'e ibsaa.
- Ofeeggannoowwan iccitii eeguuf godhamuu qaban maal fa'adha?

🗝 ***Barsiisaa! Jechamoota iccitii ilaalchisee beekan jiru yoo ta'e, ofeeggannoowwan iccitii eeguuf godhamuu qaban irratti yaada qaban akka kennan carraa barattoota muraasaaf kennuun gara gocha itti aanuutti ce'aa.***

**Gocha**

- Gaaffiilee ka'umsaaf deebii barattootaa muraasa irraa erga fuutanii booda dubbisa mata-duree "maan guddaayi"jedhuun dhiyaate barattoonni dhunfaan dubbisanii gaaffiilee gilgaala jaha jalatti dhiyaatan irratti gabaasa barreeffamaan akka dhiyeessan taasisaa.

**Ibsa**

- Hojjettoonni iddoo hojii iccitiin jirutti hojjetan namoota ofeeggannoo godhan ta'uu qabu. Hanqina ofeeggannoo gochuu irraa kan ka'e mataa isaaniis ta'e namoota kan biroo miidhaaf saaxiluu danda'u.

Dhuma irrattis ofeeggannoowwan iccitii eeguuf godhamuu qaban ilaalchisee yaada xumuraa kennaafii. Itti aansuun yaadannoo jiru dubbisanii gilgaala torba akka hojjetan taasisaa.

**Ofeeggannoowwan Iccitii Eeguuf Godhamuu Qaban**

- Ofeeggannoowwan icciitii eeguuf godhaman keessaa inni tokko dhimmoota iccitii ta'an adda baasanii beekuun sadarkaa isa tokkoffaa dha.
- Dhimmi kan biraa iccitii eeguuf godhamuu qabu namoonni amala gaarii akka qabaatan gochuu dha.
- Ofeeggannoo godhamuu qaban keessaa qabxiin inni sadaffaan maaltu na dhibee dhabamsiisuu fi kan kana fakkaatan dha.

### 2.4.2. Iccitii Eeguu dhiisuun rakkoowwan inni Biyya Irraan gahu

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Ofeeggannaa gochuu dhabuun miidhaa maaltu biyya irra gahuu danda'a?

**Barsiisaa** ! Gaaffii kanaaf barattoonni muraasni deebii akka kennan carraa kennaafii. Muuxannoo qabanis akka dhiyeessan jajjabeessaa.

**Gocha**

- Barattoonni yaadannoo dhiyaate dhunfaan dubbisanii gilaala saddeet daree keessatti dhunfaan hojjetanii deebii afaaniin akka dhiyeessan godhaa. Dhuma irrattis gocha hojii garee jedhamee dhiyaate dareen alatti hojjetanii akka dhufan godhaa. Dhuma irrattis iccitii eeguu dhabuun biyya irratti rakkoo maal akka geessisu qabxiilee muraasa tarreessuun ni danda'ama.

**Rakkoolee Iccitii Eeguu Dhabuun Biyya Irraan Geessisu**

Iccitii biyyaa eeguu dhabuun

- Biyyi harka diinaatti akka kuftu taasisa.
- Qabeenyi biyyaa namoota itti gaafatamummaan itti hin dhagahamneen qisaasa'uu, saamamuu fi barbadaa'uu danda'a.
- Lammiileen mootummaa isaanii irratti amantaa akka hin qabaanne taasisa. Wal amanuu dhabuun immoo miira jaalala biyyaaf hawaasni qabu ni miidha.

**Xumura**

- Dhuma irratti qabxiilee ijoo barnootichaa gabaabsanii dhiyeessuun waan baratan guduunfaa.

## 2.5. Toftaalee Ittisa Malaammaltummaa *(wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa** *(meeshaale deggarsaa)*

- Poostaroota, ibsitoota adda addaa waayee malaammaltummaa irratti qophaa'an

### 2.5.1. Malaammaltummaa Ittisuuf Barbaachisummaa Dhaabbilee Dimokraatawaa

**Seensa**

- Fakkiin "Qamaaxirrii fi Adurreen" maal bakka bu'a isinitti fakkaata?
- Fakkii kaartuunii dhiyaate keessatti fakkiileen kunniin maal akka bakka bu'an erga ibsitanii booda fakkaattummaa malaammaltummaa ittisuuf qaban ibsaa.

**Barsiisaa**! Barattoonni fakkii mata duree jalatti dhiyaate hubannoon akka ilaalaan erga gootanii booda gaaffiilee armaan olitti seensa jalatti dhiyaatan lamaan cimdiin akka deebii itti kennan taasisaa. Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda gama keessaniin ibsa gabaabaa kennuun hojii itti aanutti ce'uu ni dandeessu.

**Ibsa**

- "Qamaaxirri fi Adurreen" toftaalee malaammaltummaa ittisuuf gargaaran kan bakka bu'an yoo ta'u, Qamaaxirri fakkaattii hojmaata malaammaltummaa ittisuu dandeessisu akkasumas adurreen immoo dhaabbilee farra malaammaltummaa bakka bu'uu kan danda'u dha. Malaammaltummaa ittisuuf hojmaatawwan malaammaltummaaf qaawwa banuu danda'an sakatta'uu fi sirreessuun barbaachisaa dha. Gochi malaammaltummaa amala walxaxaa ta'e waan qabuuf dhaabbata of danda'ee abbummaan hordofu qabaachuu qaba.

**Gocha**

- Barsiisaa! Ibsa kennitanii erga xumurtanii booda dubbisa mata-duree "Eenytu sirrii dha laata" jedhu jalatti dhiyaate barattoonni dhunfaan akka dubblisan godhaa. Dubbisa kana irrattis hundaa'uun gaaffilee gilgaala sagal irratti dhiyaatan gareedhaan mari'atanii qabxiilee irratti walii galan daree keessatti akka dhiyeessan taasisaa. Dhuma irrattis barbaachisummaa dhaabbilee malaammatummaa ittisan irratti yaada gudunfaa dhiyeessuun barnooticha gudunfaa.

## Barbaachisummaa Dhaabbilee Dimokraatawaa malaammaltummaa Ittisan

**Dhaabbileen dimokraatawaa malaammaltummaa ittisuuf barbaachisan:**

- Qabeenyi sababa malaammaltummaa fi hojmaata badaatiin qisaasa'a ture eegamee kaayyoo yaadameef akka oolu gochuu waan dandeessisuuf
- Rakkoon erga uumamee booda namoota rakkoo uumanii fi qabeenya qisaasa'e barbaadanii argachuuf jecha baasii dabalataan bahu waan hambisuuf
- Rakkoon erga uumamee booda asii fi achi jechuu manna dursanii ofeeggannaa gochuu waan dandeessisuuf
- Jijjiirama ilaalchaa fiduun lammiilee biyyaaf fayyaduu danda'an rakkoo keessa galanii akka hin miidhamne gochuu waan dandeesiisuuf kkf… dha jechuudhaan guduunfuun ni danda'ama.

### 2.5.2. Malaammaltummaa ittisuu keessatti gahee qaamolee haqaa

**Seensa**

- Yaada fakkiileen tokkoon tokkoon isaanii ibsan addeessaa
- Malaammaltummaa ittisuu ilaalchisee gahee qaamoleen haqaa qaban irratti fakkaattummaa fakkiilee addeessaa.

**Barsiisaa** ! Gaaffiileen seensa jalatti dhiyaatan fakkiilee mata-duree jalatti dhiyaatan kan bu'uurefffatan dha. Fakkiilee kanneen barattoonni cimdiin ta'uun akka ilaalan gochuudhaan gaaffiilee kanneeniif deebii akka kennan gaafadhaa. Deebii barattoonni muraasni kennan erga keessummeessitanii booda gama keessaniin ibsa kennaafii.

**Ibsa**

- Fakkiileen kunniin yakkamtoonni yakka yammuu raawwatan adeemsa keessa darban kan agarsiisu yoo ta'u, isuma kanas xiyyeedhaan agarsiisuuf yaaliin godhamee jira.
- Adurreen qaamolee haqaa kan bakka bu'u yoo ta'u hantuutonni immoo yakkamtoota malaammaltummaa bakka bu'u. Qamaaxiroonni immoo yakkamtoonni sirni to'annaa jala itti oolan jiraachuu isaa kan agarsiisudha. Dhuma irrattis madaalliin sirraa'ee dhiyaate namoonni malaammaltummaa raawwatan haala yakka raawwataniin adabbiin cimaan kan isaan eeggatu ta'uu isaa agarsiisa.
- Gaheen qaamolee haqaa malaammaltummaa ittisuu irratti qaban olaantummaan seeraa akka kabajamu gochuu fi namni kamiyyuu seeraa gadi ta'ee hin bulu yoo ta'e akkaataa fakkiidhaan ibsuuf yaalametti adeemsa seeraan itti gaafatamu keessa darbuuf akka dirqamu gochuu irratti gahee olaanaa kan qaban ta'uu isaanii agarsiisa.

**Gocha**

- Ibsa erga irratti kennitanii booda barattoonni yaadannoo itti aansuun dhiyaate dhunfaan dubbisanii gilgaala kudha tokko akka hojjetanii fi deebii afaaniin akka kennan gochuun gara barnoota itti aanutti darbuu ni dandeessu.

### 2.5.3. Malaammaltummaa ittisuu keessatti gahee hawaasaa

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Qabsoon farra malaammaltummaa hawaasa hin hirmaachisne bu'aa barbaadamu ni argamsiisa isinitti fakkaataa?
- Hawaasni qabsoo farra malaammaltummaa keessatti akkamiin akka hirmaatu gochuun ni danda'amaa?

Gaaffiileen ka'umsaa kunniin bifa fedhii barattoonni barnoota irratti qaban kakaasuu danda'uun erga dhiyaatee booda fakkiileen lamaan dhiyaatan gahee hawaasni malaammaltummaa ittisuu irratti qabu akkamiin akka ibsan cimdiin ta'uun akka irratti mari'atan taasisaa. Fakkiin tokkoon tokkoon isaas ergaa maal akka dabarsu gaafadhaa. Barattoonni muraasni waan hubatan akka dubbatan carraa kennaafii. Kana booda ofii keessaniif ibsa kennuun gara gocha itti aanutti ce'aa.

## Ergaa Fakkiileen Dabarsan Ilaalchisee

Fakkiin inni duraa malaammaltummaan kan jibbamu ta'uu isaa fi gocha akkanaa irratti hirmaachuu dhiisuu, namoota waan akkanaa kana irratti hirmaatan waliinis tumsuu dhiisuu kan agarsiisu yoo ta'u, fakkiin lammaffaan immoo hawaasni karaa adda addaan malaammaltummaa ittisuu irratti kan hirmaachuu qabu ta'uu isaa agarsiisa. Lakkoofsi 988 jedhu sarara bilbila bilisaa ta'uu isaa fi namni kamiyyuu yakki malaammaltummaa raawwachuu isaa akka beekeen lakkoofsa kanaan bilibilee qaama dhimmi ilaalutti odeeffannoo kennuun kan danda'amu ta'uu isaa kan agarsiisudha.

### Gocha

- Gochi itti aanu dubbisa mata-duree "Daadhii Abbaa Masxat" jedhu jalatti dhiyaate barattoonni dubbisanii gaaffiilee dhiyaatan irratti mari'atanii yaada irratti walii galan gama bakka bu'aa isaanitiin daree keessatti akka dhiyeessan gochuu
- Dhuma irrattis yaadannoo mata duree xiqqaa "Gahee hawaasni malaammaltummaa ittisuu irratti qabu" jedhu jalatti dhiyaate barattoonni dhunfaan akka dubbisan gochuun gilgaala kudha lama dhunfaan daree keessatti hojjetanii deebii isaa afaaniin akka kennan gochuun yaada xumuraa dhiyeessuun barnooticha guduunfitu.

## Gahee Hawaasni Malaammaltummaa Ittisuuf Qabu

Gaheen hawaasni malaammaltummaa ittisuuf qabu baay'ee olaanaa dha. Qabxiilee armaan gadii eeruun ni danda'ama.

- Hawaasni malaammaltummaan waajjira mootummaa keessatti raawwatu ana hin ilaalu jechuun ilaalcha maaltu na dhibee qabaachuu akka hin qabne
- Hawaasni gurmaa'ee faayidaa argachuu qabu haala seera kaa'ameen argachuu akka danda'u kutannoo akka qabaatu
- Karaa malaammaltummaan itti raawwatu akka beekuu qabu
- Karaa seera qabeessa hin taaneen faayidaa argachuuf yaaduu dhiisuu, kana irras darbee jibbuu akka qabu
- Gocha malaammaltummaa kamiyyuu obsuu dhiisuu fi saaxiluu akka qabu
- Qabsoon farra malaammaltummaa hawaasni irratti hin hirmaanne bu'aa barbaadame argamsiisuu akka hin dandeenye kkf tuquun ni danda'ama. Gama keessaniinis hirmaannaan hawaasaa baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa hubachiisuun barnooticha guduunfuu

### Xumura

- Dhuma irrattis gaaffilee raawwatamummaa kaayyoolee barnootichaa mul'isuu danda'an dhiyeessuu fi deebii kennamus sirreessuun barnooticha xumuruu.

## Deebii Gaaffiilee Keessa Deebii

**I. “Dhugaa” “Soba”**

1. Soba 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

**II. Firoomsuu**

1. B 2. D 3. C 4. B

**III. Iddoo Duwwaa guutuu**

1. Kan naannoo
2. Manneen murtii
3. Komishinii Amala Gaarii fi farra Malaammaltummaa Fedaraalaa
4. Olaantummaa Seeraa
5. Malaammaltummaa

**IV. Filannoo**

1. D 2. C 3. D 4. E

**V. Deebii gabaabaa**

1. Daangaan aangoo bakka hin jirretti olaantummaan seeraa waan hin jiraanneef qondaalli kamiyyuu waan fedhe yoo godhee fi murteesse seerri itti gaafatamu waan hin jirreef innumti seeraa ol ta’ee jiraata. Haala kanaan waan barbaade waan godhuuf iftoominnis jiraachuu hin danda’u
2. Hojmaatawwan malaammaltummaaf saaxiluu danda’an keessatti danbii fi qajeelfamni ifa ta’e jiraachuu dhabuu, sirni itti gaafatamummaa jiraachuu dhabuu fi ilaalchi malaammaltummaa irratti jiru kan dabe ta’uu isaa kan tuqaman dha.
3. Namni tokko inni kun iccitiidha. Wantoonni kunniin loo’anii bahuun gara nama ykn garee kan biraa yoo gahanii fi rakkoon yoo uumame itti gaafatamaf jedhamee yoo itti hin himamne ofeeggannaa gochuu dhiisuu danda’a. Wanti sodaatames gahuu danda’a. Wanti tokko iccitii ta’uu isaa ifatti otuu hin beeksisin rakkoo uumamuuf namoonni itti gaafatamuu hin danda’an.

Bakka seerri hin jirretti yakka raawwattee jirta jedhanii gaafachuun akka hin danda’amnetti nama tokko wantoonni kun iccitii ta’uu isaanii otuu hin beeksisin akka itti gaafatamu gochuu hin dandeenyu.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

**Barannoo 1: Tokkummaa fi garaagarummaa heera mootummaa fedaraalaa fi heera mootummoota Naannoolee**

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Kaayyoo fi qabiyyee barnoota guyyaa sanaan wal barsiisuu<br>• Yaada fakkii 2.1. irratti ibsamuu barbaadame akka addeessan bifa gaaffiin dhiyeessuu.<br>• Waayee fakkii sanaa ibsa kennuu | • Dhaggeeffachuu<br>• Cimdiin ta'uun gaaffii dhiyaateef irratti yaada kennuu<br>• Ibsa kennamu dhaggeeffachuu, gaaffii qabu yoo ta'e gaafachuu |
| **20'** | • Waayee waan daree keessatti raawwatu ilaalchisee qajeelfama kennuu fi haala qajeelfamichaan raawwachuu isaa hordofuu<br>• Waan bifa gaaffii fi deebiin dhiyaate sororsuu<br>• Barannoo dhiyaate irratti ibsa kennuu | • Haala qajeelfama kennameefiin hojii kennameef gareedhaan hojjechuu fi waan irra gahan dareef dhiyeessuu<br>• Sororsuu fi adeemsa gaaffii fi deebii keessatti hirmaachuu<br>• Ibsa kennamu dhaggeeffachuu |
| **10'** | • Xumura irratti yaada kennuu<br>• Gaaffiilee kaayyoon qabatamaa ta'uu isaa mirkaneessuu dandeesisan gaafachuu, madaaluu | • Guduunfa irratti hirmaachuu<br>• Gaaffiilee ka'aniif deebii barbaachisaa ta'e kennuu |

# BOQONNAA SADI

## WALQIXXUMMAA

***(Wayitiin ramadame – 10)***

Kaayyoolee Gooroo – Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda

- Mirgoota sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa Fedaraala Dimokraatawaa Rippabliika Itoop-hiyaatiin tumaman ni beeku.
- Mirgi walqixxummaa fi walqixa fayyadamummaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa kabajamuu dhabuun miidhaa inni geessisu ni hubatu
- Dubarrii fi dhiirri yoomiyyuu walqixa ta'uu isaanii ni beeku
- Mirgi miidhamtoota qaamaa kabajamuu akka qabu ni hubatu.

| Lakk. | Barnoota | Kaayyoo Gooree | Leecalloowwan kan biroo |
|---|---|---|---|
| **1** | Maalummaa fi barbaachisummaa mirgoota Fedaraala Dimokraatawa Rippabliika Itoophiyaa irratti saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni naannoo isaanii bulchuu, misoomsuu fi misooma irraayis fayyadamtoota ta'uu | • Faayidaa mirgi saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni naannoo isaanii bulchuuf qaban argamsiisu ni ibsu | • Fakkii saboota, sab-lammootaa fi ummattoota Itoophiyaa agarsiisu, Fiilmii gama hundaanuu walqixa fayyadamtoota ta'uu isaanii agarsiisu, suuraa, poostara |
| **2** | Rakkoo walqixa fayyadamaa ta'uu dhabuun uumu | • Rakkoo walqixa fayyadamtoota ta'uu dhabuun uumu ni ibsu | • Heera Mootummaa Fedaraalaa fi Naannoolee |
| **3** | Walqixxummaa saboota, sab-lammootaa fi ummattootaa | • Faayidaa walqixxummaan saalaa kabajamuun isaa argamisiisu ni tarreessu | • Heera Mootummaa Fedaraalaa fi Naannoolee |
| **4** | Walqixxummaa saalaa | • Faayidaa wal-qixxummaan saalaa argamsiisu | • Heera Mootummaa Fedaraalee fi Naannoolee<br>• Suuraa fi postara dubartoonni dhiiraan walqixa yoo hojjetan agarsiisu |

## 3.1. Mirga Ofiin of bulchuu Saboota, Sab-lammootaa fi Ummattoota naannoo isaanii bulchuu *(wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa /Meeshaalee deggarsa barnootaa**

**Fakkii 3.1. fi gaaffiilee ka'umsaa**

- Fakkiileen kunniin maal agarsiisu?
- Dhaabbilee misoomaa naannawa keessanitti argaman tarreessuun hojii maal akka hojjetan ibsaa.
- Hawaasni dhaabbilee misooma kanneeniin akkamitti itti fayyadamaa jira?

Barattoonni garee xixiqqaan ykn cimdiin ta'uun gaaffiilee armaan olitti dhiyaatan irratti akka mari'atanii fi deebii akka kennan taasisaa.

**Gocha** (Hojii daree-gareedhaan)

- Seenaa gabaabaa mata-duree "Gaaffii misoomaa kan ummata gandichaa" jedhu jalatti dhiyaate gareedhaan dubbisanii gaaffiilee afran gilgaala 2tiif mari'atanii deebii akka kennan taasisaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

**Ibsa**

🔑 ***Kitaaba barataa keessatti lak.3.1.1. jalatti saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni naannoo isaanii misoomsuuf, misooma kana irraayis faayidaa walqixa ta'e argachuuf mirga kan qaban ta'uun isaanii ibsamee jira. Kanaaf, barreeffama kana dubbisuun barattootaaf ibsaa.***

### Qabxiilee armaan gadiif xiyyeeffannaa kennaa

Saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni naannoo isaanii bulchuu, misoomsuu fi misooma kana irraayis fayyadamoo ta'uuf mirga qabaachuun isaanii faayidaalee murteessoo ta'an qaba. Faayidaalee argaman keessaa ijoo kan ta'an kanneen armaan gadiiti.

- Ijaarsa sirna dimokraasii saffisiisuu fi sirnicha cimsuuf
- Walqixxummaa ummattootaa mirkaneessuuf
- Naannooleen hundi misooma biyyaa irraa wal qixa fayyadamoo akka ta'an gochuuf
- Nageenya mirkaneessuu fi guddina saffisiisuuf

**Gocha** (Hojii manaa-gareedhaan)

- Gaaffiilee sadeen gilgaala 3 jala jiran akka hojjetanii dhufan godhaa. Gareewwan haala fedhii barattootaan hundeeffamuu danda'u. Hojicha haalaan akka hojjetan yeroo gahaa kennaafii. Hojicha xumuranii galii yoo godhan sororsuu fi hojii gaarii ta'e keessaa filachuun barattoota daree hundaaf akka dubbifamu taasisaa.

## 3.2. Walqixxummaan Fayyadamuun Yoo Hin Jirre Miidhaa Inni Geessisu

**Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggarsa barnootaa**

- Heera mootummaa Fedaraalaa fi Mootummoota Naannoolee

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Mirgi walqixa fayyadamuu hin kabajamu yoo ta'e miidhaa maal geesisuu akka danda'u ibsaa.

🗝 ***Barattoonni garee xixiqqaan ykn cimdiin ta'uun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate kana irratti akka mari'atanii fi deebii akka itti kennan taasisaa.***

**Ibsa**

- Kitaaba barataa irratti mirgi walqixa fayyadamuu hin kabajamu yoo ta'e miidhaan inni geessisu maal akka ta'e yaada gaaffii ka'umsaatti dhiyaatee ibsame dubbisuun addeessaafii.

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

🗝 ***Gaaffiilee afran gilgaala 4 jalatti dhiyaatan mari'atanii akka hojjetan taasisaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.***

## *3.3.* Walqixxummaa Saboota, sab-lammootaa fi Ummattootaa *(wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggarsa barnootaa**

- Fakkii saboota, sab-lammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa agarsiisu, Fiilmii, Suuraa fi Poostara damee kamirrattuu fayyadamtoota ta'uu isaanii agarsiisu

### 3.3.1. Bu'aa kabajamuun afaanotaa fi aadaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattoota Itoophiyaa

**Seensa**

**Fakkii 3.2. fi gaaffii ka'umsaa**

- Waan fakkii irraa hubattan barattoota dareef ibsaa.

🗝 ***Barattoonni cimdiin ta'uun fakkii 3.2. ilaalanii waan fakkii kana irraa hubatan daree keessatti barattootaaf akka ibsan taasisaa.***

**Gocha** ***(Hojii daree- gareedhaan)***

- Barattoonni gareedhaan ta'uun heera mootummaa fedaraalaa keessatti walqixxummaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa ilaalchisee tumame, heera mootummaa naannoolee keessatti keeyyattoota dhimma kana waliin walitti hidhamiinsa qaban dubbisuun mirgoonni kunniin kabajamuun isaanii faayidaa maal akka qabu mari'atanii deebii akka qopheeffatan godhaa. Marii barattoonni taasisan hordofuun deggarsa barbaachisaa ta'e godhaafi. Mariin akka xumurameen gareewwan deebii qopheessan daree keessatti barattootaaf akka dhiyeessan taasisaa.

**Ibsa**

🗝 ***Kitaaba barataa keessatti fakkii 3.2 tti aanee ibsa kabajamuun mirga aafaanotaa fi aadaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa faayidaa maal akka qabu ilaalchisee dhiyaate bal'inaan addeessaafii***.

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 5 jalatti dhiyaatan barattoonni gareedhaan irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

## 3.4. Walqixxummaa Saalaa (wayitii 2)

**Qophii Barnootaa- Meeshaalee deggersa barnootaa**

### 3.4.1. Faayidaa walqixxummaan Saalaa argamsiisu

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Walqixxummaan Saalaa kabajamun faayidaalee maal maal argamsiisa?

🗝 ***Barattoonni garee xixiqqaan ykn cimdiin ta'uun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti akka mari'atanii fi deebii akka itti kennan godhaa.***

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

Keeyyata mata-duree "Wixnee seera maatii haaraa" jedhu jalatti dhiyaate dubbisuun gilgaala 6 akkasumas Heera Mootummaa Fedaraalaa keeyyata 35 dubbisuun gilgaala 7 irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

**Ibsa**

- Kitaaba barataa keessatti, barreeffama gilgaala 7tti aanee waayee walqixxummaa saalaa, maalummaa fi faayidaan walqixxummaa saalaa kabajamuun isaa argamsiisu addeessu keeyyattoota isaa tokko tokkoon ibsaafii

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee afran gilgaala 8 jalatti dhiyaatan irratti barattoonni gareedhaan akka irratti mari'atan godhaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan taasisaa.

## 3.5. Qaama Miidhamtummaa *(wayitii 2)*

### Qophii Barnootaa-Meeshaalee deggersa barnootaa

- Fakkii miidhamtoonni qaamaa hojii adda addaa yoo hojjetan agarsiisu.

### 3.5.1. Mirgoonni Qaama Miidhamtootaa Kabajamuun Bu'aa Inni Qabu.

### Seensa

**Fakkii 3.3. fi gaaffiilee ka'umsaa**

- Waan fakkii irraa hubattan daree keessatti hiriyoota keessanitti himaa.
- Miidhamtoonni qaamaa akka namoota fayya qabeessa ta'anitti hojii kamiyyuu hojjechuu kan danda'an isinitti fakkaataa?

🗝 ***Barattoonni garee xixiqqaan ykn cimdiin ta'uun gaaffiilee ka'umsaa armaan olitti dhiyaatan akka irratti mari'atanii fi deebii itti kennan taasisaa.***

**Gocha** ***(Dowwii fi marii garee)***

Barattoonni muraasni cimdiin ta'uun waliin dubbii mata-duree "Barataa Biliilaa fi Obbo Zakkaariyaas" jedhuun dhiyaate barataan tokko Biliilaa bakka bu'uun barataan kan biraa immoo Obbo Zakkaariyaas bakka bu'uun barattoota fuula duratti bahuun isaan akkeessanii akka hojjetan taasisaa. Barattoonni lamaanni cimdiin yoo akkeessan barattoonni kan biroo immoo haalaan akka dhaggeeffatanii fi hordofan godhaa. Barattoon cimdii sadiin erga akkeessanii raawatanii booda garee xixiqqaan ta'uun mari'atanii gilgaala 9 akka hojjetan godhaa. Mariin yoo xumuramu deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan taasisaa.

**Ibsa**

- Kitaaba barataa keessatti barreeffama gilgaala 9 tti aanee faayidaa kabajamuun mirga miidhamtoota qaamaa argamsiisu ibsu dubbisuun ibsaafii.

**Gocha** ***(hojii garee)***

- Gaaffiilee sadeen gilgaala 19 jalatti dhiyaatan gareedhaan ta'uun mari'achaa akka hojjetan taasisaa. Gareewwan kunniin marii yoo xumuran deebii isaanii dabareedhaan barattootaaf daree keessatti akka dhiyeessan godha.

## 3.6. Miidhaa Mirga Walqixxummaa Amantii Kabajamuu Dhabuun Dhaqabsiisu *(wayitii 1)*

**Qophii Barnootaa-Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poostara, Suuraa jeequmsa agarsiisu…
- Fakkii manni yoo gubatu agarsiisu…

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Biyya tokko keessatti walqixxummaan amantii yoo hin kabajamne rakkoon uumamu maal isinitti fakkaata?

🗝 ***Barattoonni garee xixiqqaan ykn cimdiin ta'uun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'achuun deebii akka kennan taasisaa.***

**Ibsa**

🗝 ***Kitaaba barataa keessatti gaaffii ka'umsaatti aanee mirgi barreeffama miidhaa walqixxummaa amantaa kabajamuu dhabuun isaa uumu addeessu haalaan ibsaafii.***

**Gocha** ***(Hojii daree-gareedhaan)***

- Gaaffiilee lamaan gilgaala 10 jalatti dhiyaatan barattoonni gareedhaan ta'uun mari'achaa akka hojjetan godhaa. Mariin yoo xumuramu gareewwan deebii isaanii daree keessatti akka dhiyeessan godhaa.

## Deebbiiwwan Gaaffiilee keessa Deebii

**I. Himoonni armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" dogoggora yoo ta'an "Soba" jechuun deebisaa**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

**II. Kanneen "B" jalatti tarreeffaman "A" jala kan jiran waliin walitti firoomsaa.**

1. C 2. B 3. A

**III. Iddoo duwwaa armaan gaditti jecha ykn gaalee sirri ta'e guutaa.**

1. Sagal (9) 2. Miidhagina

**IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhaa**

1. B 2. B 3. B 4. C 5. D

**V. Gaaffiilee armaan gadii gabaabinaan deebisaa.**

1. Heera mootummaa Fedaraalee keessumaa'uu keeyyata 39 ilaaluun deebii akka kennan gochuu
2. Heera Mootummaa Fedaraalaa keeyyata 35 bu'uura gochuun deebii akka kennan gochuu
3. Mirga isaanii kabajuu, miidhamtoota qaamaaf deggarsa barbaachisaa ta'e gochuu, seeronni mirgoota isaanii kabajsiisan dabalataan akka bahan gochuu.

# Iddattoo Karoora Barannootaa

## Barnoota 1. Mirga Saboonni, sab-lammoonni fi Ummattoonni Naannoo Isaanii Bulchuu

### 3.1. Maalummaa mirga saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni naannoo isaanii bulchuu

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Barnooticha eegaluuf jecha gaaffiilee akka ka'umsaatti dhiyaatan irratti akka mari'atanii fi deebii akka kennan gochuu<br>• Mirgi ummattoonni ofiin ofbulchuu biyya keenya keenya keessatti kabajamuu isaa faayidaa maal akka qabu ibsuu<br>• Gaaffii ka'umsaa irratti cimdiin ykn garee xixiqqaan ta'uun mari'achuu fi deebii kennuu | |
| **10'** | **Ibsa**<br>• Saboonni, sab-lammoonni fi ummattoonni naannoo isaanii bulchuuf mirga argachuun isaanii faayidaa maal akka qabu ibsuu<br>• Ibsa haalaan dhaggeeffachuu | |
| **15'** | **Gocha** (Hojii daree-gareedhaan)<br>• Gaaffiilee lamaan gilgaala 1 jala jiran mariidhaan akka hojjetan gochuu<br>• Marii taasisan hordofuun barattoonni akka dhiyeessan gochuu<br>• Deebii gareewwan qopheessan dareef akka dhiyeessan gochuu<br>• Gilgaala 1 gareedhaan mari'achaa hojjechuu<br>• Deebii isaanii dareef dhiyeessuu | |
| **5'** | **Xumura**<br>• Yaadoolee ijoo barnootichaa barattoonni gabaabinaan akka dubbatan carraa kennuu<br>• Yaadoolee ijoo barnootichaa gabaabinaan ibsuu | |

# BOQONNAA AFUR

## HAQUMMAA

***(Wayitiin ramadame -10)***

Kaayyoolee Barnootaa – Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Hojmaanni loogii qabu dhabamsiifamuu akka qabu ni hubatu
- Rakkoolee dhabammuun haqaa geessisu ni beeku
- Hojmaata qaamolee haqaa ni hubatu
- Lammiileen tajaajiloota hawaasummaa hunda haqummaan fayyadamuu akka qaban ni hubat
- Sadarkaa biyyaatti faayidaa gibiraa ni beeku

| Lakk | Kutaa Barnootaa | Kaayyoolee gooree | Madda ragaalee deggarsaa |
|---|---|---|---|
| **1** | Loogummaa | • Karaa hojmaanni loogii qabu itti dhabamsiifamu ni ibsu. Ni qoratu | • Poostarootaa fi Suuraawwan hojmaanni loogii qabu waajjiraalee adda addaa keessatti jiraachuu isaanii ibsan |
| **2** | Dhabamuu haqummaa | • Dhibbaa dhabamuun haqummaa ijaarsa sirna dimookraasii fi misoomaa irratti qabu ni ibsu | • Suuraawwan, Poostaroota, Filmiiwwanii fi fakkiiwwan dhabamuu haqummaa agarsiisan |
| **3** | Qaamolee haqaa | • Dhaabbileen haqaa aantummaa irraa bilisa ta'uu akka qaban ni ibsu<br>• Mirgi isaanii yoo sarbamu furmaata argachuuf tattaaffii ni godhu<br>• Lammiin kamiyyuu murtii haqa qabeessa argachuuf mirga kan qabu ta'uu isaa ni ibsu | • Poostarootaa fi suuraawwan dhaabbilee haqaa jechuun buufata poolisii, mana murtii fi dhaabbilee hojii haqaa irratti hojjetan agarsiisu |
| **4** | Tajaajila hawaasummaa | • Barbaachisummaa dhaabbilee tajaajila hawaasummaa ni ibsu<br>• Mootummaa fi hawaasni dhaabbilee tajaajila hawaasummaa babal'isuuf itti gaafatamummaa kan qaban ta'uu isaanii ni ibsu | • Suuraawwanii fi fiilmoota dhaabbilee hawaasummaa agarsiisan |
| **5** | Gibira | • Qoodiinsi gibiraa madaalamaa fi haqa qabeessa ta'uu isaa ni ibsu.<br>• Walitti dhufeenya gibiraa fi invastimantii ni tarreessu<br>• Gosoota galii fedaraalaa fi naannoo ni tarreessu<br>• Gibira amanamummaan kaffaluun dirqama lammiilee ta'uu isaa ni ibsu<br>• Gahee gibirri guddina naannoolee haqa qabeessa ta'e irratti qabu ni ibsu | • Iddoowwan gibirri itti funaanamu, Suuraawwan, Poostaroota beeksisa gibiraa |

### 4.1. Loogummaa *(wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa – Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Barreeffamoota, Poostarootaa fi Suuraawwan hojmaata loogii qabu agarsiisuuf jecha waajjiraalee adda addaan maxxanfaman
- Toftaalee hojmaanni loogii qabu ittiin dhabamsiifamu

**Seensa**

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Hojmaata naannawa adda addaatti bifa loogii qabuun raawwatu akkamitti ittisuun danda'ama?
    - **Barsiisaa**! Barattoonni gochawwan naannawa isaaniitti loogii qaban raawwatan jedhaanii yaadan gabatee gurraacha irratti akka barreessan godhaa
    - Erga barreessanii booda hojmaata loogii qaban ta'uu fi ta'uu diisuu isaanii irratti yaada akka kennan taasisaa
    - Hojmaatawwan loogii qaban jedhaman akkamitti dhabamsiisuun akka danda'amu akka dubbatan carraa kennuu
- Dhuma irrattis yaada isaan kennan bifa barnooticha jalqabuuf dandeessisuun kallattii qabsiisuu

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama "Shoolee Meedaan Eenyuuf?" jedhu dubbisanii gilgaala 1 akka hojjetan yaa godhamu. Deebiiwwan gaaffillee kanneeniif kennamanis isa itti aanu sororsuuf itti fayyadamuu
- Hojmaata loogii qabu ittisuuf filannoowwan Obbo Ingidaaw, Obbo Ojuluu, aadde Makkiyaa fi Obbo Baalulee keessaa kan eenyuu sirrii akka ta'e, sirrii kan hin taane immoo kan eenyuu akka ta'e sababa isaa waliin ibsuun yaa sirreeffamu. Kana wajjin walqabatee kallattii loogummaa of irraa ittisuun yaadoolee (Aadde Makkiyaa fi Obbo Baalulee) nageenya, badhaadhinaa fi haqaaf faayidaa qaban akka fakkeenyaatti kaasuun agarsiisuu. Yaadni ijoon barreeffamichaa hojmaata loogii qabuu fi isaan irrattis ta'e namoota kan biroo irratti raawwatu mormuun, yoo danda'ame rakkinicha karaa nagaatiin hiikuu, yoo ta'uu baate immoo seeraan sirreessuuf ejjennoo cimaa qabaachuu akka qaban hubachiisuu dha. Kanaaf, barattoonni yaada aadde Makkiyaa fi Obbo Baalulee akka deggaran gochuun barbaachisaa dha.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan maatii isaanii waliin mari'achuun akka hojjetan yaa godhamu. Deebii kennanis sirreessuuf barsiisichi toftaalee itti aanan keessaa filachuun itti yaa fayyadaman.

**Gaaffii Lak. 1. Yaadolee kitaaba barataa irratti dhiyaataniin alatti barattoonni qabxiileen gilgaala dura** tuqamanii fi deebiin kennan haalaan yaa ilaalamu. Fakkeenyaaf amala hojii gaarii hordofuu, sa'aa hojii kabajuu, hojii bu'a qabeessa ta'e hojjechuu, qabeenyii fi leecalloon mootummaa tajaajila barbaachisaa ta'eef ooluu kkf. Kaasuun ni danda'ama.

**Gaaffii Lak.2.** Deebiiwwan kennaman kallattii loogiin yoo ilaalaman rakkoo ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaanii haalaan adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Sababni isaas gochoonni tokko tokko hanqina hubannoo ykn ilaalcha dhunfaa irraa ka'uun gochaa loogii qaban otuu hin ta'in akka waan loogii qabanitti ilaalamuu waan danda'aniif dha. Kanaaf, bu'uura yaadoolee kitaaba barataa keessatti dhiyaatanii fi lak. gaaffii 1 irratti kennamaniin akkasumas muuxannoo barsiisichi qabaniin dhimmoota loogii qabanii fi hin qabne adda baasuu akka

danda’an yaa taasifamu. Fakkeenyaaf, namoonni tajaajila argachuuf jecha waraqaa eenyummaa fudhachuuf ykn waan guutuu qaban otoo hin guutiin tajaajila argachuuf gaafatan tajaajilichi yoo kennamuufii baate dhaabbanni tajaajila kennu ykn hojjettoonni dhaabbatichaa loogii raawwatanii jiru ykn haalli tajaajilli itti kenname rakkoo qaba jechuun tilmaamuun /murteessuun barbaachisaa akka hin taane hubachiisuu fi fakkeenya adda addaa bifa walfakkaatuun dhiyeessuun ibsaafii

### 4.1.1 Hojmaanni Loogummaa Karaa Ittiin Baduu Danda’u.

Kutaan barnootichaa hojmaata loogii sadarkaa adda addaatti toftaa adda addaan raawwatu ittisuun kan barbaachisu ta’uu isaa beeksisuuf kan qophaa’e dha. Hojmaata loogii qabu ittisuuf filannoowwan karaa nagaatiin waliin haasawuu fi mari’achuun furuu irraa eegalee hanga seeraan sirreessuutti jirutti fayyadamuun barbaachisaa dha. Karaa seera qabeessa ta’een ala humnaan ykn karaa barbaachisaa hin taaneen qondaaltota ykn hojjettoota mootummaaf maallaqaa fi faayidaalee adda addaa kennuun rakkinicha dhabamsiisuuf yaaduun hojmaata loogii qabu kan biraaf karaa saaquu ta’uu isaa hubachuun barbaachisaa dha. Kanaaf, dhaloonni haaraan isa kana haalaan hubachuu qaba. Barnootichis isuma kanaaf kan qophaa’e ta’uu isaa barsiisichi hubannoo gadi fageenya qabu akka qabaatan gochuun barbaachisaa dha.

## Xumura Barnootichaa

Barattoonni yaadoolee bu’uuraa armaan gadii haalaan hubachuu isaanii barattoota beekumsaa fi dandeettii wal caalu qaban gaafachuun mirkaneessuun ni barbaachisa.

Bu’uura kanaan yaadooleen barattoonni kutaa barnootaa kana keessatti argachuu qaban

- Toftaalee hojmaanni loogii qabu ittiin dhabamsiisamuu danda’u hubachuu isaanii mirkaneessuudha.

### 4.2. Haqummaan Dhabamuu (wayitii 2)

### 4.2.1. Haqummaan dhabamuun dhiibbaa inni (dhiibbaainni) ijaarsa sirna dimokraasii fi misooma irratti qabu

**Qophii Barnootaa – Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Rakkooleen dhabamuu haqaatiin naannawa sanatti uumaman jiru yoo ta’e ragummaaf dhiyeessuu

**Seensa**

**Gaaffii Ka’umsaa**

- Rakkoolee dhabamuun haqaa sadarkaa biyyaatti geessisuu danda’u tarreessaa
  - Barttoonni rakkoolee dhabamuun haqaa geessisuu danda’anii tilmaaman dabtara isaanii irratti akka barreessan gochuu
  - Yaadoolee tarreeffaman daree keessatti akka ibsan carraa barattoota muraasaaf kennuu
  - Barsiisichi yaadoolee barattootaan dhiyaatan sadarkaadhaan gargar baasuun, wantoota rakkoo ta’anii fi hin taane adda baasuun rakkoolee geessisuu danda’an fakkeenyaan agarsiisuu fi gara barnoota ijootti seenuu

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama “Shoolee meedaa, haqa dabse, ummata miidhe” jedhu bu’uura gochuun gilgaala 3 yaa hojjetan. Deebii barattoonni kennaniif haala armaan gadiin qabxiilee sirreessaa qopheessaafii

**Gaaffii Lak 1**. Rakkoolee barreeffamicha irratti ibsaman kallattii dhinagdee, siyaasaa fi hawaasummaan adda adda baasuun ibsaa. Kanaan alattis raakkoolee uumamuu danda’an jedhanii dhunfaan yaadan, kallattii qabxiilee

armaan oliitiin jechuun kallattii siyaasaan (mootummaa fi hojmaata isaa, sirnicha irratti kan uumamuu danda'u), dinagdeen (qaala'ina jireenyaa, hanqina meeshaalee, gatiin dabaluu), hawaasummaan (walitti dhufeenyi namoota gidduu jiru gaarii ta'uu dhiisuu, hojii dhabuu, nageenya dhabuu kkf) otuu ilaalamee

**Gaaffii Lak 2**. Hanga danda'ametti rakkinicha qaamoleen olaanaan akka beekan gochuu, jiraattota gidduutti gamtaan uumamuu, yeroodhaaf tattaaffiin isaanii milkaa'uu baatus gara fuuladuraatti rakkooleen akkanaa akka hin uumamne ittisuuf kan gargaarudha. Kanaan alattis rakkinicha miidiyaa adda addaa fi dhaabbilee tajaajila oduu adda addaaf beeksisuuf tattaafachuu, lammiin dimokraatawaan amala gabbifachuu qabu akka ta'e ibsuudhaan gaaffiicha deebisuun barbaachisaadha. Miidhaan akkamii gahuu danda'a? kan jedhuuf yaadooleen gaaffii lak.1 jalatti dhiyaatan cimaa deemuun jeequmsaa fi cabuu seeraaf sababa ta'uu danda'u. (Qabxiilee kitaaba barataa keessatti gaaffiileetti aananii dhiyaatan barnooticha cimsuuf jecha hubadhaa)

**Gocha**

- Gaaffiileen gilgaala 4 jalatti dhiyaatan barnoota ijoo cimsuuf kan qophaa'an ta'uu isaanii hubachuun barattoonni gilgaalicha maatii isaanii waliin mari'achuun akka hojjetan hojiin manaa akka kennamuuf, deebii barattoonni kennaniif yaadni sirreessaa yaa kennamuuf

**Gaaffiilee Lak 1**. Qabxiilee kitaaba barataa keessatti gilgaalaan olitti dhiyaatanii fi dhimmoota walitti hidhamiinsa qaban hubachuun sirreessa barbaachisaa ta'e kennuu

**Gaaffiilee Lak 2**. Yaadoolee ganda, mana murtii, buufata poolisii, mana barnootaa kkf keessatti rakkina haqaa ti jedhamanii ibsaman bu'uura yaada gilgaala 2 lak.2 jalatti ibsameen ulaagaan miidhaa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa ittiin hubatan ni kennamaaf. Dandeettii madaaluu fi qaaccessuu guddisuuf gargaara.

## Haqummaan dhabamuun dhibbaa ijaarsa sirna dimokraasii fi misoomaa irratti qabu

Naannoo, hawaasa ykn biyya tokko keessatti rakkinni haqummaa yoo uumamu rakkoolee heddu fida. Haqni sababa adda addaan dabuu danda'a. Haqni sababa raawwii kabajaamuu dhabuu dambiitiin, cabuu olaantummaa seeraatiin, maallaqaan, firummaa fi walitti dhufeenya amantaa irratti qabaniin dabuu danda'a. Miidhaan sababoota kanaan gahu bal'inni isaa kan walcaalu ta'us, gocha kanaa fi kana kan fakkaataniin olaantummaan seeraa ni caba.

Lammiileen mootummaa irratti amantaa dhabu. Mootummaa fi ummanni yaadaan gargar akka ta'an godha. Walumaa galatti dhaloonni haaraan faayidaa fi barbaachisummaa sera hubachuu qofa otuu hin ta'in, rakkoolee yeroo fi iddoo kamittuu uumaman cimsee kan mormuu fi haqaaf kan dhaabbate akka ta'u kan taasisu dha.

## Xumura Barnootichaa

Yaadoolee ijoo barattoonni sadarkaa kana irra jiran akka hubatan barbaadamu bifa hojii dareetiin kennuun beekumsa barattoonni barnoota kana irraa argatan mirkaneessuun barbaachisaa dha. Bu'uura kanaan barattoonni:

- Dhiibbaa dhabamuun haqummaa ijaarsa sirna dimokraasii fi misoomaa irratti qabu haalaan hubachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha.

### 4.3. Qaamolee Haqaa *(Wayitii 2)*

**Qophii Barnootaa (meeshaalee deggarsa barnootaa)**

- Suuraa fi poostara manneen murtii fi buufata poolisii
- Hojiiwwan dhaabbileen haqaa naannawatti argaman qabatamaatti raawwatan yoo jira ta'e akka ilaalan gochuu.

#### 4.3.1. Hojmaata qaamolee haqaa

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Hojmaanni (pirinsippiliin) qaamoleen seeraa hordofuu qaban maal akka ta'uu qabu beektuu?
  - Barattoonni kallattii hojmaata ta'uu qabuun yoo ilaalan hojmaanni qaamolee haqaa maal ta'uu akka qabu afaaniin akka ibsan gochuu
  - Deebii afaaniin kennaniif barsiisichi kitaaba barataa keessatti mata duruma kana jalatti waan dhiyaate ilaaluun qabxiilee ijoo barnoota waliin walqabsiisuu danda'an kaasuun gara barnoota ijootti ce'uun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barattoonni hojmaata manneen murtii lamaanii garee xixiqqaan ta'uun gilgaala 5 hojjechuun akka madaalan gochuu. Deebii madaallii isaanii keessatti kennan barsiisaan yoo sirreessu manni murtii "A" hojmaanni olaantummaa seeraa iddoo itti cabe dha. Manni murtii "B" garuu faallaa kanaa ta'uu isaa hubachiisuun hojmaanni mana murtichaa sirni dimokraasii iddoo itti mul'atee fi guddina biyyaafis faayidaa olaanaa kan qabu ta'uu isaa barattoonni akka beekan gochuun irraa eegama.

## Hojmaata Qaamolee Haqaa

Maalummaa qaamolee haqaa ilaalchisee yaadolee kutaalee kan biroo (5-7) keessa jiranii fi mata duree kana jalatti dhiyaatan cimsuuf jecha ilaaluun ni danda'ama. Qaamolee haqaa biyya keenya keessatti argaman kan akka manneen murtii, buufata poolisii fi gandooleen ni eeramu. Qaamoleen haqaa dhaabbilee ijoo hojmaanni loogii ittiin madaalamudha. Dhaabbileen kunniin hawaasaaf tajaajila haqaa barbaachisaa ta'e kennuu kan danda'an seeraa fi dambii hordofuun, dhibbaa qaama kamirraayyuu bilisa ta'uun yoo socho'an dha. Kanaan alattis ogeessonni hojichaaf gahumsaa fi ogummaa barbaachisaa ta'e qaban yoo ramadamaniif murtiin kennamu haqa qabeessaa fi madaalamaa akka ta'u gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Qaamoleen haqaa sadarkaa kamiyyuu irratti argaman pirinsippiloota murtii madaalamaa, loogii irraa bilisa ta'e, saffisaa fi yeroo waliin deemu kkf. Kennuun eeramuu danda'u.

#### 4.3.2. Mirga Haqa Argachuu

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Hojmaata qaamolee haqaa kana haqa qabeessa taasisuuf lammiileen gahee maal bahuu qabu jettu?
  - Barattoonni gaaffii ka'umsaa irratti yaadoolee adda addaa akka kennan gochuu
  - Barsiisichi qabxiilee eeraman kallattii gara barnoota ijootti galchuu danda'u qabsiisuu.

**Gocha**

- Gaaffiilee gilgaala 6 jalatti dhiyaatan barattoonni maatii isaanii waliin mari'achuun deebii akka kennan hojiin manaa yoo kennameef maatii hubachiisuu irrattis faayidaan inni qabu olaanaa dha. Qabxiileen armaan gadii barattoonni deebii kennan sirreessuuf tajaajiluu danda'u.

**Gaaffi Lak 1**. Toftaaleen gilgaalaa olitti dhiyaatan yeroo hundaa haqni yoo cabu sirreessuuf kan gargaaran ta'uu isaanii beeksisuu. Maallaqaan, firaan, gosaan kkf. fayydamuuf yaaluun gocha seera dhabeessa ta'uu isaa hubachiisuu (yaadni xumura barannoo 4.1 tiif kenname gilgaala kana sirreessuuf ni gargaara.)

**Gaaffii Lak 2**. Manneen murtii qaama kamirraayyuu bilisa ta'uun, aantummaan ala hojjechuun, seeraa fi dambiin hojjechuun, pirinsippiloota haqa kabajsiisuuf gargaaran dha. Murtii kennuu irratti bilisa ta'uu jechuunis abbootiin seeraa jala murtii, murtii kennan irratti qondaala, abbaa qabeenyaa kkf. kamiinuu dhibbaan irra hin gahu jechuu dha. Kanaaf, manneen murtii ykn abbootiin seeraa lammiilee gidduutti qabeenyaan, aangoon kkf. garaagarummaa otuu hin uumiin karaa sirrii ta'e hordofuun murtii kennuun irraa eegama.

**Gaaffii Lak 3**. Bilisummaa hojmaata kenna murtii yoo jedhamus abbootiin seeraa murtii isaan kennan haala seeraa fi dambiitiin ta'uu qaba jechuudha malee dhibbaa kan birootiin miiraa fi fedhii dhunfaa isaanitiin ykn deggarsa qaamota kan biroon murtii kennan jechuu miti

## Mirga Haqa Argachuu

Lammiileen hojmaataa fi gocha loogummaa isaan irra gahu ykn nama kan biraa irra gahu yoo argan karaa seera qabeessa ta'uun sirreessuu fi mirga isaanii seeraan kabajsiisuu irratti ciminaa fi kutannoo qabaachuu qabu. Isuma kana dhugoomsuufis aangoo fi hojmaata dhaabbilee haqaa beekuu qabu. Waan kana ta'eef dhaloonni haaraan yeroo hojmaannii loogii qabu isa qunnamutti mirga haqa argachuuf qabu haalaan itti fayyadamuun hojmaanni fi barmaanni haqa qabeessa ta'e akka cimu gochuuf yaadni fi hubannoon isaanii cimuu qabu.

## Xumura Barnootichaa

Barattoonni beekumsa barnootciha irraa argachuu qaban argachuu fi argachuu dhiisuu isaanii gaaffiilee isaaniif dhiyeessuun kaayyoon barannichaa milkaa'uu isaa mirkaneessuun barbaachisaa dha. Haala kanaan qabxiilee ijoo barnootichaa irratti yaada akka kennan gochuun hubannoo gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta'a.

- Hojmaanni qaamolee haqaa dhibbaa qaama kan biraa fi aantummaa irraa bilisa ta'uu akka qabu beekuu isaanii
- Mirgi haqa argachuu (murtii sirrii ta'e argachuu fi murtiin kennamu yoo dabu) akkamitti mirkanaa'uu akka qabu beekuu isaani.

### 4.4. Tajaajila Hawaasummaa *(wayitii 2)*

**Qophii Barannoo: Meeshaalee deggersa barnootaa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Tajaajilli hawaasummaa ummataaf faayidaa akkamii kenna?
  - Barattoonni kutaalee darban keessatti waan baratan, dhaabbilee hawaasummaa jechuun maal jechuu akka ta'ee fi barbaachisummaa dhaabbilee kanneenii irratti yaada isaanii akka kennan gochuu
  - Barsiisichi yaadoolee kennaman sirreessuu fi gara barnoota ijootti galuuf akka gargaaru ibsa gilgaala 7 irratti kenname ilaaluu danda'u.

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama "Hawaasa waanzaa fi dhaabbilee hawaasummaa" jedhuu fi ibsa gilgaalichatti aanee dhiyaate bu'uura gochuun daree keessatti gilgaala 7 akka hojjetan gochuu. Barsiisichi deebii barattoonni gaaffilee gilgaalicha jalatti dhiyaataniif kennan haala armaan gaditti dhiyaateen sirreessuu.

Dhimmoota guddina biyyaa mul'isan keessaa dhaabbileen hawaasummaa haala gahaa ta'een jiraachuun isa tokkodha Dhimmota dhaabbileen hawaasummaa akka hin babal'anne gufuu ta'an keessa waraana, hojmaata loogii qabu, rakkoo dinagdee, hirmaannaan hawaasaa xiqqaachuu, hojii kamiyyuu mootummaan hojjechuu qaba jedhanii yaaduu, ilaalchota duubatti hafoo (akka hawaasa waanzaatti) fi kan kana fakkaatani dha.

### 4.4.1. Tajaajiloota Hawaasummaa fi Barbaachisummaa Isaanii

Kitaabni barataa fi ibsi gilgaalota irratti kenname haala gahaa ta'een kan sakatta'ame waan fakkaatuuf ibsi dabalataa barbaachisaa ta'ee hin argamne. Barbaachisaa yoo ta'es mata duruma kana jalatti yaadoolee kutaa kan biroo keessatti dhiyaatan ilaaluun ni danda'ama.

### 4.4.2. Tajaajila Hawaasummaa Haqaan kennuun Faayidaa inni qabu

**Gaaffii ka'umsaa**

- Naannoo keessanitti tajaajilli hawaasummaa kennamu loogii irraa kan qulqullaa'ee?
    - Barattoonni gara mata-duree ijootti otuu hin galin dura tajaajilli dhaabbileen hawaasummaa naannawa isaaniitti argaman kennan bifa maal akka qabanii fi sadarkaa maal irra akka jiran yaada akka kennan gochuu
    - Yaadooleen eeraman hojmaata loogii qaban ykn hin qabne ta'uu waan danda'aniif hojmatonni kunniin loogii qabu ykn hin qaban jechuuf sababa akka dhiyeessan gochuu fi yaada sirreessaa barbaachisaa ta'e kennuun gara barnoota ijootti akka galan gochuu

**Gocha**

- Barattoonni garee xixiqaan ta'uudhaan gilgaala 8 daree keessatti akka hojjetan godhaa. Barsiisichi gaaffiilee dhiyaataniif deebii kennaman irratti siireeffama barbaachisaa ta'e kennuu akka danda'an yaadoolee armaan gadiitti yaa fayyadaman.

**Gaaffii Lak 1**. Fakkeenyawwan deebii ta'uu danda'an ibsa gilgaala dura dhiyaate irraa qopheessuun ni danda'ama.

**Gaaffii Lak 2 fi 3**. Kitaaba barataa kutaa 6 fi 7 keessatti yaadoolee mata duree kana jalatti dhiy ilaalaa. Gaaffiileen walitti hidhamiinsa kan qaban waan ta'eef bakka tokkotti yaa ilaalaman. Dhaabbileen hawaasummaa ykn haqaa faayidaa hojmaata loogii irraa bilisa ta'e qabu. Fakkeenyaaf mirga walqixxummaa lammiilee ni mirkaneessu. Miira adda bahuu dhabamsiisuun miira lammummaa ni cimsu. Nageenyaa fi tasgabbii dagaagsuun guddina walitti fufiinsa qabu ni fidu. Sirna dimokraasii ni cimsu. Yaadoolee armaan olii xuquu danda'u.

## Tajaajilla hawaasummaa haqaan malee kennamuun faayidaa inni qabu

Barattoonni yaadni barnoota kana keessatti akka hubatn barbaadame barbaachisummaa fi tajaajila dhaabbileen hawaasummaa kennan loogii irraa bilisa ta'uu akka qabu hubachiisuu dha. Hojmaanni akkanaa kun lammiileef faayidaalee adda addaa kan qabu ta'uu isaa hubachiisuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf lammiileen mirga dhaabbilee fi leecalloo biyya isaanii keessatti argamaniiti fayyadamuu ni kabajsiisa. Lammiileen loogii fi dhamaatiin otuu irra hin gahin tajaajila barbaachisaa ta'e naannawa isaaniitti argachuu danda'u. Walumaa galatti faayidaan ijaarsa sirna dimokraasii irratti qabu baay'ee olaanaa dha.

### 4.4.3. Gahee Mootummaa fi Hawaasni tajaajila hawaasummaa waliin gahuu irratti shoora isaan qaban

**Gaaffii Ka'umsaa:**

- Tajaajiloota hawaasummaa babal'isuu irratti gaheen mootummaa fi ummanni qabu maalidha jettu?
  - Barattoonni hojiilee hirmaannaa hawaasaa dhagahan akka tarreessan gochuu
  - Hojiilee mootummaa fi ummata waliin hojjetaman akka fakkeenyaatti bifa ilaaluu danda'aniin akka sirraa'u gochuudhaan gara barnoota ijootti galuu. (Boqonnaa 10, yaadoolee dammaqinaan hirmaachuu ummataa keessa jiran ilaalaa.)

**Gocha**

- Dubbisa "Gondaan Walqabattee Laga ceeti" jedhu bu'uura godhachuun gilgaala 9 maatii isaanii waliin mari'achuun akka hojjetan hojiin manaa yaa kennamuuf. Barsiisichis gilgaala kana sirreessuuf yaada armaan gadiitti fayyadamuu ni danda'a.

**Gaaffii Lak 1**. Yaada isa lammaffaa kallattii walta'iinsa mootummaa fi ummataatiin akka ilaalan ykn akka deggaran gochuun ni danda'ama. (Bu'ura kanaan yaada isa lammaffaa akka deggaran gochuu)

**Gaaffii Lak 2**. Faayidaan hirmaannaan hawaasaa gama ijaarsa hawaasummaatiin qabu bifa adda addaan ibsamuu akka danda'u hubachiisuu. Fakkeenyaaf miira abbummaa guddisuuf, dhaabbilee hundeeffamanitti haalaan fayyadamuuf, dhaabbilee kanneen saffisaan babal'isuuf, lammiilee duubatti hafummaa fi doofummaa keessaa baasuuf, du'a daa'immanii fi haadhoolee xiqqeessuuf, fayyaa namootaa eeguuf, oomisha qonnaa karaa saayinsaawaa ta'een guddisuufi kkf eeruu ni danda'u.

**Hojii Garee**

- Haala ajaja kitaaba barataa keessatti ibsameen garee miseensota 4-5 qabu hundeessuun guyyoota sadi keessatti gabaasa garee akka dhiyeessan gochuu

## Mootummaa fi hawaasni tajaajiloota hawaasummaa waliin gahuu irratti shoora isaan qaban.

Sababoota gochi loogii qabu ittiin raawwatu keessaa inni tokko dhaabbileen tajaajila kennan iddoo hundatti haala gahaa ta'een argamuu dhabuu isaaniiti. Rakkoo kana itti fufiinsaan hiikuuf ummanni mootummaa waliin tumsuun adeemsa dhaabbilee hawaasummaa ijaaruu irratti ciminaan hirmaachuu akka qabu hubannoo lammiilee cimsuun barbaachisaadha. Kanaan alatti hojiiwwan hunda mootummaan kophaa isaa hojjechuu danda'a jedhanii yaaduun sirrii hin ta'u. Kallattii kanaan tajaajiloota hawaasummaa babal'isuu keessatti mootummaa fi ummanni waliin hojjechuun guddina sadarkaa biyyaatti uumamuuf gumaacha olaanaa kan qabu ta'uu isaa dhaloonni haaraan hubachuu qaba.

## Xumura Barnootichaa

Yaadoolee ijoo barnoota kanaa bifa salphaa ta'een kaasuun hubannoo fi beekumsa gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa dha. Hubannoon yaadoolee ijoo barnootichaa irratti qaban sadarkaa barbaadamu irra hin jiru yoo ta'e gara barnoota haaraatti otuu hin ce'iin dura keessa deebi'uu.

- Barbaachisummaa tajaajila hawaasummaa hubachuu danda'uu isaanii
- Dhaabbileen hawaasummaa nama hundaaf loogii malee tajaajila kennuun isaanii, faayidaalee argamsiisan tarreessuu danda'uu isaanii

- Mootummaa fi ummanni dhaabbilee hawaasummaa waliin ijaaruu irratti gaheen qaban olaanaa ta'uu isaa hubachuu danda'uu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa dha.

**4.5. Gibira ( wayitii 2)**

**Qophii Barnootaa-Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poostaroota waajjiraalee gibira funaanan agarsiisu
- Barruulee waajjiraalee gibira funaannaniin qophaa'an

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Gibirri guddina dinagdee biyyaa irratti gaheen inni gumaachu maal?
  - Barattoonni gibira ilaalchisee kutaalee armaan dura turan keessatti waan baratan akka yaadatan carraa kennuufii
  - Gibirri faayidaa sadarkaa biyyaatti guddina dinagdee saffisiisuu irratti qabanii fi xiyyeeffannaan olaanaan maaliif akka kennameef yaada isaanii akka ibsan gochuun gara barnoota ijootti galuu

**Gocha**

- Barattoonni gilgaala 10 dhunfaan akka hojjetan gochuu fi deebii kennan irrattis sirreeffama barbaachisaa ta'e kennuuf isa itti aanutti fayyadamuu.

Walitti hidhamiinsa invastimantii fi guddinni qonnaa qaban ilaalchisee kitaaba barataa keessatti ibsa gilgaala duraa fi booda dhiyaate bu'uura gochuun qabxiilee sirreeffamaa qopheessuun ni danda'ama.

**Hojii Garee**

- Barattoonni gilgaalicha garee miseensota 4-5 qabaatanii ijaaramaniin akka hojjetan gochuu. Gareewwan kunniin guyyoota sadi keessatti gabaasa akka dhiyeessan godhuu. Barsiisichi sirreeffamaaf yaada armaan gadiitti fayyadamuu danda'u.
  - Gibira karaa seera qabeessa ta'een naannooleef qooduun toftaalee guddina madaalamaa fiduuf gargaaran keessaa isa tokko waan ta'eef, yaadoolee tuqaman keessaa yaada ykn ejjennoo kana akka deggaran dandeessisuu. Yaada kanas hawaasa keessa akka galu gochuuf hojiiwwan adda addaa hojjechuun akka barbaachisu hubachiisuu. Fakkeenyaaf hubannoo hawaasaa barnootaan, mariidhaan, leenjiidhaan kkf. cimsuu. Hojiiwwan misoomaa naannoo isaaniitti hojjetaman maallaqa bifa gibiraan funaanameen kan hojjetaman ta'uu isaanii hawaasni akka hubatu gochuu.

**Hojii Garee**

Hojii garee boqonnaa kana keessatti kutaa dhumaa ta'e gareewwan 4 miseensota 4-5 qaban ijaaruun haala ajeja kennameen gabaasa garee akka dhiyeessan gochuu. Gabaasa dhiyaate irratti yaada sirreeffamaa fi hubannoo cimsu kennuu.

## Gibira

Gibirri mootummaaf madda galii ijoo dha. Mootummaan hojiiwwan tajaajila ummataaf oolan kan hojjetu, kan babal'isuu fi kan ijaaru galii/gibira karaa adda addaan hawaasa irraa funaanuun ta'uu isaa beeksisuun barbaachisaa dha. Gibirri guddina biyyaaf madda galii ijoo waan ta'eef faayidaa olaanaa kan qabu ta'uu isaa beeksisuu. Haala kanaan maallaqni bifa gibiraan funaanamu naannooleef loogii malee bifa haqa qabeessaa fi madaalamaa ta'een qoodamuu akka qabu beekuun barbaachisaadha.

Kanaanis barattoonni maatiin isaanii gibira isaan irraa eegamu kaffaluu akka qabanii fi isaanumtis ta'an galii gara fuula duraatti argatan irraa fedha isaanitiin gibira kaffaluu akka qaban hubachiisuun barbaachisaa dha. Amala gibira fedha ofiitiin kaffaluu cimsachuun amala lammii gaarii ta'uu isaa hubachiisuun barbaachisaa dha.

## Xumura Barnootichaa

Barattoota sadarkaa kana irra jiran hojii daree yaadoolee ijoo akka hubatan barbaadaman hubachiisan kennuun beekumsa barnoota kana irraa argatan mirkaneessuun barbaachisaa dha.

### Qabxiilee ijoon barnootichaa:

- Haqummaa fi madaalamaa ta'uu gibiraa, walitti hidhamiinsa gibirrii fi invastimantiin qaban, gosa galii fedaraalaa fi naannoo, gibira amanamummaan kaffaluun dirqama lammiilee ta'uu isaa, gahee gibirri guddina haqa qabeessa naannoolee gidduu jiru irratti qabu hubachuu danda'uu isaanii beekuun barbaachisaa dha.

## Deebiiwwan Gaaffiilee Keessa Deebii

### I. "Dhugaa" ykn "Soba"

1. Dhugaa  2. Soba  3. Soba  4. Soba  5. Dhugaa

### II. Firoomsuu

1. B  2. D  3. C  4. A  5. E

### III. Iddoo Duwwaa

1. Mootummaa Fedaraalaa fi Naannoo
2. Haqummaa fi madaalamaa ta'uu, dhugummaa, aantummaa irraa bilisa kan ta'e
3. Oliyyannoo

### IV. Filannoo

1. B  2. D  3. A  4. D  5. B

### V. Deebii ibsa gabaabaa

- Gaaffiileen lamaanuu deebiiwwan adda addaa heddu kennamuufii waan danda'uuf kitaaba barataa, hubannoo barsiisichaa fi madda ragaa kan biroo bu'uura gochuun qabxiilee sirreessaa qopheessuu

# Iddattoo Karoora Barannoo

## Barannoo 4.3 Qaamolee Haqaa

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Barnooticha wal barsiisuu<br>• Gaaffiilee barnoota daree keessaaf akka ka'umsaatti dhiyaatan irratti yaada akka wal jijjiiran gochuu<br>• Yaadoolee gaaffii ka'umsaa irratti dhiyaatan barnoota ijoo bifa jalqabuu dandeessisuun kallattii qabsiisuu | • Qabxiilee seensa irratti tuqaman irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Yaadoolee garee xixiqqaan ykn dhunfaan kennan irratti mari'achuu<br>• Yaada isaanii barattootaaf ibsuu |
| **20'** | **Ibsa**<br>• Waayee barnootichaa ibsa kennuu<br>• Adeemsa marii keessatti barattoota hirmaachisuu<br>• Gilgaala 5 daree keessatti gareedhaan akka hojjetan gochuu<br>• Mata duree itti aanu manatti dubbisanii akka dhufan gochuu | • Ibsicha dhunfaan dubbisuu<br>• Gilgaala 5 gareedhaan daree keessatti hojjechuu<br>• Dhimmoota ifa hin taaneef irratti gaafachuu<br>• Yaad-rimee irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Ibsa kitaaba barataa irratti dhiyaate dubbisuu |
| **5'** | **Cimsuu**<br>• Hojimaanni qaamolee haqaa sirrii akka ta'u hordofuu waan qabaniif toftaalee pirinsippiloota bu'uuraa fi mirga seeraan argachuu hojii irra oolchuun itti danda'amu yaadachiisuu | • Ibsa kennamu haalaan hordofuu<br>• Ibsa dabalataa kennuu<br>• Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu |
| **5'** | **Xumura**<br>• Kaayyoon barnootichaa milkaa'uu fi milkaa'uu dhabuun isaa gaaffii fi deebiidhaan, akkasumas mariidhaan mirkaneessuu<br>• Boqonnaa itti aanuuf kallattii agarsiisuu | • Xumura kennamu hordofuu, yaada ijoo barannoo guyyaa sanaa gabaabinaan ibsu |

# BOQONNAA SHAN

## JAALALA BIYYAA

***(Wayitii ramadame 9)***

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana baratanii erga xumuranii booda:

- Faayidaa seenaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa beekuun argamsiisu ni hubatu
- Meeshaalee waliin itti fayyadaman ofeeggannaan qabuun maaliif akka barbaachise ni beeku
- Hiyyummaa fi duubatti hafummaa irratti qabsaa'uun barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu
- Mirgi lammummaa kabajamuun isaa miira jaalala biyyaa akka guddisu ni hubatu
- Gumaacha alaabaan biyyoolessaa fi faaruun biyyoolessaa dagaagina jaalala biyyaaf qaban ni hubatu

| Lakk | Barnoota | Kaayyoolee gooree | Madda Ragaalee deggarsaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Seeraa fi aadaa biyyaa, Saboota, Sab-lammootaa fi ummattootaa sirrii ta'e beekuun miira jaalala biyyaa isa haaraa ijaaruuf faa-yidaa inni qabu | • Seenaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa beekuun faayidaa ijaarsa miira jaalala biyyaa isa haaraaf qabu ni ibsu | • Fakkiilee adda addaa jaalala biyyaa ibsan |
| 2 | Mirgi Sabootaa, Sab-lammootaa fi ummattoota walqixa kabajamuun isaa gumaacha ijaarsa jaalala biyyaaf qabu | • Mirgoonni sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa walqixa kabajamuun dagaagina jaalala biyyaaf kan gargaaru ta'uu isaa ni bisu<br>• Mana barnootaa fi naannawa isaaniitti mirga sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa ni kabaju | • Suuraawwan, fiilmootaa fi poostaroota tokkummaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa ibsan |
| 3 | Meeshaalee waliin itti fayyadamnu ofeeggannaan qabuu dhiisuun miidhaa inni sadarkaa biyyaatti fidu | • Meeshaalee waliin itti fayyadamnu ofeeggannaan qabuu dhiisuun rakkoo inni uumu ni tarreessu<br>• Meeshaalee waliin itti fayyadamnu of eeggannaan ni qabu | • Fakkiilee gocha gaarii agrsiisan, suuraawwan, hojii qabatamaatti mul'atufi meeshaalee |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 4 | Gochaawwan badaa nageenya ummataa yaaddoo irra buusan | • Gochawwan badaa nageenya ummataa yaaddoo irraa buusan ni tarreessu<br>• Gochawwan badaa nageenya ummataa yaaddoo irra buusan ni ittisu | • Barruulee misoomaa adda addaa (sanadoota tarsiimoo)<br>• Hojiiwwan misoomaa naannawatti mul'atan (misooma bu'uuraa) karaa, bilbila, sanyii filatamaa kkf. Invarstimantii, hojiiwwan tajaajila fayyaa babal'isuu |
| 5 | Hiyyummaa fi duubatti hafum-maa irratti qabsaa'uu | • Barbaachisummaa tajaajila tolaa ni ibsu<br>• Barbaachisummaa hiyyummaa fi duubatti hafummaa irratti qabsaa'uu ni ibsu<br>• Imaammatawwan, tarsiimoowwanii fi karo-ora misoomaa hiyyum-maa fi duubatti hafummaa balleessuuf karoorfaman ni ibsu.<br>• Imaammattoonni tarsiimoowwanii fi karoorri misoomaa bu'a qabeessa akka ta'an dirqama mootummaa fi lammiilee irraa eegamu ni ibsu | • Suuraawwan, poostaroota kkf hiyyummaa fi duubatti hafummaa mul'isan |
| 6 | Lammummaa | • Mirgi lammiiwwanii kabajamuun gumaacha dagaagina jaalala biyyaaf qabu ni ibsu | • Heera Mootummaa Fedaraalaa |
| 7 | Alaabaa biyyoolessaa fi faaruu biyyoolessaa | • Hiika alaabaa fi asxaa biyyoolessaa ni ibsu<br>• Hiikaa fi barbaachisummaa faaruu biyyoolessaa ni ibsu. | • Alaabaa fi asxaa Fedaraala Dimokraatawaa Rippabliika Itoophiyaa fi Naannoolee<br>• Faaruu biyyoolessaa |

## 5.1 Seenaa fi aadaa biyyaa, sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa sirrii ta'e beekuun miira jaalala biyyaa haaraa ta'e ijaaruuf faayidaa inni qabu *(wayitii 2)*

### Qophii Barnootaa- Meeshaalee Deggersa Barnootaa

- Suuraawwan, poostarootaa fi fakkiiwwan saboota, sab-lammootaa fi ummattootaa agarsiisan
- Uffataa fi meeshaalee saboota, sab-lamootaa fi ummattootaa

### Gaaffii Ka'umsaa

- Seenaa fi aadaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa beekuun faayidaa maal qaba?
    - Barattoonni hubannoo kutaalee darban keessatti argatanii fi muuxannoo dhuunfaa isaanii irraa ka'uun yaada gaaffii ka'umsaa irratti qaban akka ibsan carraan yaa kennamuuf
    - **Barsiisaa**! Faayidaa aadaa sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa beekuun qabu tuquun yaadoolee kennaman kallattii jaalala biyyaa fi ijaarsa lammummaatiin barnooticha ittiin eegaluun barbaachisaa dha.

### Gocha

- Barattoonni dubbisa (barreeffama) "Dargaggoota ganda Dorqaa faa" jedhu bu'uura gochuun gilgaala 1 dhunfaan akka hojjetan hojiin manaa yaa kennamuuf. Gilgaalotaaf sirreeffama barbaachisaa ta'e kennuuf akka gargaarutti barsiisichi yaadoolee armaan gadiitti fayyadamuu danda'u.

**Gaaffii Lak. 1**. Hubannoo isaanii kallattii miira jaalala biyyaa guddisuutiin akka qabaatan gochuu. Barattoonni yaadoolee adda addaa bifa deebiin kaasuu danda'u. Dhimmi bu'uurri dargagoonni gurmaa'anii aadaa fi seenaa ummata biyya isaanii beekanii akka jaalatanii fi kanneen biroo beeksisuufis jecha hojii hojjetanii fi kakka'umsa qaban ifa baasuu dha.

**Gaaffii Lak. 2**. Jijjiirama amalaa fi yaadaa fiduuf yaadoolee armaan olitti dadammaqsuuf jecha dhiyaataniifi deebii barattoonni kennan kallattii jaalala biyyaa, jaalala ummataa, aadaa fi seenaa beekuu fi quuqama ummataa irraa ta'uu isaatiin yaada cimsuu fi sirreessaa kennuufii

**Gaaffii Lak. 3**. Haala gaaffii lak. 3 tiin meeshaaleen barattoonni tarreessan aadaa sabootaa, sab- lammootaa fi ummattootaa kana akka calaqqisan walumaan yaa ibsamuuf. (Barattoonni hundi meeshaaleen kunniin aadaa eenyuu akka calaqqisan ibsuu hin danda'an ta'a.)

### Gocha

- Barattoonni gilgaala 2 maatii isaanii waliin mari'achuun akka hojjetan hojiin manaa yaa kennamuuf

**Gaaffii Lak. 1**. Haala fakkeenya kitaaba baratаa irratti dhiyaateen raadiyoo, gaazeexaa, televizyinii, mana barnootaa isaanii fi hawaasa kkf bu'uura godhachuun deebii akka kennan kallattiin yaa kennamuuf. Dhuma irrattis deebiiwwan kennamaniif sirreeffamni barbaachisaa ta'e yaa godhamu. Tarii, barsiisichis saboota, Sab-lammootaa fi ummattoota barattootaan tuqaman ilaalchisee hubannoo gahaa hin qaban yoo ta'e dursanii barsiisota ykn namoota kan biroo waayee sab-lammiiwwanii beekan gaafachuun ragaa dabalataa argachuuf akka yaalan gorfamu.

**Gaaffii Lak. 2-4**. Barattoonni dhimmoota adda addaa kaasuu danda'u. Yaa ta'u malee yaadni xiyyeeffannoon kennamuufii qabu kallattii mirgi sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa kabajamuun, aadaa fi seenaa isaanii eeguun, kunuunsuu fi kabaj lammiin tokkoon tokkoon, caalmaatti immoo dhaloonni haaraan hubannoo argachuu akka qabu hubannoo qabsiisuu dh "Dargaggoota ganda Dorqaa fa'aa" isa jedhu akka fakkeenyaatti agarsiisuun ni danda'ama. Kallattii kanaan, dargaggoonni wal tuffachuu, aadaa fi seenaa qaama tokkoo tuffachuu fi kan qaama biraa akka caalutti ilaaluu fi yaadooleen kana fakkaatan sababa adda addaan armaan dura ni mul'atu turan akka dhabamsiifaman gochuu akka qaban agarsiisuun yaada dabalataa sirreeffamaaf dhiyaatu ta'a.

### Gocha

- Barreeffama kitaaba barataa keessatti "Hariiroo Ummataaf, ummata fakkeenyummaa qabu" jedhu bu'uura gochuun garee xixiqqaan qoodamuun daree keessatti mari'atanii gilgaala 3 akka hojjetan gochuu. Barsiisichi gaaffiilee sororsuuf akka isaan gargaaru yaadoolee armaan gadii otuu ilaalanii.

**Gaaffii Lak. 1**. Dubbisa keessatti qabxiilee walfakkeessuuf jecha ibsaman adda baasuu fi deebiiwwan bu'uura kanaan kennaman sirreessuu

**Gaaffii Lak. 2**. Lammiileen walitti dhiyaatanii mari'achuu fi waliin dubbachuuf faayidaa olaanaa akka qabu kan hubachiisu ta'uu isaa. Mariin, lammiileen akka walitti dhiyaatan kan godhuu fi inni tokko yaadaa fi eenyummaa isa kan biraa hubachuu fi beekuuf kan gargaaru ta'uu isaa hubachiisuun barbaachisaa dha. Kanaafis, sonawwan ijaarsa sirna dimokraasii ilaalchisee kutaa 6ffaa fi 7ffaa keessatti dhiyaatan ilaaluun ni danda'ama. Gaaffiin kun toftaaleen ummata walitti dhiyeessuuf gargaaran akka ciman, dhaabbileen hawaasummaa akka babal'atan, miidiyaan akka cimu, ijaarsa misooma bu'uuraaf, ummanni akka wal beekuu fi akka wal hubatu gochuuf, miirri jaalala biyyaa akka dagaagu gochuu keessatti faayidaa olaanaa kan qaban ta'uu isaanii hubachiisuuf gargaara.

## Seenaa fi aadaa biyyaa, sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa sirrii ta'e beekuun ijaarsa miira jaalala biyyaa haaraa ta'e ijaaruuf faayidaa inni qabu.

Saboota, sab-lammootaa fi ummattoota beekuun miira lammummaa ni guddisa. Aadaa, Sirna, seenaa kkf ummattootaa beekuunis haaluma wal fakkaatuun miira lammummaa ni cimsa. Ummattoota walitti dhiyeessaa. Ummattoota gidduutti yaadni walkabajuu fi walqixxummaa akka babal'atu godha. kkf.

### Xumura Barnootichaa

Barattoonni yaadoolee bu'uuraa armaan gadii haalaan hubachuu isaanii barattoota beekumsaa fi dandeettiin wal caalan gaafachuun mirkaneessuun barbaachisaa dha. Bu'uura kanaan yaadooleen barattoonni barnoota kana keessatti argachuu qaban:

- Seenaa fi aadaa biyyaa, Sabootaa, Sab-lammootaa fi ummattootaa beekuun ijaarsa miira jaalala biyyaa keesatti faayidaa inni qabuu hubachuu danda'uu isaanii mirkaneessuu dha.

## 5.2. Mirgoonni Walqixxummaa Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa Kabajamuun Gumaacha Inni Jaalala Biyyaa Guddisuu Keessatti Qabu. *(wayilii 2)*

### Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Barreeffamoota, poostarootaa fi giraafoota waajjiraalee fi dhaabbilee adda addaatiin maxxanfaman

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Suuraa kana irraa maal hubattan?
  - Barattoonni waan fakkii 5.1 irraa hubatan dabareedhaan akka ibsan gochuu
  - Barsiisichi yaadolee kennaman bifa barnooticha eegaluu dandeesisuun kallattii qabsiisuu

Suuraan ibsatti aanee dhiyaate kan agarsiisu Kibba Itoophiyaatti ykn saboota, Sab-lammootaa fi ummattoota Naannoo Kibbaa keessaa aadaa uffannaa fi sirna sirba saboota Hamar akka ta'ee fi naannicha keessatti saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni 50 tti hiiqan jiraachuu isaanii ilaalchisee yaadoolee dhiyaatan xumuraaf itti fayyadamuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barattoonni gilgaalicha dhunfaan ykn gareen ta'uun akka irratti mari'atan gochuu, deebii gaaffiileef kennan haala armaan gadiitiin sirreeffama irratti kennuun ni danda'ama.

**Gaaffii Lak. 1.** Mirgi ummataa kabajamuu fi mirkanaa'uun meeshaa jaalalli biyyaa ittiin ijaaramu dha. Mirgi ummataa otuu hin kabajamin waayeen jaalala biyyaa hanga fedhe yoo odeeffame, barreeffamee fi dubbatame fakkeessuuf yoo ta'e malee miira jaalala biyyaa isa sirrii ta'e uumu hin ta'u. Lammiin tokkoon tokkoon isaa miira jaalala biyyaa kan qabaatu mirgi walqixxummaa isaa yoo mirkanaa'e dha.

**Gaaffii Lak. 2**. Yaadoolee Kitaabilee baratahtaa kutaa kanaa fi kutaalee kan biroo boqonnaa sadi jalatti dhiyaatan barnooticha ittiin cimsuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.

## Mirgoonni Walqixxummaa Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa Kabajamuun Gumaacha Inni Jaalala Biyyaa Guddisuu keessatti Qabu

Mirgi sabootaa, Sab-lammootaa fi ummattootaa walqixxummaan kabajamuun faayidaalee adda addaa qaba. Faayidaalee kanneen keessaa muraasni isaanii kanneen armaan gadii ti. Mirga walqixxummaa ummattootaa ni mirkaneessa. Miira jaalala biyyaa ni gabbisa. Waliigaluu dhabuu, walitti bu'iinsaa, waljibbiinsaa fi ilaalchota boodatti hafoo dhabamsiisuun biyyattii keessatti nageenyi akka babal'atu gochuun guddinaa fi ijaarsa sirna dimokraasiif bu'uura ta'a.

**Xumura Barnootichaa**

Yaadoolee ijoo Barattoonni sadarkaa kana irra jiran akka beekan barbaadamu beekuu isaanii yaalii daree kennuun mirkaneessuun barbaachisaadha. Qabxiileen xiyyeeffannaa ijoo barnootichaa:

- Mirgoonni sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa walqixxummaan kabajamuun isaanii dagaagina jaalala biyyaaf akkamiin akka gargaaru ibsuu danda'uu isaanii
- Mana barnootaa fi naannawa isaaniitti dandeettiin mirgoota sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa kabajuu cimuu isaa

## 5.3. Meeshaalee Tajaajila waliigalaa waliin itti fayyadamnu ofeeggannoon qabuu dhiisuun miidhaa sadarkaa biyyaatti geessisu *(wayitii 1)*

**Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Barreeffamoota, Poostarootaa fi Suuraawwan waajjiraalee fi dhaabbilee adda addaa keessatti maxxanfaman

**Gaaffiilee Ka'umsaa**

- Fakkii kana irraa maal hubattan?
- Rakkoo fakkii kana irraa hubattaniif falli isaa maal jettu?
    - Barattoonni fakkicha irraa waan hubatan akka ibsan gochuu
    - Yaadoolee dhiyaatan bifa barnooticha eegaluu dandeessisuun sirreeffama taasisuu

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama "Ibiddaa fi Bishaan" jedhu erga dubbisanii booda gaaffiilee gilgaala 5 jalatti dhiyaatan garee xixiqqaan ta'uun daree keessatti akka hojjetan gochuu. Dhimmi ijoon deebiiwwan gaaffiilee kanneeniif kennaman meeshaalee naannawa keenyatti argaman lammiileen aadaa ofeegganoon itti fayyadamuu akka gabbifatan kan mul'isan ta'uu isaanii ti. Kanaanis marii gochuun gara yaada wal ta'iinaa uumuun barbaachisaa dha jedhutti dhufuun ni barbaachisa.

Naannawa keenyatti meeshaalee dhunfaanis ta'e waliin itti fayyadamnu irratti haala nuti hin beekneen miidhaan yoo gahe aadaa waliin haasawuu fi mari'achuu guddifanne taanaan, qaama badii geessise beekuu fi tarkaanfii sirreessaa barbaachisaa ta'e fudhachuu nu dandeessisa yaada jechu cimsachuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 6 jalatti dhiyaatan maatii isaanii waliin mari'atanii akka hojjetan yaa godhamu. Qabxiilee armaan gadii deebiiwwan barattootaan kennaman sirreessuuf itti fayyadamuun ni danda'ama.
- Kitaaba barataa keessatti ibsa gilgaalicha dura kenname ilaaluun barbaachisaadha. Meeshaleen waliin itti fayyadamnu lammiilee hundaaf ykn hawaasa naannawa tokkoof akka tajaajilan gochuuf kan gurmaa'an ykn qophaa'an waan ta'aniif akka qabeenya ummataatti ilaalamu. Waan kana ta'eef kutaan hawaasaa hundi miidhaa fi badii irra gahu hunda irraa eeguu fi ittisuun irraa eegama malee ana hin ilaalu ykn dhimma mootummaa ti jechuun akka hin barbaachisne hubachiisuun yaada bu'uuraa barnootichaa ti. Kallattii kanaan of eeggannoo fi kunuunsa qabeenya waliinii naannawa isaaniitti argaman irratti godhamu akka tarreessan gochuun yaada barattoonni kennan cimsanii sirreessuun otuu danda'amee gaariidha.

## Meeshaalee tajaajila waliigalaa ofeeggannoon qabuu dhiisuun sadarkaa biyyaatti miidhaa inni geessisu

Meeshaalee waliin itti fayyadamnu ofeeggannoon eeguun sadarkaa biyyaatti miidhaa adda addaa geessisa. Dinagdee biyyaa irratti dhibbaan inni geessisu olaanaa dha. Qabeenyi hojiilee adda addaa barbaachisoo ta'an raawwachuuf oolu akkasumas humnii fi beekumsi faayidaa kan biraaf ooluu danda'u meeshaalee miira maaltu na dhibee fi miira maaltu na galche jedhuun miidhaman suphuuf akka oolu godha.

Fakkii ka'umsaa irratti mul'atu meeshaaleen barsiisuuf tajaajilan daree barnootaa tokko keessatti ofeeggannoon waan hin qabamneef miidhaa gahe agarsiisa. Kallattii kanaan barataan tokkoon tokkoon duraan dursee qabeenya mana barnootichaa waliin itti fayyadaman, itti aansuun meeshaalee fi dhaabbilee hawaasni naannoo waliin itti fayyadamu miidhaamaa fi badii irraa eeguuf itti gaafatamummaa isaa bahuu akka qabu hubachiisuun barbaachisaadha. Gochi kunis amala lammummaan gaariin ittiin ibsamu ta'uu isaa hubachiisuun ni barbaachisa.

**Xumura Barnootichaa**

Barattoonni barnooticha keessatti beekumsa akka argatan barbaadame argachuu fi argachuu dhiisuu isaanii gaaffiilee gaafachuun mirkaneessuun barbaachisaa dha. Bu'uura kanaan qabxiilee ijoo armaan gaditti dhiyaatan irratti yaada kennuun barattoonni hubannoo gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta'a.

- Meeshaalee waliin itti fayyadaman ofeeggannoon qabuu dhiisuun miidhaa kan geessisu ta'uu isaa hubachuu danda'uu isaanii
- Faayidaa meeshaalee waliin itti fayyadaman ofeeggannoon argamsiisu qabu hubachuu isaanii

## 5.4 Gochaalee Badaa Nagaa Ummataa fi Nageenya waliinii irratti yaaddoo Uuman *(wayitii 2)*

### 5.4.1. Carraaqqii gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman dhabamsiisuuf taasifamuu qaban

**Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Barreeffamoota, poostarootaa fi giraafota waajiraalee fi dhaabbilee adda addaa keessatti maxxanfaman

Gaaffii Ka'umsaa

- Gochaalee badaa ittisuuf maaltu isin irraa eegama?
  - Barattoonni sadarkaa isaaniitti gochaalee gaarii maatii isaanii biratti, mana barnootaa fi naannawa isaaniitti raawwachuu qabanii fi gochaalee badaa raawwachuu hin qabne ittisuuf waan gochuu qaban akka tarreessan carraa kennuu.
  - Gochaalee badaa namoota birootiin raawwataman ittisuu fi saaxiluu keessatti gahee qaban akka ibsan gochuun (gorsuu, saaxiluu kkf) gara barnoota ijootti galuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Gaaffiilee gilgaala kanaa barattoonni barreeffama mata-duree "Nageenya waliif waardiyya Dhaabbachuu" jedhuun dhiyaate dubbisuun gilgaala 7 manatti yaa hojjetan. Deebii kennaniif qabxiin ittiin sororfamu yaa qophaa'uf. Dhimmi ijoon gaaffiilee gilgaalichaa lammiileen faayidaa dhunfaa isaanii, fedhii fi yaada isaanii milkeessuuf jecha toftaan ittiin deeman fedhii waliinii hawaasaa fi ummataa kan hin miinee fi faallaa kan hin taane akka ta'uu qabu hubachiisuu dha. Karaa nagaa fi seera qabeessa ta'een ala kan socho'an hojii biyyaa fi ummataa kan miidhan ta'uu isaanii akka beekan gochuun barbaachisaa dha. Hojiiwwan akkanaa kana raawachuunis seeraan kan nama gaafachiisuu fi kan nama adabsiisu ta'uu isaa hubachuu qabu. Isa kana ittisuuf lammiin tokkoon tokkoon gocha badaa argu kamiyyuu ittisuuf dirqama kan qabu ta'uu isaa beekuu akka qabu hubachiisuu.

**Gocha**

- Gaaffiilee gilgaala 8 maatii isaanii waliin ta'uun mari'atanii deebii akka kennan yaa godhamu. Deebiin barattoonni kennan hojiiwwan biyyaa fi ummata irratti miidhaa geessisan hunda tarreessuun danda'amuu baatus, Kallattii guddinaa fi nageenya biyyaatiin akkasumas kallattii ijaarsa sirna dimokraasiitiin fakkeenyaan deggaruun agarsiisuu. Gilgaala 5, 6 fi 7 irratti gochaalee badaa ittisuuf lammiin tokkoon tokkoon isaa itti gaafatamummaa kan qabu ta'uu isaa ilaalchisee yaadoolee ka'an keessa deebi'uu. Dabalataanis, barattoonni kallattii gochaalee badaa ittisuun itti gaafatamummaa bahuu qabanii fi dirqama isaanii beeksisuu. Badii uumamu, miidhaa uumame irratti ana hin galchu yaada jedhu irraa ka'uun maaltu na dhibdeen bira darbuu irra qaama badii uume irratti ragaa kennuun

saaxiluun akka barbaachisuu fi kunis "cubbuu, hammeenya" akka hin taane haalaan hubachiisuu. Faayidaa nama dhunfaa manna yeroo hundaa faayidaa biyyaa fi ummataaf dursa kennuun amala lammii qaroomee ta'uu isaa cimsuu.

### Carraaqqii gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman dhabamsiisuuf godhamuu qaban

Gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman dhabamsiisuuf hojiiwwan adda addaa raawwachuun ni barbaachisa. Hundaa ol sababoota gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman beekuun barbaachisaa dha. Dhukkubni yoo beekame malee qoricha dhukkubichaaf argachuun hin danda'amu. Gochaalee badaa beekumsaanis ta'e otuu hin beekin raawachuu danda'u. Gochaalee badaa dhabamsiisuuf haala qabatamaa dhimmichaatti furmaata barbaaduun ni mala. Gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman ittisuuf wantoota furmaata ta'an keessaa kanneen itti aanan eeruun ni danda'ama.

- Hubannoo fi ilaalcha hawaasaa barnootaa fi leenjiidhaan gabbisuu
- Hawaasa yaadaa fi ilaalcha duubatti hafaa irraa bilisa gochuu
- Rakkoo uumame furuuf waltajjii marii mijeessuu
- Qaamolee hojii seera dhqabeessa ta'e raawwatan irratti tarkaanfii seera qabeessa ta'e fudhachuu

### Xumura Barnootichaa

Yaadoolee ijoon barnoota kanaa qabxiilee bifa salphaa ta'een kaasuun hubannoo fi beekumsa gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha. Tarii, yaadoolee ijoo barnootichaa irratti sadarkaa eegamuun hubannoo gahaa hin arganne yoo ta'e, gara barnoota haaraatti otuu hin ce'in dura keessa deebi'uun barbaachisaa dha.

- Gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman haala qubsaa ta'een hubachuu danda'uu isaanii beekuu
- Gochaalee badaa nagaa ummataa fi nageenya waliinii irratti yaaddoo uuman akka hin daganne kan tattaafatan ta'uu isaanii hubachuu

## 5.5. Hiyyummaa fi Duubatti Hafummaa Injifachuuf Qabsaa'uu (wayitii 2)

### 5.5.1. Imaammatawwanii fi Tarsiimoowwan misoomaa hiyyummaa fi duubatti hafummaa injifachuuf karoorfaman hojii irra oolchuuf dirqama mootummaa fi lammiilee irraa eegamu

**Qophii Barnootaa-Meeshaalee deggarsa barnootaa**

- Imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misooma baadiyyaa
- Imaammata barnootaa
- Heera Mootummaa

### Gaaffii Ka'umsaa

- Imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misoomaa ijoo guddina biyya keenyaaf mootummaadhaan qophaa'an tarreessaa
  - Barattoonni yaada dadammaqsuuf dhiyaate hubachuu irratti rakkachuu waan danda'aniif barsiisichi jalqaba irratti yaad-rimee imaammatawwanii fi tarsiimoowwanii barattoonni hubachuu akka danda'an bifa salphaa ta'een ibsuun barbaachisaa dha.

- Biyya keenya keessatti imaammatawwan heddu kan qophaa’an ta’uu isaanii (Imaammata barnootaa, fayyaa, qonnaa fi dhimma alaa, aadaa kkf) akkasumas imaammatawwan kanneen raawwachiisuuf tarsiimoowwan qophaa’an jiraachuu isaanii ibsuu fi imaammatawwanii fi tarsiimoowwan dhiyeenyatti argatan akka fakkeenyaatti dhiyeessuun gara marii ijootti galuun ni danda’ama.

**Imaammanni**: Sanada Biyyi ykn dhaabbanni tokko gara fuula duraatti maal hojjechuu akka qabuu fi hojjechuu akka danda’u agarsiisudha.

**Tarsiimoo**: Sanada Sirna raawwii imaammataa bifa walii galaan dhiyaate kaayyoo yaadameen gahuuf jecha qophaa’e dha.

### Gocha

- Barattoonni barreeffama “Tarsiimoon Misoomaa Sirrii ta’uun Hojiin yoo mirkanaa’u” jedhu bu’uura gochuun gilgaala 9 daree keessatti ykn mana isaaniitti akka hojjetan yaa godhamu

Barsiisichi deebiiwwan kennaman sirreessuuf jijjiiramoota naannawa qotee bulaatti mul’atan tuquu danda’uu. Tarii deebiin jijjiiramni hin jiru jedhu jira yoo ta’e, jireenyi qotee bulaa hunda al-tokkoon jijjiiramuu akka hin dandeeye, rakkoon yeroo dheeraaf hidda gadi fageeffatee fi boodatti hafummaan guyyaa tokkotti akka fala hin arganne, yaa ta’u malee qaama imammataa fi tarsiimoo qonnaa kan ta’e, hojmaata qonnaa fooyya’aa hordofuun (xaa’oo hammayyaatti fayyadamuu, oomisha gabaa giddu galeessa godhate oomishuu, gorsa ogeessaa hordofuu fi sanyii filatamaatti fayyadamuu) qaama Paakeejii ekisteenshinii qonnaa ta’uu isaa dubbisicha bu’uura gochuun yaada xumuraa kennuu.

Kallattii kanaan maatii fi barattoonni fayyadamoo ta’an jiran yoo ta’e dhiyaatanii ibsa akka kennan otuu jajjabeeffamanii marii godhamu qabatamaa fi hawwataa taasisa.

### Gocha

- Gilgaala 10 maatii isaanii waliin mari’achuun yaa hojjetan. Xumuruufis yaadni waliigalaa armaan gaditti dhiyaate ni fayyada.

Hiyyummaa fi duubatti hafummaan biyya keenyaa bu’aa rakkoolee bara dheeraaf hidda gadi fageeffatanii turanii ti. Rakkoolee kanneen keessaa waraana, wal qoqqooduu, gita bittaa nugusaa fi loltootaa, gogiinsa, barnoonni baballachuu dhabuu, hojmaata boodatti hafaa, kkf eeruun ni danda’ama. Rakkoolee kanneen al-tokkoo fi yeroo gabaabaa keessatti dhabamsiisuun kan danda’amu ta’uu baatus adeemsa keessa furuun ni danda’ama. Kanaafis hojiiwwan qonna, misooma bu’uuraa fi baballachuu dhaabbilee hawaasummaa akka fakkeenyaatti eeruun ni danda’ama. Itti fufiinsaan hirmaannaa hawaasaa cimsuu, rakkoolee bulchiinsaa gaarii salphisuu, hubannoo fi beekumsa hawaasaa cimsuu, qoodiinsa qabeenyaa fi leecalloo madaalamaa gochuu, hojiiwwan ijaarsa sirna dimokraasii cimsanii itti fufuun rakkoolee kanneen furuuf furmaata bu’uuraa ta’uu isaanii beeksisuu dha. Yaa ta’u malee dhimmoonni kunniin yeroo gabaabaa keessatti bilchaatanii kan argaman akka hin taane akka hubatan gochuun barbaachisaa dha.

Kallattii kanaan rakkoolee furuuf jecha imaamatawwanii fi tarsiimoowwan bahan hojii irra oolchuu keessatti lammiileen hundi mootummaa cinaa hiriiruun hojjechuu akka qaban hubachuu qabu. Kanaaf, mootummaan imaammataa fi tarsiimoo fedhii fi faayidaa ummataa giddu galeessa godhatee fi ummata hirmaachisu qopheessuun

ummanni akka beekuu fi irrattis akka hirmaatu gochuu qaba. Ummannis gama isaatiin hojii misoomaa irratti dammaqinaan hirmaachuu, hojii hojjetame kunuunsuu kkf irratti bobba'uun itti gaafatamummaa isaa bahuuf socho'uu qaba.

**Hiyyummaa fi Boodatti hafummaa injifachuuf jecha imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misoomaa qophaa'an hojii irra oolchuuf dirqama mootummaa fi lammiilee irraa eegaman**

Ibsa armaan olitti gilgaala 10f dhiyaate bu'uura gochuun hiyyummaa fi boodatti hafummaa balleessuuf jecha imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misoomaa hojii irra oolchuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa mootummaa fi lammiilee irraa eegaman tarreessuun hubannoo barattootaa cimsuun ni danda'ama.

### 5.5.2. Hiyyummaa fi boodatti hafummaa injitachuuf barbaachisummaa tajaajila gochaa gaarii irratti hirmaachuu

**Gaaffii Ka'umsaa**

- Fakkicha irraa maal hubattan?
  - Barattoonni gaaffii fakkii 5.3 waliin walqabatee dhiyaate kallattii imaammataa fi tarsiimoo misooma qonnaatiin akka ilaalan yaa godhamu

Fakkiin kun jijjiiramootaa fi bu'aalee gama hojiilee misoomaatiin argaman mul'isuuf kan kaa'ame waan ta'eef yaadooleen kennamanis kallattii kanaan hubannoo akka argatan yaa godhamu.

**Gocha**

- Barreeffama "Qabsoo bara Dheeraa Golgaa Hiyyeessaa Jalatti" jedhu bu'uura gochuun gilgaala 11 manatti yaa hojjetan. Gaaffiilee kanneeniif sirreeffama barbaachisaa ta'e kennuun akka danda'amu yaada armaan gadii ilaalaa.

**Gaaffii lak. 1 fi 2**. Dubbisicha bu'uura gochuun hirmaannaa hawaasaa keessatti hojiin tolaa ijoollummaa irraa kaasee kan mul'atu ta'uu isaa beekuun amala akkanaa akka gabbifatan, kallattii kanaan faayidaa imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misooma biyyaa akka hubatan, miira lammummaa akka cimsatan, namoota kan biroof aarsaa fi wabii ta'uun iddoo mootummaan sababa hanqina humnaan hojjechuu dadhabetti hojjechuun faayidaa inni biyya saffisaan guddisuu irratti qabu kkf yaada kitaaba irratti ibsame waliin kaasuun ni danda'ama.

**Gaaffii lak. 3.** Barattoonni sadarkaa isaaniitti hojii gumaachuu danda'anii fi gara fuula duraatti hojii gosa kam irratti tajaajila tolaa kennuuf fedhii akka qaban cimsachuu akka danda'an gochuu (yaadni isaa boqonnaa 10 keessatti ibsamee jira)

**Hojii garee**

Gaaffiilee gilgaala kanaa qooduun gareewwan adda addaaf kennuu. Yaadoolee irratti mari'atan gareedhaan akka gabaasan gochuu. Yaada gabaasa irratti dhiyaate sirreessuuf akka tolutti yaada kitaaba barataa irratti ibsameen ala boqonnaa 10 keessatti waayee hirmaannaa hawaasaa ilaalchisee kan ibsame hubachuun faayidaa qaba.

### Hiyyummaa fi boodatti hafummaa injifachuuf barbaachisummaa tajaajila tolaa naannawaa irratti hirmaachuu

Sirna dimokraasii keessatti lammiileen dhimma biyya isaanii irratti bifa adda addaan hirmaachuun irraa eegama. Karaan hirmaannaan lammiilee ittiin ibsamu keessaa inni tokko tajaajila tolaa fedhii fi kaka'umsa ofiitiin kennuu dha. Tajaajilli tolaa kennamus maallaqaan, humnaan, beekumsaan kkf ta'uu danda'a. Gocha akkanaa raawwachuun hiyyummaa fi boodatti hafummaa dhabamsiisuun ijaarsa guddina biyyaa irratti gumaachi inni qabu olaanaa dha. Gochi kun hojii mootummaan raawwachuu dadhabe haguuguu irra darbee tajaajiloonni ummanni barbaadu hatattamaan akka guutaman taasisa. Biyyoonni guddatan guddina yeroo ammaa irra gahan kana akka dhaqqaban kanneen taasisan keessaa tajaajilli tolaa isa bu'uuraa ta'uu isaa itti amanama. Kanaan alattis gochi akkanaa kun dirqama lammummaa gahumsaan bahuun kan ittiin ibsamu ta'ee fudhatama.

#### Xumura Barnootichaa

Yaadoolee ijoo barnoota kanaa bifa salphaa ta'een kaasuun hubannoo fi beekumsa gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa dha. Tarii yaadoolee armaan gadii irratti hubannoon isaan irraa eegamu sadarkaa barbaadamu irra hin geenye yoo ta'e gara barnoota haaraatti otuu hin ce'in dura keessa deebi'uun ni barbaachisa.

**Kanaanis:**

- Barbaachisummaa hiyyummaa fi boodatti hafummaa irratti qabsaa'uu hubachuu danda'uu isaanii
- Imaammatawwanii fi tarsiimoowwan misooma hiyyummaa fi boodatti hafummaa dhabamsiisuuf qophaa'an hojii irra oolchuuf dirqama mootummaa fi lammiilee irraa eegamu hubachuu danda'uu isaanii
- Hiyyummaa fi boodatti hafummaa irratti qabsaa'uuf barbaachisummaa tajaajila tolaa hubachuu isaanii mirkaneessuu

## 5.6. Lammummaa (wayitii 1)

### 5.6.1. Bu'aa mirga lammiilee kabajuun jaalala biyyaa guddisuuf qabu

#### Qophii Barnootaa: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Barreeffamoota, Poostarootaa fi suuraawwan waajjiraalee adda addaan maxxanfaman

#### Gaaffii Ka'umsaa

- Kabajamuun mirgaa dagaagina jaalala biyyaaf faayidaa maal qaba?
  - Barattoonni kabajamuun mirgaa boqonnaa dursaa dhiyaate (walqixxummaa, haqummaa kkf) irratti hubannoo argatan akka yaadatan gochuun yaada akka kennan taasisuu
  - Yaadoolee barattootaan dhiyaatan irratti sirreeffama gabaabaa kennuun gara barnoota ijootti seenuu.

#### Gocha

- Barreeffama "Gahee Lammummaa bahuu" jedhu bu'uura gochuun gilgaalicha akka hojjetan hojii manaa kennuu. Barsiisichi yaada armaan gaditti dhiyaate deebii barattootaan kennaman ittiin sirreessuuf itti fayyadamuu danda'a.

**Gaaffii lak. 1**. Haala barreeffamichaatiin deebiiwwan kennaman sirreessuuf qabxiilee sirreessaa qopheessaa

**Gaaffii lak. 2 fi 3** Yaadoolee Boqonnaa ijaarsa sirna dimokraasii fi walqixxummaa irratti dhiyaataniin kan wal simu waan ta'eef boqonnaawwan kanneen yaa ilaalaman. Kabajamuu mirgaa, jaalala biyyaa, lammummaa

biyyattiitiin boonuu, dhimma biyya keenyaatti nu galcha jechuu, miira abbummaa qabaachuu kan dndeessisu waan ta'eef yaadicha cimsuu. Kallattii kanaan hawaasni mirgi isaa kabajameef dhimma biyya isaa irratti dammaqinaan hirmaata. Qabeenyaa fi leecalloo biyya isaaf ni quuqama. Faayidaa fi mirga nama biraa sarbuu irraayis of qusata. Guddinaa fi nageenya biyyaa fi ummataaf ciminaan hojjeta. Seeraa fi dambii biyya isaanii kabaja. Ni kabajsiisa kkf. Yaadooleen armaan olii kan ilaalamandha.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 14 jalatti dhiyaatan gareedhaan daree keessatti irratti mari'achuu danda'u. Barsiisichis yaadoolee ka'an barnooticha xumuruuf itti fayyadamuu akka danda'an:
- Lammiin mirgi isaa hin kabajaminiif waan kanneen gilgaala 13 keessatti ibsamaniin faallaa ta'e kan raawwatu, miira jaalala biyyaa kan hin qabne, dhimma biyya isaa irratti kan hin hirmaanne, seera kan hin kabajne, ta'uu akka danda'u beeksisuun ni danda'ama.

### 5.6.2. Alaabaa Biyyoolessaa

**Gahee Alaabaa fi faaruun biyyoolessaa jaalala biyyaa gabbisuu keessatti qaban.**

Qophii daree: Meeshaa deggarsa barnootaa

- Barreeffamoota, postarootaa fi suuraawwan waajiraalee fi dhaabbilee adda addaa keessatti maxxanfaman.

**Gaaffii ka'umsaa:**

- Fakkii armaan olii irraa maal hubattuu?
  - Barattoonni wanta fakkii 5.4 irratti muldhatu ilaaluun yaada akka kennan taasisuu.
  - Yaada isaan kennan maalummaa fi barbaachisummaa alaabaa irratti akka xiyyeeffatu qajeelchuun haala barnooticha eegaluuf dandeessisutti kallattii qabsiisuu.

**Gocha**

- Barattoonni walaloo faaruu biyyoolessaa bu'uureffachuun gilgala 15 gareen ta'anii daree keessatti akka hojjatan taasisaa. Deebii deebisanii fi akka ilaalcha isaaniitti sababoota isaan dhiyeessan irratti hundaa'uun sirreeffamni haa kennamuuf.

**Gaaffii Lakk. 1**. Deebiin kennaman adda addaa ta'uu ni danda'u. Gaaleewwan walalichaa hundumtuu walduukkaa yeroo dubbifamanii fi ilaalaman humna isaan qaban hubachiisuun ni danda'ama.

**Gaaffii Lakk. 2.** Boqonnaa kana keessatti gilgaala 1 tti aansee ibsi jiru sirreeffama gaaffii kanaaf ni gargaara.

**Gocha**

- Gilgaalli 16ffaan yaada mata duree barnootichaa gudunfuuf kan gargaaru waan ta'eef barattoonni maatii isaanii waliin mari'achuuf akka hojjatan taasisaa. Barsiisaan deebii deebisaniif sirreeffama akka ta'uuf yaadawwan kitaaba barataa keessa taa'anitti dabaluun yaadawwan armaan gadii osoo ibsaniifii.

**Gaaffii Lakk.1**. Biyyoonni addunyaa keessatti argaman eenyumaa isaanii kan ibsu kaartaa biyya isaanii qofa osoo hin taane alaabaa fi faaruu biyyoolessaa isaanii dabalatee akka ta'e waan ilaalan, waan dubbisan, sirna alaabaa mana barumsaa waliin walqabsiisuun akka hubatan taasisuu. Alaabaa fi asxaaf xiyyeeffannaan kan kennamu mallattoo fi eenyummaa waliigalaa ummatootaa waan ta'eef ta'uu isaa hubachiisuu. Ummataa fi biyya jaallachuun alaabaaf xiyyeeffannaa fi kabaja kennuun kan ibsamu ta'uu isaa fi kunis amala lammii gaarii ta'uu isaa beeksisuu.

**Gaaffii Lakk. 2**. Karaa ittii jaalalli biyyaa ibsamu keessaa tokko alaabaa biyyaa fi faaruu biyyoolessaaf kabaja kennuu fi jaallachuu dha. Alaabaan biyya qofa osoo hin taane eenyummaa fi maalummaa tokkoon tokkoon keenyaa bakka kan bu'uu fi ibsu mallattoo waliigalaa keenya dha. Kana waan ta'eef lammiin biyya isaa jaallatu alaabaa fi faaruu biyyoolessaa biyya isaa ni jaallata. Hiikkaa isaaniis beekuuf ni tattaafata. Alaabaa fi faaruu biyyoolessaa biyya isaa osoo hin jaallatiin biyya koo nan jaalladha yoo jedhe dhuga qabeessaa fi kan amanamu hin ta'u.

## Gahee Alaabaa fi faaruun biyyoolessaa jaalala biyyaa gabbisuu keessatti qaban

Alaabaan Lamummaa, eenyummaa fi haallan tokko tokko keessatti ibsituu gammachuu ta'uu isaa fi yeroo injifannoo, ayyaanaa, gammachuu, gaddaa fi kkf akka fannifamu yaadachiisuun ni danda'ama. Barattoonni yeroo adda addaa fi haallan adda addaa keessatti waan argan, dhagahan fakkeenya akka dhiyeessan taasisuun alaabaa fi faaruu biyyoolessa irratti hubannoo isaanii cimsachuun gadifageenyaan jaalalaa fi kabaja qaban akka gabbifatan gochuu barbaachisa.

### Gudunfaa baranotichaa

Barattoonni yaad-rimeewwan armaan gadii sirriitti hubachuu isaanii kanneen sadarkaa dandeettii adda addaa qaban gaafachuun mirkaneeffachuu barbaachisa. Kanarraa ka'uun barattoonni yaadawwan barannoo kana irraa argachuu qaban.

- Gaheen alaabaa fi faaruun biyyoolessaa jaalala biyyaa gabbisuu keessatti qaban olaanaa ta'uu isaa hubachuu isaanii mirkaneeffachuu dha.

## Deebii gaaffiiwwan keessa deebii

**I. “Dhugaa” yookiin “Soba”**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Dhugaa

**II. Walitti firoomsuu**

1. G 2. B 3. F 4. E 5. A 6. D 7. C

**III. Bakka duwwaa**

1. Qabeenya tajaajila walee
2. Tajaajila fedha gaarii

**IV. Filfannoo**

1. C 2. D 3. D 4. D 5. D

**V. Ibsa gabaabaaf**

- Gaaffiiwwan hundaaf deebiin garaagar ta’e kennamuu waan danda’aniif kitaabolee barnootaa, hubannoo barsiisichaa fi maddoota odeeffannoo biroo bu’uura godhachuun qabxiiwwan ittiin sirreeffamu haa qophaa’u. Fakkeeyaaf,

1. Aadaa hojii cimaa, quuqama, kaka’umsaa fi kkf.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

**Barannoo 5. Hiyyummaa fi boodatti hafummaa irratti qabsaa'uu**

| Yeroo | Raawwii Barsiisaa | Raawwii Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**:-<br>• Barnooticha beeksisuu<br>• Baranooticha keessatti gaaffiiwwan ka'umsaaf dhiyaatan irratti barattoonni akka sadarkaa isaaniitti yookiin akka walduraa duubatti yaada isaanii akka dhiyeessan taasisuu | • Yaada ka'umsaa irratti yaada kennuun hirmaachuu.<br>• Garee xiqqaan yookiin deebii dhuunfaan kennamu irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Barattoota dareef yaada isaanii ibsuufii |
| | • Yaadi bu'uuraa isaa haala gara ijoo barnootichaatti geessuun cimsuun kallattii qabsiisuu | |
| **20'** | **Ibsa:-**<br>• Qabxiilee bu'uura barannichaa irratti ibsa dhiyeessuu fi marii gaggeessuu.<br>• Adeemsa ibsichaa irratti barttootaaf gaaffii dhiyeessuun hirmaachisuu.<br>• Gilgaala 9ffaa daree keessatti akka irratti mari'atan taasisuu.<br>• Deebiiwwan gilgaalicha irratti keennaman irratti marii taasisuu.<br>• Gilgaala 10ffa hojii manaa kennuu | • Ibsicha dhuunfaan dubbisuu.<br>• Gilgaala 9ffaa garee xixiqqaatti hiramuun hojjachuu.<br>• Gaaffiiwwanii fi deebii kennaman irratti marii gaggeeffamu irratti hirmaachuu.<br>• Yaadrimeewwan irratti yaada kennuun hirmaachuu.<br>• Ibsoota kitaaba barnootaa isaanii irratti kenname dubbisuu.<br>• Hojii manaa kenname hojjachuu |
| **5'** | **Cimsuu:**<br>• Hiyyummaa fi boodatti hafummaa hir'isuuf hojii gaarii fedhaan hojjatamu irratti hirmaachuu. Faayidaa inni arga-msiisu ilaalchisee yaada cimsu kaasuu. | • Ibsicha xiyyeeffannaan dhaggeeffachuu.<br>• Ibsa dabalataa kennuu<br>• Gaaffiin yoo jiraate gaafachuu |
| **5'** | **Guudunfuu:**<br>• Kaayyoo barnootichaa qabachuu isaanii mirkaneeffachuu kan dandeessisuu gaaffiiwwan jechaan gaafachuun mirkaneeffachuu.<br>• Barannoo itti aanuu irratti yaada xiqqoo kennuu. | • Yaada gudunfaa dhaggeeffachuuf ijoo barnoota guyyaa sanaa irratti gabaabinaan ibsa kennuu. |

# BOQONNAA JAHA

## MIIRA ITTIGAAFATAMUMMAA

***( Wayitii 10)***

Kaayyoo Boqonnichaa: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Kakuu galan kabajuun barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu.
- Gahee itti gaafatamummaa gahumsaan ba'uun akka barbaachisu ni amanu
- Qabeenya Uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu fi kunuunsuun barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu.
- Faayidaa qabeenya Ummataa eeguun qabu ni beeku.
- Rakkoolee dinagdee fi hawaasummaa HIV/AIDSn biyya irraan gahu ni hubatu.

| Lakk | Barannoo | Kaayyoo Gooree | Madda odeeffannoo deggersaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Faayidaa gahee ittigaafatammummaa ga'umsaan raawwachuun qabu | • Faayidaa gahee itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uun qabu ni ibsu<br>• Gahee itti gaafatamummaa osoo hin ba'in hafuun badii gahuun dhiibba kabaja ofii fi maatii ofii irraan gahu ni ibsu. | • Fakkii yeroo lammiiwwan hojii adda addaa hojjatan agarsiisu. |
| 2 | Kakuu kabajuu | • Dhaabbanni kamiyyuu, Mootummaan nama dhuunfaa fi kkf kakuu gale kabajee raawwachuun akka irra jiru ni ibsu. | • Fakkiiwwan hojii itti gaafatamummaan keessatti muldhatu agarsiisu |
| | | • Dhaabbanni kamiyyuu mootummaan yookiin namni dhuunfaan hoji hojjatuuf dirqamni gaafatamummaa fudhachuu akka irra jiruu fi faayidaa inni qabus ni ibsu | |
| 3 | Qabeenya Uumamaa fi dabaree seenaa | • Miidhaa qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu dhiisuun geessisu ni tarreessu.<br>• Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa naannoo isaaniitti argaman ni kunuunsu | • Barruulee, poostarootaa fi kkf waajjira eegumsa hambaawwaniin maxxanfaman.<br>• Muuziyeemota dabareewwan seenaa adda addaa<br>• Iddoowwan naanno isaanii keessaa hawwataa ta'an qaamaan agarsiisuu.<br>• Fakkiiwwan poostaroota qabeenya uumamaa fi dabaree seenaa agarsiisu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 4 | HIV/AIDS | • Rakkoolee dinagdee fi hawaasummaa HIV/AIDSn geessisu ni tarreessu.<br>• Ofeegganoo fi tattaaffii dhukkubicha irraa ofeeguuf taasifamu ni ibsu.<br>• Of isaanii dhukkubicha irraa of eegu. | • Poostaroota, fakkiiwwanii fi alaabaawwan HIV/AIDS ilaalchisee maxxanfaman. |

## 6.1. Gahee Ittigaafatamummaa Ga'umsaan Bahuu (wayitii 3)

**Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Dambii naamusa baattootaa mana barnootaa
- Qajeelfama dambii naamusaa fi hojii barsiisotaa mana barnootaa

### 6.1.1. Faayidaa gahee itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uun qabu.

**Gaaffii ka'umsaa**

- Hojjatoonni ittisa balaa ibiddaa maaliif gara jabinaa fi kutannoon ibidda dhaamsuuf qabsaa'u?
- Akka fakkicha irratti muldhatutti hojjatoonni osoo ibiddicha hin to'anne ta'ee balaan hordofu maal ta'uu danda'a?
    - Barattoonni fakkii 6.1 ilaaluun gaaffiiwwan dadamaaqisuuf dhiyaate irratti hubannoo qaban akka ibsan osoo taasifamee.
    - Barattoonni erga yaada isaanii ibsanii booda barsiisaan osoo barnoota itti aanu hin jalqabin dura yaada armaan gadii gaaffiiwwan ka'umsaa ilaalchisee ka'an gudunfuuf itti fayyadamuu ni danda'u.

Hawaasni kan hojjatoota fi ogeessota ittisa balaa ibiddaa irraa eegu hojii ittisa balaa ibidaa hojjechaa jiraachuun isaanii fi itti gaafatamummaa isaaniis ciminaan bahaa jiraachuu isaaniiti. Itti gaafatamummaan ogeessota kanaa balaa ibiddaa bakkaa fi yeroo kamittuu uumamu to'achuun lubbuu fi qabeenya namaa irratti miidhaa gahuu danda'an ni ittisu jechuu dha. Kun dhimma itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uu fakkeenyummaan kan agarsiisu dha.

**Gocha**

- Barattoonni gilgaala 1 barreeffama kitaaba barnootaa isaani keessatti "Aarsaa Ta'uu" jedhuu barreeffama dubbisuun garee xiqqaatti hiramuun akka hojjatan haa ta'u. Deebiiwwan kennaniif yaadawwaan armaan gadii sirreessuuf gargaaruuf ni danda'u.

**Gaaffii Lakk.1**. Fakkeenyi ofii dura bu'uu dha. Gocha gaarii raawwachuu jechuun kanneen biroo fayyisuuf ofii ofii dabarsanii hanga kennuutti kan ga'u raawwachuu jechuu dha.

**Gaaffii Lakk. 2**. Haalli Obbo Taammanaas gocha gaarii raawachuun fakkeenya ta'uu isaa kan agarsiisu dha.

**Gaaffii Lakk. 3**. Namoonni hundi amala tokko yookiin walfakkaatu hin qaban. Tokko tokko itti gaafatamummaan kan itti hin dhagahamnee fi miidhaa haallan yookiin gochawwan tokko tokko geessisan sirriitti kan hin hubanne, yoo hubatanis dhimma kan hin qabne waan ta'aniif gocha ofii isaanii fi kanneen biroo miidhu raawwatu. Kanneen tokko tokko immoo faallaa kanaan itti gaafatamummaan kan itti dhagahamu, nageenya

kanneen biroof faayidaa ofii isaanii dabarsanii kan kennanii dha. Kanarraa ka’uun haalli kaachan namoota itti gaafatamummaan itti dhagahamneef akka fakkeenyatti ka’uu kan danda’u ta’ee argama.Dabalataanis barreeffamni 6.2 jalatti “Jecha dacha’e” jedhuun barreeffame akkasumas gocha itti gaafatamummaan itti hin dhagahamneef fakkeenya waan ta’uuf ilaaluun ni danda’ama. Karaa faallaa ta’een namoonni ofii isaanii dabarsanii kennuun lubbuu namoota biroo hambisuuf tattaafachuun gocha ofkennuu raawwatanis ni jiru. Gochi Obbo Taamanaa kana keessatti kan farrajamudha. Haala kanaan hubannoo of kenniisa gaarii keessatti cimsuun ni danda’ama.

**Gocha**

- Barattoonni gilgaala 2ffaa mana isaaniitti akka hojjatan hojimanee kennaafi. Barsiisaanis yaadawwan ka’aniif qabxiiwwan armaan gadii ittiin sirreessuuf akka isaan gargaarutti ilaaluu ni danda’u.

**Gaaffii Lakk. 1**. Kitaabolee barattootaa fi qabxiiwwan dadammaqisuuf dhiyaatan ilaalaa.

**Gaaffii Lakk. 2.** Kanneen kitaaba barnootaa keessatti barreeffamatti dabalee faayidaa dhuunfaa fi sadarkaa maatitti argamsiisu, jireenya gaarii jiraachuuf, namoota biratti jaallatamuuf, kabajaa fi amantaa argachuuf, guddina hojii argachuuf, sadarkaa biyyaatti hojii bu’aa qabu hojjachuuf kan dandeessisu kan argamsiisu ta’uu isaa hubachiisuu barbaachisa.

## Faayidaa gahee itti gaafatamummaa ga’umsaan ba’uun qabu.

Faayidaa itti gaafatamummaa ga’umsaan ba’uun qabu kutaa kanaa fi kanneen biroo keessatti boqonnaa kana jalatti yaadaawwan ibsaman ibsa barbaachisaa ta’e kennuuf kan gargaaran waan ta’eef haaluma kanaan haa hubatamu.

### 6.1.2. Rakkoo gahee itti gaafatamummaa ga’umsaan ba’uu dadhabuun fidu.

**Gaaffii ka’umsaa:**

- Gahee itti gaafatamummaa ga’umsaan ba’uu dadhabuun rakkoo maalii fida?
    - Barattoonni gahee itti gaafatamummaa ga’umsaan ba’uu dadhabuun miidhaa inni geessisu jireenya ofii isaanii fi haala barnootaa irraa ka’uun akka tarreessan taasisaa.
    - Yaada isaan dhiyeessan irratti fakkeenyota qabatamoo ta’an dhiyeessuun gara ijoo barnootichaatti galuun ni danda’ama.

Maatiiwwan ijoollee isaanii sirnaan kan hin nyaachisne, kan hin barsiisnee fi amala gaarii horatanii akka guddataniif itti gaafatamummaa isaanii sirnaan hin baane yoo ta’e ijaarsa Lammii gaarii irratti rakkon akka uumamu ni beekama. Karaa biroo barattoonni itti gaafatamummaa barnoota isaanii sirnaan barachuu hin ba’an yoo ta’e jireenya barnoota isaanii gara fuulduraa irratti rakkoon akka isaan mudatu ni beekama. Dabalataanis, kutaaleen hawaasaa biroon barsiisaan, ogeessi fayyaa, qotee bulaan, loltuunii fi kkf tokkoon tokkoon isaanii itti gaafatamummaa isaanii sirriitti yoo hin bane rakkoo ga’uu danda’u akka hubatan kan dandeessisu fakkeenyi haa kennamuuf.

**Gocha**

- Gaaffiiwwan gilgaala 3 maatii isaanii waliin mari’achuun deebii akka kennan taasisaa. Kanaafis barsiisaan gaaffiiwwan kanneen soroorsuuf akka isaan gargaaruuf yaadaawwan waliigalaa armaan gadii ilaaluu ni danda’u.

- Hirkattummaa, ofitti amanuu dadhabuu, hawaasa biratti amanamummaa, jaalalaa fi kabaja dhabuu, hiyyeessa, kan ofi hin dandeenye ta'uu fi kkf. Jireenyi isaan kan gidirame, kan jibbame, kan qeeqame, fakkeenyummaa gadheen kan ka'u ta'a.

### Rakkoo gahee itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uu dadhabuun fidu

Barattoonni barannoo kanarraa akka qayyabatan kan barbaadamu Umurii amma irra jiran irraa jalqabanii itti gaafatamummaa sadarkaa sadarkaan irra jiru sirriitti hubatanii ga'umsaan keessa ba'uuf kan tattaafatanii fi kan ba'an akka ta'an kan irraa eegamu ta'uu isaa hubachuu dha. Itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uun dhuunfaa ofiifis ta'e biyyaaf faayidaa olaanaa akka qabu akka hubatan ni barbaadama. Kanarra darbee namoota biroof kan gargaaru amala gochaawwan of kenniinsa gaarii qaban raawwachuu akka cimsatan dandeessisuu dha. Kanaaf, barsiisaan barnooticha gudunfuuf yaadawwan kitaaba barnootaa keessatti barreeffaman, ibsoota gaaffiiwwanii fi dadammaqiinsaaf kennaman muuxannoo ofii isaanii waliin walsimsiisuun rakkoowwan itti gaafatamummaa ba'uu dadhabuun geessisu tarreeffamaan dhiyeessuun ni barbaachisa.

### Gudunfaa barannichaa

Yaadawwan gurguddoo barattoonni sadarkaa kana irratti argaman hubachuu qaban jedhamu kan of keessatti qabatu yaalii daree kennuufiin barattoonni barannoo kana irraa beekumsa argatan mirkaneeffachuu barbaachisa. Qabxiiwwan gurguddoo barannichaa:-

- Faayidaa itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uun qabu hubachuu isaanii
- Rakkoolee gahee itti gaafatamummaa ga'umsaan ba'uu dadhabuun geessisu qayyabachuu isaanii

### 6.2. Waadaa Kabajuu *(wayitii 2)*

### Qophii daree: Meeshaa deggarsa barnootaa

- Hiikkaa qubeellaan kakuu fuudhaa fi heerumaa qabu
- Kakuu ogeessota fayyaa
- Kakuu pirezidaantii Mootummaa Federaalaawaa Dimokiraatawaa Repuublikii Itophiyaa heera mootummaa (fuula 49) irratti barreeffame.

### Gaaffii ka'umsaa:

- Kakuun maali?
- Kakuu kabajuun faayidaa maali qaba?
    - Barattoonni yaadawwan lamaan ka'umsaaf dhiyaatan akka ibsan gochuu
    - Barsiisaan ibsa kitaaba barataa keessa jiruu fi hubannoo ofii isaanii fayyadamuun yaadawwan ka'an erga sirreessanii booda gara hojii itti aanutti osoo ce'anii

"Kakuu" ilaalchisuun duraan itti gaafatamummaa ba'uu waliin haala walqabateen yaadawwan gilgaala 2f kennaman akka wabiitti ilaaluu ni danda'u.

### Gocha

- Gilgaala 4 barreeffama kitaaba barataa keessatti "jecha dacha'e" jedhu bu'uura godhachuun gaaffiiwwan dhuunfaan akka hojjatan taasisaa. Barsiisaanis gaaffiiwwan soroorsuuf akka isaan gargaaruuf kanneen armaan gadii haa ilaalan.

**Gaaffii Lakk. 1**. Dubbisa keessatti kanneen tuqaman rakkoolee daa'iimman irra gahan akka tarreessan taasisaa. (Barnoota irratti gargaarsaa fi kunuunsaa dhabuu, tarkaanfii hanga mana barumsaatii ari'uu geessisu fudhachuu

hanga yaaduutti; waldhabdee fi waliigaltee dhabiinsa barbaachisaa hintaane akka uumamu, xiinsamuun daa'iimmanii miidhamuu, kakuun diigamuu fi amantaa warra gargaaranii fi warra gargaaramuu dhabsiisuu)

**Gaaffii Lakk. 2**. Abdiin daa'iimm garafuulduraa ni lalisa ture. Lammii fooyyee qabu, kan biyya fayyadan, sadarkaa guddaa irra kan gahan fi kkf. ta'uun ni danda'u ture. Amala gaarii gabbifachuu ni danda'u ture. Dhaabbatichis fakkeenya gaariin kan hin waamamne, hawaasa biratti kan jaallatamu, kan kabajamu ni ta'a ture.

### Gocha

- Barattoonni gilgaala gaaffiiwwan 5 irratti maatii waliin mari'atanii hojjachuu ni danda'u. Barsiisaan yaadawwan kitaaba barataa keessatti barreeffamanii fi muuxannoo ofii isaaniin qabanitti dabaluun yaadawwan armaan gadii gaaffiiwwan soroorsuuf isaan gargaaruu ni danda'u.
- Waadaa eeguu fi ittigaafatamummaa fudhachuun faayidaawwan adda addaa qabu. Gochaaf/gilgaala2, lack 2/ ibsa kenname kanaafis fayyadamuun ni danda'ama. Waldeggeruu, amala walgargaaruu ni gabbisa, boqonnaa sammuu ni kenna, rakkoon dhuunfaa yammuu nu quunamu kan nu gargaaru, hiriyyaa fi michuu nu gargaaruu fi rakkoo keenya nurraa hirmaatu ni qabaanna.

### Kakuu Kabajuu

Kaayyoon barannichaa inni guddaan barattoonni yaadrimee kakuu sirriitti akka hubatan dandeessisuu dha. Namoonni bara jireenya isaaniitti haala adda addaa fi qaamota adda addaaf yeroo kakuu galan ni muldhatu. Haa ta'u malee kakuu galuun akka salphaa fi waan faayidaa hin qabneetti kan ilaalamu akka hin taane cimsaanii hubachiisuun barbaachisaadha.

Jalqaba yeroo kakuu galanii fi galuuf yeroo yaadan waan waadaa galan raawwachuu danda'uu fi danda'uu dhiisuu isaanii hubachuu fi amanuun akka irra jiru xiinxaluun irra eegama. Waadaa galuun itti gaafatamummaa guddaa fudhachuu waan ta'eef waan waadaa galan raawwachuu dhiisuun miidhaa ofii ofii fi namoota biroo irra ga'uu danda'u barattoonni sirriitti beekuu qabu.

### Gudunfuu barannichaa

Beekumsa barnootichaa irraa barbaadamu argachuu fi argachuu dhiisuu isaanii barattootaaf gaaffiilee gafachuun mirkaneeffachuun ni barbaachisa. Kanarraa ka'uun qabxiilee gurguddoo barannichaa armaan gadii irratti yaada gahaa ta'e kennuun barattoonni hubannoo gahaa argachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa ta'a.

- Lammiin yookiin dhaabbanni kamiyyuu yookiin mootummaa, kakuu galee fi gochoota raawwateef itti gaafatamummaa fudhachuun barbaachisaa fi faayida qabeessa ta'uu isaa hubachu isaanii mirkaneeffachuu
- Kakuu kabajuu dhiisuun miidhaa inni sadarkaa biyyaatti geessisu tarreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu

## 6.3. Qabeenya Uumamaa fi Dabareewwan Seenaa *(wayitii 3)*

### Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Fakkiiwwan, poostarootaa fi yoo danda'ame filmota qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa agarsiisan.
- Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa naannootti argamanii fi daawwatamuu danda'an.

### 6.3.1. Miidhaa qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu dhisuun dhufu.

**Gaaffii ka'umsaa:**

- Fakkicha irraa maal hubattu?
  - Barattoonni fakkii 6.2 kitaaba barataa keessa jiru ilaaluun waa'ee fakkichaa yaada qaban tokko tokkoon akka ibsan gochuu.
  - Barsiisa, firiin bosonaa jireenya dhala namaaf bu'uura waan ta'aniif kunuunsuu fi sirnaan itti fayyadamuun kan nurra jiru ta'uu isaa beeksisuu barbaachisa. Kanaan ala bifa itti gaafatamummaan namatti hin dhaga'amneen bosona mancaasuun sirrii akka hintaane hubachuun gocha akkasii balaaleffachuun akka irra jiru hubachiisuun yaada barattoonni kennan bifa gara barannoo itti aanutti haala nama ceesisuun kallattii qabsiisuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Barattoonni kitaaba barataa isaanii keessatti mata duree ibsa "Dhiimma nama Hundaa" jedhuufi barnoota saayinsii hawaasaa fi beekumsa madda biroo irraa argatan irratti hundaa'anii gilgaala 6 mana isaanitti akka hojjatan taasisaa. Barsiisaanis, qabxiiwwan armaan gadii soroorsuuf itti fayyadamaa.

**Gaaffii Lakkoofsa 1**. Qabeenya uumamaa biyya keenyaa irratti qo'annoo hedduun taasifamuu isaa. Qo'annoo kanneen irratti hundaa'uun qabeenyi uumamaa biyya keenyaa yeroodhaa gara yerootti hir'achaa deemuu isaa hubachiisuu qabna. Haa ta'u malee manca'iinsa bosonaa hambisuuf biqiltuu dhaabuu fi bosona kunuunsuun hojiiwwan jajjabeessoo fi abdii namaaf kennan hojjatamaa jiraachuu isaa beeksisuun barbaachisaa ta'a.

**Gaaffii Lakkoofsa 2**. Manca'iinsi bosonaa baballina gammoojjii, dhiqamiinsa biyyee, beelaa fi hongee fi kkf kan hordofsiisu ta'uu isaa hubachiisuu.

**Gaaffii Lakkoofsa 3**. Qabeenya uumamaa fi Tuuriizimiin kan walqabatanii deeman ta'uu isaa beeksisuu, qabeenya uumamaa eeguu fi kunuunsuun naannoo daawwattootaaf mijaa'aa fi hawataa gochuun tuuriizimiin akka baballatuf karaa banuu akkadanda'u beeksisuu.

**Gocha**

- Barattoonni ibsa kutaa kanaa kitaaba barataa keessatti barreeffame (isa gilgaala dura jiru) bu'uureffachuun gaaffiilee gilgaala 7 dhuunfaatiin akka hojjataniif hoji maneen haa kennamuuf. Dabalataanis gaaffilee lakkoofsa 2 fi 3 kutaa 6ffaa keessatti mata duree "jaalala Biyyaa" jedhu jalatti yaadawwan 6.1 fi 6.2 ilaaluun ni fayyada.

## Miidhaa qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu dhiisuun fidu

Qabeenya uumamaa yeroo jedhamu/gaara, Laga, bosona, albuudaa fi kkf) yammuu ta'u karaa biroo immoo dabareewwan seenaa kanneen jedhaman/nam tokko fi iddoowwan hawatoo ta'anii fi kkf fa'a dha). Lammiiwwan qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu fi kunuunsuun dirqama isaaniiti. Itti gaafatamummaa isaanii kana ba'uu akka danda'aniif qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa biyyi isaanii qabdu sirriitti beekuun isaan irraa eegama. Beekuu jechuun immoo qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa osoo keessa jiraannuu xiyyeeffannaa kanneen itti hin kennine xiyyeeffannoon ilaaluu, dinqisiifachuu fi qayyabachuu jechuu dha. Amala akkanaa gabbifachuun kan danda'amu ijoollummaa dhaa kaasee waa'ee maalummaa fi faayidaa qabeenya uumamaa akkasumas, yoo miidhaan irra gahe rakkoolee hordofuu danda'an haala gahaa ta'een beekuu fi qayyabachuu yoo danda'amedha.

Barsiisaan, mata duree kana ilaalchisee gaaffiilee fi ibsawwan kitaaba barataa keessa dadammaqiinsaaf ka’amanitti dabaluun barsiisota saayinsii hawaasaa fi seenaa keessummummaan affeeruun ibsa akka kennan gochuunii fi iddoowwan qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa fi naannoowwan hawatoo ta’an barattoota daawwachiisuun jaalalaa fi hubannoo isaan qabeenya uumamaa fi dabareewwaniif qaban irratti amala dinqisiifachuu fi kunuunsuun akka gabbifatan gochuun ni danda’ama.

### Gudunfa Barannichaa

Barattoonni sadarkaa kana irratti argaman yaadawwan hubachuu qabu jedhaman kan of keessatti hammatu hojii daree barattootaaf kennuun beekumsa isaan barnoota sadarkaa kanaa irraa argatan mirkaneeffachuun ni danda’ama.

Qabxii xiyyeeffannoo barannoo kanaa:-

- Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa eeguu dhiisuun rakkoolee inni geessisu qayyabachuu danda’uu isaanii mirkaneeffachuu dha.

## 6.4. HIV/AIDS *(wayitii 2)*

### Qophii daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poostaroota, suuraawwan, barreeffamoota wabii, barruulee adda addaa HIV/AIDSii irratti qophaa’an

### Gaaffiilee Ka’umsaa:

- Miidhaa HIV/AIDSiin Lammii oomishu yeroo miidhu rakkoo inni geessisu ibsaa
- Sababa dhukkubicha hatattamaan baballachuu danda’u ibsaa.
  - Miidhaa HIV/AIDSniin geessisuu fi karaalee dhukkubich ittiin daddarbuu danda’a jedhan akka tarreessan gochuu
  - Barsiisaan yaadawwan dhiyaataniif qabxiiwwan sirreeffamaa fayyadamuun gara ijoo barnootichaatti seenuun irraa eegama

### Gocha

- Barattoonni kitaaba barataa keessatti mata duree “eenyummaa ofii beekuu” jedhuun barreeffama dhiyaate dubbisanii erga hubatanii booda gilgaala 8 gareen ta’anii daree keessatti akka hojjatan gochuu. Barsiisaan qabxiiwwan gaaffilee kanneen ittiin soroorsan dubbisichaa keessaa qopheeffachuu ni danda’u. Dabalatanis ibsa dubbisicha boodaan kenname gaaffiilee kana soroorsuuf itti tajaajilamuu ni danda’u.

### Gocha

- Gaaffiileen gilgaala 9 hubannoo barattoonni qabiyyeewwan barannichaa irratti qaban cimsuuf kanneen kaa’aman waan ta’eef kanneen hubatanii fi qayyabatan keessa deebi’uun daree keessatti akka mari’atan gochuu.
- Deebii gaaffilee kanneeniif akka ooluuf jecha ibis barreeffamaan gilgaalicha dursee kenname yaada gahaa kan qabu waan ta’eef ibsuma kanarraa qabxiiwwan sirreessaa fi soroorsuu haa qophaa’u.

## HIV/AIDS

Hubannoo barattoonni waa’ee dhukkuba HIV/AIDS qaban guddisuun, dhukkubich kan daawaan hin argamneef ta’uu isaa, miidhaa inni biyyaa fi maatii irraan gahu, karaalee itti daddarbuu danda’uu fi ofeeggannoo barbaachisu akkasumas, lammiiwwan dhukkubichaan qabaman kunuunsuu akkuma waliigalaatti haala sammuu isaani hin dhiphifneen dhiyeessuufiin yoo danda’ame hubannoon isaanii ni guddata.  Yaadrimeen kun kitaaba barataa keessatti haala gahaa ta’een kan ibsame waan ta’eef yaadawwan gilgaalaa fi dadamaqsuuf kennaman walitti fiduun fayyadamuun ni danda’ama.

### Gudunfa Barannichaa

Barattoonni beekumsa barannicha irraa barbaadamu argachuu fi hin argannee isaanii gaaffilee dhiyeessuufiin kaayyoon barannichaa galma ga’uu isaa mirkaneeffachuun ni danda’ama.  Kanrraa ka’uun qabxiilee gurguddoo barannichaa armaan gaditti kaa’aman irratti yaada gahaa kennisiisuun barattoonni hubannoo gahaa argachuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta’a.

- Rakkoolee dinagdee fi hawaasummaa HIV/AIDSiin biyya irraan gahu.
- Dhukkubicha ittisuuf ofeeggannoowwanii fi tattaaffii waliinii taasifamuu qaban,.

## Deebiiwwan gaaffilee keessa deebii

**I. “Dhugaa” yookiin “Soba”**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba

**II. Walitti firoomsi**

1. D 2. B 3. A 4. H
5. G 6. C 7. F

**III. Bakka duwwaa**

1. Aarsaa
2. Sadarkaa ta’uu qabuun (walqixxa)
3. Beqiltuu dhaabuu
4. Saal qunnamtii fi meeshaalee qara qabaniin waraanamuu
5. Aadaa fi seenaa

**IV. Filannoo**

1. C 2. B 3. D 4. B 5. A

**V. Deebii ibsa gabaabaa**

Gaaffilee sadaniifuu deebiiwwan adda addaa hedduun kennamuu waan danda’aniif kitaaba barataa, hubannoo barsiisaa fi maddawwan odeeffannoo biroo irratti hundaa’an qabxiiwwan soroorsuuf ni gargaaru.

## Iddattoo karoora barnootaa

### Barannoo 1. Faayidaa itti gaafatamummaa gahumsaan bahuun qabu.

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| 10' | **Seensa:**<br>• Barnooticha beeksisuu<br>• Gaaffilee ka'umsaa barannicha keessa taa'an irratti barattoonni yaada qaban akka dhiyeessan gochuu.<br>• Haala gara ijoo barnootichaatti nama seensisuun yaadawwan jiran kallattii qabsiisuu. | • Yaada ka'umsaa seensa irratti tuqame irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Deebii garee fi dhuunfaan kennan irratti yaada isaanii suraan ibsuu. |
| 20' | **Ibsa**<br>• Waa'ee barannichaa ibsa dhiyeessuu<br>• "Of kennuu" barreeffama jedhu bu'uureffachuun gilgaala '1' daree keessatti akka irratti mari'atan taasisuu.<br>• Deebiiwwan gilgaalichaaf kennaman irratti marii gaggeessuu<br>• Barnoota itti aanu dubbisanii akka dhufaniif qajeelfama kennuu<br>• Gilgaala '2' hojii manee kennuufii | • Ibsoota dhuunfaan dubbisuu<br>• Gilgaala lakkoofsa'1' gareen hiramanii daree keessatti hojjachuu<br>• Dhimmoota ifa hin taane gaafachuu<br>• Yaadrimeewwan irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Ibsoota kitaabolee barataa keessatti kennamee dubbisuu<br>• Gilgaala'2' mana isaaniitti hojjachuu<br>• Barnoota itti aanuuf qophaa'uu |
| 10' | **Cimsuu**<br>• Itti gaafatamummaa gahumsaan ba'uun faayidaa inni qabuu fi Itti gaafatamummaa gahumsaan ba'uu dhiisuun miidhaa inni geessisu ilaalchisee qabxiiwwanii fi yaadawwan bu'uuraa yaadachiisuu | • Ibsicha xiyyeeffannaan dhaggeeffachuu<br>• Ibsa dabalataa kennuu<br>• Gaaffii yoo qabaatan gaafachuu |

# BOQONNAA TORBA

## AADAA HOJII CIMAA

***(Wayitii Ramadame 9)***

Barattoonni erga boqonnaa kana baratanii xumuranii booda:

- Kabaja hojii fi yeroo qabu ni qayyabatu
- Hojiif karoora baasanii socho'uun sirrii ta'uu isaa ni beeku
- Kaayyoo misoomaa fi dinagdee heerawaa ni hubatu
- Dandeettii ogummaa fi naamusa ogummaa gabbifachuun oomishtummaa fi guddinaaf bu'uura ta'uu isaa ni beeku

| Lakk | Barnoota | Kaayyoo gooree | Meeshaalee deggersaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Hojii bu'a qabeessa | • Hojii bu'a qabeessa jechuun maala gechuu akka ta'e ni ibsu.<br>• Hojii fakkeenyummaa qabuu fi galataaf nama geessisu hojjachuun faayidaa inni guddina biyyaa qabu ni ibsu<br>• Gochawwan raawwataniif fakkeenya ni ta'u | |
| 2 | Hojii karoorfatan ni hojjachuu | • Hojii karoorfatanii socho'uun barbaachisaa ta'uu isaa fi faayidaa inni qabu ni ibsu<br>• Gocha raawwataniif yeroo hojii ni qopheessu | |
| 3 | Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjatin jiraachuu | • Hojiiwwan hundi walqixee fi kabajamuun kan irra jiru ta'uu isaanii ni ibsu | |
| | | • Mana barumsaa fi mana jireenyaa isaanii keessatti hojii osoo hintuffatin ni hojjatu. | |
| 4 | Kaayyoowwan misoomaa fi dinagdee | • Kaayyoowwan misoomaa fi dinagdee heera mootummaa fedaraalaan ba'an ni tarreessu<br>• Faayidaa kaayyoowwan misoomaa fi dinagdee heera mootummaa federaalaan ba'an qaban ni ibsu. | |
| 5 | Aadaa hojii cimaa | • Aadaa hojii cimaa jabeessuuf dandeetti fi naamusni ogummaa qabbachuun barbaachisaa ta'uu isaanii ni ibsu. | |

## 7.1. Hojii Bu’a Qabeessa

**Qophii daree /Meeshaa deggarsaa**

- Fakki namoonni yeroo hojii misoomaa irratti bobba’anii jiran agarsiisu.

### 7.1.1. Yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjachuu

**Seensa**

**Gaaffii ka’umsaa**

- Faayidaa yeroo osoo hin qisaasassin cimanii hojjachuun misooma biyyaaf qabu maali?

Barsiisa! Gaaffiin ka’umsaaf akka ta’uuf dhiyaate barattoonni daree keessatti dammaqinaan akka hirmaataniif dadammaqisuuf kan yaadama waan ta’eef kitaaba isaanii cufanii mataa isaaniin deebisuuf akka yaalan jajjabeessaa. Barattoonni darichaa beekumsa kanaan dura mata duricha irratti qaban irraa ka’uun gaaffichaaf deebii akka kennaniif kanneen murtaa’aniif carraa kennaafii. Deebii kennan gabatee gurraacha irratti barreessaa yookiin dabtara isaanii irratti akka gargalchatan itti himaa.

**Gocha**

- Ittiaansuun dubbisa mata duree “Barreessaa gaazexaa naannessu” jedhuu dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Barattoonni dubbisicha dubbisanii xumuruu isaanii erga mirkaneeffattanii booda isinis keessa deebi’aatii dubbisaafii. Dubbistanii erga xumurtanii booda gilgaala tokko dhuunfaan daree keessatti akka hojjatan itti himaa. Gaaffiiwwan arfan gilgaalicha jala jiran yammuu hojjatan deebii isaanii isa sirrii ta’e kallattiin dubbisicha keessaa akka barbaadan itti himaa. Deebii barbaadamu kennuu yoo dadhaban isin gargaaraa.

**Gocha**

- Barattoonni gocha jalqabaa hojjatanii dhiyeessuun isin erga soroorsitanii booda yaadannoo mata duree xiqqaa yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjachuu jedhuun dhiyaate dubbisuun gilgaala lammaffaa mana isaaniitti hojjatanii akka fidan itti himaa. Sirreessuun isaa bifa gaaffii jechaa fi deebiin akka ta’u taasisaa.

### Yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjachuu

Yeroon tarree qabeenya uumamaa mi’aadha jedhaman keessatti qabeenya ramadamu dha. Yeroon dhimma barbaadameef yeroo isaatti yoo itti hin fayyadamnu ta’e dhaabbatee waan nu hin eegneef yeroo barbaadnetti deebifne sitti fayyadamna yoo jenne waan hin taane dha. Yeroo osoo hin qisaasessin itti fayyadamuun guddinaa fi badhadhinni akka dhufu taasisa, maalifin hin godhina hafee irraa nama hambisa. Yeroo waan bu’a qabeessa irra oolchuu dhiisuun,tokkoon tokkoo daqiiqaaf gatii eknnuu dhiisuun, hojii tokko yeroo murtaa’e keessatti qulqullinaan raawwachuu dhiisuun yeroo qisaasessuu dha.

Egaa isa darbe yaadatanii aaruu irraa boqochuuf cimanii hojjachuun dhibaa’ummaa balleessuu fi yoom maal hojjatamuun akka irra jiru beekuun abshaalummaa dha. Hirkattummaa jalaas nama baasa.

### 7.1.2. Faayidaa hojii fakkeenyummaa qabuu fi galataaf nama geessisu hojjachuun guddina biyyaaf qabu.

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Hojii fakkeenyummaa qabu yeroo jedhamu maal ibsuu f jedhameeti?
- Namoonni hojii galataaf nama geessisan hojjatan hawaasa biratti kabaja isaan qaban ibsaa.

Barsiisa! Gaaffiilee kanneen xiyyeeffannoo barattootaa harkisuu fi barnoota dhiyaatuuf qophaa'oo akka ta'aniif kaasuun kanneen murtaa'an deebii akka kennan carraa erga kennitaniifii booda deebiiwwan dhiyaatan dabtara isaanii irratti akka garagalchatan taasisaa.

**Gocha**

Barreeffama mata duree "Deessuu Jiituu" jedhuun dhiyaate dubbisuun gilgaala 3 jala gaaffiilee sadii jiran gareen mari'atanii akka hojjatan taasisaa. Barattoonni yeroo isaan dubbisanii fi mari'atan irra naanna'uun ilaalaa. Gaaffiilee irratti rakkoon hubannoo yoo jiraate ibsaafii.

- Fakkeenyaaf, gaaffii tokko ilaalchisee faayidaa ofii irra faayidaa biyyaa dursuu yeroo jedhamu bu'aa ofii, jireenya mijaa'aa tilmaamaa keessa osoo hin galchin kaayyoo maqaa biyyaa waamsisuuf gatii kaffaluu jechuu akka ta'e ibsaafii. Gaafiilee 2 fi 3 kallattiin dubbisicha dubbisanii deebii argachuu waan danda'aniif ibsa kan isaan barbaachisu miti.
- Gareewwan marii isaanii akka raawwataniin bakka bu'oota garee isaaniin deebiiwwan qopheessan barattoota dareef akka dhiyeessan taasisaa.
- Gaaffiilee barattoota irraa ka'an bu'uureeffachuun marii itti aanu gochuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Itti aansuun ibsa mata duricha jalatti dhiyaate dubbisuun gaaffiilee lama gilgaala 4 jalatti dhiyaatan mana isaaniitti hojjatanii akka dhufan taasisaa. Deebii isaaniis gaaffii jechaa fi deebiin akka dhiyeessan taasisaa. Isinis ibsa armaan gadii kennuufii ni dandeessu.

**Gaaffii Lakk. 1**. Namni tokko hojii biyya isaafis ta'e naannoo isaaf ta'u hojjachuu kan danda'u dursa hojii gaarii hojjachuun kan danda'amu ta'uu isaa ofii isaa amansiisee ka'uu yeroo danda'uu fi kanaafis abdii osoo hin kutin ciminaan yoo socho'eedha.

**Gaaffii Lakk. 2**. Hojiin tokko fakkeenyummaa kan qabuu fi kan nama galatoomfachiisu dha kan jedhamu hojjichi ofii irra hafee dhalootaaf kan darbu hojii gaarii yoo ta'edha. Hojiin faayidaa dhuunfaa irra darbee lammii fi biyya fayyada.

**Gudunfaa**.

- Dhuma irratti ijoowwan barnootichaa cuunfitanii dhiyeessuun ni xumurtu.

## 7.2. Hojii Karooraan hojjachuu *(wayitii 2)*

**Qophii daree/ Meeshaalee deggersaa**

- Chaartota karoora hojii adda addaa mana barnootaa keessatti dareen alatti raawwatamuuf qophaa'an

### 7.2.1. Raawwii hojii keessatti barbaachisuma sagantaa yeroo

**Gaaffiilee ka'umsa**

- Gabatee yeroo qopheessuun maaliif fayyada?
- Gabatee yeroo qopheessuun barataaf faayidaa inni qabu ibsaa?
- Hojii karooraan hiruun hojjachuu jechuun maal jechuudhaa?

Barsiisa! Gararraatti gaaffiileen ka'umsaa sadii dhiyaataniiru. Gaaffii duraa bifa itti aanuun sirreessuun ni filatama. "Gabateen yeroo maali?" Gaaffiin sadarkaa lammaffaa irratti dhiyaate faayidaa gabatee yeroo irratti waan ta'eef irra deebiisaa hambisa. Kana erga taasistanii booda gaaffilee dareedhaaf dhiyeessuun fedha barattoonni barnootaaf qaban kakaasaa. Gaaffii tokko tokkoon kaasuun barattoonni deebii akka irratti kennan taasisaa.

**Gocha**

- Barsiisa! Barattoonni gaaffiilee ka'umsaa irratti hubannoo fooyya'e akka argataniif dubbisa mata-duree "Godoo Baazginnaa" jedhuun dhiyaate dhuunfaatti daree keessatti akka dubbisan taasisaa. Dubbisanii xumuruu isaanii yeroo mirkaneeffattan gilgaala shan jalatti gaaffiilee lama dhiyaatan daree keessatti akka hojjatan taasisaa. Barattoonni hundi hojjatanii xumuruu isaanii yeroo mirkaneeffattan gaaffii jechaa fi deebiin sirreeffama akka fudhatan taasisaa.

Akkasumas hubannoo wal fakkaatu akka qabaataniif yaada xumuraa dhiyeessaafii. Qabxiiwwan itti aananii jiranis dhiyeessuufii ni dandeessu. Hojii tokko karoora baasanii socho'uuf humna namaa, meeshaalee fi yeroo qabnu walsimsiisuun sirnaan itti fayyadamnee bu'aa barbaadamu bira ga'uun ni dandaa'ama. Hojiin kan hojjatamu yeroo keessatti, hojiin hojjatame immoo bu'a qabeessa ta'uu kan danda'u karooraan yammuu gaggeeffamu dha.

**Gocha**

- Barsiisa! Gilgaala shan erga sirreessitanii fi yaada xumuraa erga dhiyeessitanii booda barattoonni yaadannoo itti aanu dubbisuun gilgaala jaha hoji manee godhanii akka fudhatan taasisaa. Guyyaa itti aanu bifa gaaffii fi deebiin akka sirreefamu erga taasistanii booda yaada xumuraa keessan dhiyeessaafii.
    - yeroo fi warqiin sababni itti walfakkaataniif lamaanuu mi'aa waan ta'aniifidha. Lamaanuu bakkaa fi yeroo kamittu gatiin isaanii kan eegame waan ta'eefidha.
    - Hojiin karoora hin qabne bu'a qabeessummaan isaa gaafachiisaadha. Bu'a qabeessa yoo ta'ellee yeroo dheeraa hinturu.
    - Hojiin sirriitti karoorfame humna namaa, meeshaalee fi yeroo hubannoo keessa galchuun waan hojjatuuf bu'a qabeessummaan isaa kan wal nama gaafachiisu hin ta'u. Hojiin osoo hin karoorfamin hojjatamu garuu bu'aa barbaadamu argamsiisuu hin dandeessisu.

**Ibsa**

- Mata duricha jalatti ibis gahaan waan kennameef qabxiiwwan ibsicha keessa baasuun cimsaatii dhiyeessuu yaalaa.

**Gudunfaa**

- Dhuma irratti raawwii kaayyolee barnootichaa agarsiisuu kanneen danda'an, barnootichas kanneen walitti sassaabuu dandeessisan gaaffiilee barattootaaf dhiyeessuun gaaffii fi deebiin xumuraa.

## 7.3. Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjatin jiraachuu (wayitii 2)

**Qophii daree/ Meeshaalee deggersaa**

- Poostarii/fakkii garaagarummaa jireenyaa namoota hojii hojjatanii fi hin hojjannee agarsiisu.
- Heera Mootummaa Federaalaa Dimokiraatawaa Reppuublikii Itoophiyaa.

### 7.3.1. Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjatin jiraachuun miidhaa inni guddina dhuunfaa fi biyya irratti geessisu.

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Hojii tuffachuu fi osoo hin hojjatin jiraachuun miidhaa inni fidu maali?
- Hojii tuffachuun miidhaa inni guddina nama dhuunfaa fi biyya irratti qabu maal isinitti fakkaata?

Barsiisa! Gaaffii kana barattootaaf dhiyeessuun namoota naannoo isaaniitti hojii hojjachuu osoo danda'anii garuu kan hin hojjanne daqiiqaa xiqqoof akka yaadatan itti himaa. Isa booda haala attamii keessa akka jiraatan gaafadhaa. Dhuma irratti namoonni akkasii hirkattummaan kan irratti muldhatu, fayyaa ta'anii osoo hojjatanii jiraachuu danda'anii harka namaa eeguun qaana'anii kanneen jiraatanidha jechuun gara xumuruutti akka dhufan taasisaa.

**Gocha**

- Itti aansuun dubbisa mata dure "Hiriyyoota" jedhuun dhiyaate dhuunfaan daree keessatti dubbisanii gaaffiiwwan lama gilgaala torba keessatti dhiyaatan bifa hojii dareen akka hojjatan taasisaa. Gaaffii lammaffaa ilaalchisee raawwachuu kan nama rakkisu yoo ta'e isin mataan keessan gahee keessummichaa taphachuu ni dandeessu.

Sirreessuuf akka ta'utti barattoonni deebii isaanii erga dhiyeessanii booda isin qabxiiwwan armaan gadii kennuufii ni dandeessu.

Dargaggoo tokko tokko irratti kan muldhatu yaadni osoo hin hojjatin nyaachuu maddi isaa ittigaafatamummaa mata ofii fi maatii ofii gidduu jiru addaan baasanii hubachuu dadhabuu fi yaada hirkattummaa irraa kan burqe ta'uu danda'a. Qabxiiwwan biroo kanneen akka maddaatti tuqamuu danda'an tarreessuun ni danda'ama.
Qabxiiwwan osoo hin hojjatin jiraachuu dhaabuuf fudhatamuu qaban keessaa inni jalqabaa tattaaffii naannoo hojii irratti ilaalcha namaa jijjiiruuf taasifamu yammuu ta'u itti aansuun immoo dargaggessi hojii uumuun hojjachuu kan isa dandeessisu ogummaa akka qabaatu gochuu ta'uu qaba. Namoota hojii osoo hin tuffatin hojii gosa adda addaa irratti hiriiranii bu'a qabeessa ta'anii fi namoota hojii tuffatamaa hojjatanii jireenya isaanii jijjiiran dhiyeessuun ni danda'ama.

**Gocha**

- Itti aansuun ibsa jechaa/yaadannoo mata duricha jalatti dhiyaate barattoonni dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Barataa hundi dubbisee xumuruu isaa yeroo mirkaneeffattan dubbisichi akka bareedina gonfatuuf ibsas yoo barbaachise ibsa kennuun isin dareef dubbisaa. Isa booda gilgaala sadeeti jalatti kanneen dhiyaatan gaaffiilee sadii bifa pirojeektiin gareen hojjatanii akka fidan taasisaa.

**Hojii pirojeektii isaanii yeroo dhiyeessan qabxiileen armaan gadii tuqamuu isaanii mirkaneeffadhaa.**

- Yaada cimaa hojii osoo hin tuffatin hojjatanii jiraachu gabbisuuf hojii ilaalchisee sagantaa ilaalcha dogoggoraa hawaasa keessa jiru jijjiiruu danda'u diriirsuu, dhaloota hojii uumee hojjachuu danda'u ogummaa adda addaan qopheessuun kanneen tuqamuu danda'an keessaa isaan muraasa.
- Guddinni biyyaa ida'ama bu'aa guddina namoota dhuunfaati. Kanaafuu, osoo hin hojjatin jiraachuun misooma biyyaaf gufuu ta'a.
- Seerri warqaawaan "namni hin hojjatin hin nyaatin" jedha. Namni hin hojjanne kan nyaatu yoo ta'e kan inni nyaatu kan inni itti hin dadhabin, kan dafqa biroon dhufe jechuudha. Kanaafuu, kan isaa kan hintaane irraa akka butetti lakkaa'ama jechuu dha.

### Ibsa

- Ibsi mata duricha jalatti kenname gahaa waan ta'eef qabxiiwwanuma sana cimsitanii kaasuun dhiyeessan yaalaa.

### Gudunfaa

- Dhuma irratti ijoo barnootichaa gabaasitanii dhiyeessuun xumuraa.

## 7.4. Kaayyoolee Misoomaa Fi Dinagdee *(wayitii 1)*

### Qophii daree/ Meeshaalee deggersaa

- Heera Mootummaa Fedaraalawaa Dimokiraatawaa Reppuublikii Itoophiyaa
- Imaammatoota misoomaa baadiyyaa fi industirii

### 7.4.1. Faayidaa kaayyolee misoomaa, dinagdee fi aadaa heeraan ba'an guddina biyyaaf qaban Seensa

### Gaaffiilee ka'umsaa

- Kaayyoleen misoomaa fi dinagdee guddina biyyaaf faayidaa maalii qabu?
- Kaayyoleen misoomaa fi dinagdee heeraan ba'uun isaanii faayidaa maali qaba?

Barsiisa! Gaaffiileen ka'uumsaa kunniin xiyyeeffannaa barattootaa harkisuu fi qophaa'ina isaanii kakaasuuf qofa waan ta'eef isaaniif dhiyeessuun gara gocha itti aanutti darbuu ni dandeessu.

### Gocha

- Yaadannoo mata duree kaayyoolee misoomaa fi dinagdee jedhu jalatti dhiyaate guutu isaa dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Itti aansuun isin tokkoon tokkoon qabxichaa ibsuufiin dubbisaafii. Kan dubbisame keessaa ifa kan hin taaneef yoo jiraate akka gaafatan carraa kennaafii.
- Itti aansuun gilgaala sagal jalatti gaaffiilee dhiyaatan daree keessatti gareen akka irratti mari'atanii fi qabxiilee irra gahan bakka bu'oota garee isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.
- Gareen hundumtuu erga dhiyeessee booda dhimma dhiyaate irratti gaaffiileen akka ka'uu gochuun miseensonni garees gaaffiilee dhiyaataniif ibsa akka kennan taasisaa.
- Kun erga ta'ee booda gilgaala kudhan bifa pirojeektiin hojjatanii (gareen) akka dhiyeessan yeroo turban tokkoo kennaafii
- Pirojektii hojjatames miseensonni garee wal-gargaaranii akka dhiyeessan taasisaa. Dhimmoota karaa gadi dhiisanis hordofuun sirreessuu yaalaa.

- Dhuma irrattis gilgaalota lamaan irratti isin yaada gudunfaa kennuun gara xumuraatti fidaa.  Qabxiilee armaan gadii akka yaada gudunfaatti dhiyeessuu ni dandeessu.
    - Guddinni biyyaa dhugaa kan ta’u Lammiin aadaa hojii cimaa gabbifate, akkasumas kaayyoleen misoomaa, dinagdee fi hawaasummaa tuquu fi imaammanni ummata kallatti agarsiisu yoo jriaatee fi kkf jechuun ni danda’ama.
    - Biyyi keenya guddinaan boodatti haftuudha kan jedhamu ulaagaa guddinaaf taa’e guuttee waan hin argamineefidha.
    - Kaayyoleen misooma tuqu heeraan taa’an hojii irra ooluu kan danda’an immoo mootummaa fi ummanni galma tokkoof harka walqabatanii tarkaanfachuu yoo danda’aniidha.

**Ibsa**

- Ibsi mata duricha jalatti dhiyaate gahaa dha.  Qabxiilee ijoota’anii fi wabiiwwan biroo fayyadamuun barnooticha ballistanii dhiyeessuuf yaalaa.

**Gudunfaa**

- Dhuma irratti ijoo barnooticha gabaabstanii dhiyeessuun xumuraa

## 7.5. Aadaa Hojii Cimaa *(wayitii 2)*

**Qophii idaree/Meeshaalee deggarsaa**

- Poostarii /fakkii namoonni gammachuun yeroo hojii adda addaa hojjatan agarsiisu.

### 7.5.1. Aaadaa hojii cimisu keessatti barbaachisummaa dandeetti fi naamusa ogumma

**Seensa**

**Gaaffiilee ka’umsaa**

- Gahee gabbinni dandeettii fi naamusni ogummaa aadaa hojii cimaaf qabu ibsaa.

Barsiisa!  Gaaffii ka’umsaa barattootaaf dhiyeessuun kaka’umsa barnootaaf qabaniif qophaa’oo ta’uu isaanii mirkaneeffadhaa.  Isa booda gara gocha itti aanutti darbaa.

**Gocha**

- Barsiisa, barattoonni gaaffii ka’umsaa haala fooyya’een hubatanii dubbachuu akka danda’aniif dubbisa mata duree “aadaa hojii cimaa kurii” jedhuun dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan taasisaa.  Itti aansuun gilgaala kudha tokko dubbisichairratti hundaa’uun dhuunfaan daree keessatti akka hojjatan taasisaa. Sirreeffama isaa jechaan gaaffii fi deebiin akka dhiyaatu taasisaa.  Deebiin karaa gadidhiise yeroo dhiyaatu sirreessaafii barataa hundi hubannoo walfakkaatu irra akka ga’u taasisaa.

**Gocha**

- Itti aansuun yaadannoo/ ibsa mata durichaaf dhiyaate dubbisuun gilgaala kudha lama mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa.  Sirreeffama isaas gaaffii fi deebii jechaan akka dhiyaatu taasiaa.  Hubannoo waliin dhahame akka hin fudhanne hordofuun sirreessuuf yaalaa.

**Ibsa**

- Naamusa ogummaa jechuun hojjataan tokko yeroo hojii isaa hojjatu amala agarsiisuu qabu jechuu dha. Jecha biroon naamusa ogummaa jechuun sirna ogummaan tokko gaafatu eeguun hojii hojjachuu jechuu dha.
- Aadaa hojii cimaa ijaaruun kan danda’amu ilaalchota hojii ilaalchise waliin dhahamoo fi dogoggoroo ta’an jijjiiruun yoo danda’ame dha.
- Naamusa walitti dhufeenya gaarin walbira qabnee ilaaluu ni dandeenya.  Naamusni kan barbaachisu walitti dhufeenya namoota gidduu jiru gaarii taasisuufidha.  Walitti dhufeenya gaarii keessatti waliigaluun ni

jiraata, namoonni waliigalanii yoo hojjatan misoomni ni jiraata, guddinni ni jiraata. Bu’aa gaariin immoo aadaa hojii cimaan akka jiraatu deggersa ni taasisa. Ni jabeessa.

- Naamusa ogummaa gabbisuuf tokkoon tokkoon lammii ogummaa itti hiriire irratti naamusa ogummicha gaafatu gonfachuun irraa eegama.

### 7.5.2. Kanneen biroo irraa barachuuf qophaa’oo ta’uu fi bu’aa ogummaa namoota biroo dinqisiifachuu

#### Seensa

Barsiisa! Barattoonni fakkii mata duricha jalatti dhiyaate akka ilaalan gochuun ergaa fakkichaan akka darbu barbaadame ilaalchisee tilmaama isaanii akka dubbatan taasisaa. Gaaffii itti aanee dhiyaates akkuma kanatti dhiyeessaafii. Dandeettii addaa qaban namoonni biroon yammuu isaaniif dinqisiifatan maal akka itti dhagahamuu fi faayidaa isaas miira itti dhagahamu irraa ka’anii akka dubbatan jajjabeessa.

#### Gocha 1.

- Itti aansuun dubbisa mata duree “Barsiisaa wantaamoofi barsiiftuu Bashaadduu” jedhu jalatti dhiyaate akka dubbisan taasisaa. Dubbisicha erga dubbisanii booda isinis yeroo tokko dabalaa dubisaafiitii gilgaala kudha sadii dubbisicha irratti hundaa’uun dhuunfaan daree keessatti hojjatanii akka dhiyeessan taasisaa. Sirreeffama isaas gaaffii fi deebii jechaan akka dhiyeessan taasisaa.

#### Gocha 2.

- Itti aansuun ibsa/yaadannoo dhiyaate gareen ta’anii tartiibaa akka dubbisan gochuu fi gilgaala kudha afur bifa hoji maneetiin hojjatanii akka dhufan
- Qabxiilee irra gahan bakka bu’oota garee isaaniitiin dareef akka dhiyeessan taasisaa. Barattoonni biroon gaaffii yoo qabaatan akka gaafatan carraa kennaafii. Gaaffiilee gaafatamaniif miseensonni garee walgargaaruun deebii akka kennan jajjabeessaa.
- Dhuma irratti isin yaada gudunfaa kennuun barnoota wayitichaa gara xumuraatti fidaa.

#### Ibsa

- Biyyi tokko hojiin guddachuu kan dandeessu namoonni ogummaa adda addaa qaban ogummaa isaanii misoomaa fi badhaadhina biyya isaaniif oolchuu yoo danda’aniidha.

Namni tokko ogummaa hunda qabaachuu hindanda’u. Kanaafuu, ogummaa namoota biroon fayyadamuun dirqama ta’a. Ogummaa namoota biroon fayyadamaa amma ta’etti guddinni ogummichaa naanna’ee naanna’ee kan isa fayyadu ta’a. Ogummaa isaatti kan fayyadamu abbaa ogummichaa qofa osoo hin taane namoota biroos dabalteeti. Kanaafuu, aadaa ogummaa namootaa dinqisiifachuu faayidaa keenyaaf jennee gabbifachuun dhimma nurraa eegamuudha.

Ogummaa fi dandeettii namoota biroo dinqisiifachuun faayidaan isaa guddaa dha. Namni tokko ogummaa fi dandeettiin isaa yeroo dinqisiifamuuf ni jajjabaata, bu’aa olaanaaf tattaaffii guddaa taasisa, kanaanis ofii isaafi lammii isaa ni fayyada. Ogummaa namoota biroo ilaaluun immoo muuxannoo kanneen biroo irraa barachuuf nama dandeessisa, dogoggora kanneen biroon hojjatan akka hin daballe nu gargaara. Haala kanaan yaada waliigalaa dhiyeessuun gara xumuratti fiduun ni danda’ama.

#### Gudunfaa

- Dhuma irratti gaaffiilee raawwatummaa kaayyolee barnootichaa agarsiisuu danda’an barattootaaf dhiyeessuun barnooticha gudunfaa.

## Deebiiwwan Gaaffiilee keessa deebii

**I. "Soba yookiin Dhuga"**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Soba

**II. Walitti Firoomsuu**

1. D 2. E 3. F 4. A 5. C

**III. Bakka Duwwaa**

1. Naamusa
2. Karoora

**IV. Filannoo**

1. D 3. D 5. A
2. A 4. D

**V. Deebii gabaabaa**

1. Hojii kamiyyuu kaayyoon isaa inni duraa fedha bu'uraa hojjatichaa guutuuf tattaaffii taasifamu hanga ta'etti hojii guddaa dha, xiqqaadha jechuun gargar baasuun hiikkaa hinqabu jechuudha.
2. Ibsitoonni hirkattummaa kanneen ta'an osoo hin hojjatin dadhabbii kanneen biroon jiraachuuf yaaluu, hojii tuffachuu fi filachuu, wanta itti hin dadhabin argachuuf yaaluu, kadhaa fi kkf dha.
3. Yeroo sirnaan itti fayyadamuu yeroo jedhamu yeroo osoo hin qisaasessin kaayyoo yaadameef irra oolchuu jechuudha.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## Barannoo 1. Yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjachuu

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Kaayyoo fi qabiyyee barannoo guyyichaa beeksisuu<br>• Yeroo osoo hin qisaasessin cimanii hojjachuun faayidaa inni misooma biyyaaf qabu maali? Gaaffii jedhu barattoota dareef dhiyeessuun deebii barattoota irraa fudhachuu | • Dhaggeeffachuu<br>• Gaaffii ka'umsaaf dhiyaateef deebii sirrii ta'e kennuu. |
| **20'** | • Gochawwan daree keessatti raawwachuu irra jiru irratti qajeelfama kennuu. Qajeelfama kenname irratti hundaa'uun hojjatamuu isaa hordofuu<br>• Dubbisa mata duree "Barreessaa Gaazexaa Naannessee Gurguru" jedhuun dhiyaate jalqaba dhuunfaan akka dubbisan gochuun keessa deebi'uun barattootaaf dubbisaafii<br>• Dubbisicha irratti hundaa'uun gochi daree akka raawwatu ajajuu<br>• Hojiin daree hojjatame akka dhiyaatu gochuun sirreeffamni isaa gaaffii fi deebiin akka ta'u gochuu | • Qajeelfama kennamuufiin hojii daree hojjachuu<br>• Dubbisicha dhuunfaan dubbisuu, barsiisaanis yammuu dubbisu xiyyeeffanaan dhaggeeffachuu.<br>• Gaaffii fi deebiin waan hojjatan dhiyeessuun sirreeffamas fudhachuu<br>• Gaaffii gaafachuu |
| **10'** | • Yaada gudunfaa kennuun barnoota guyyichaa walitti qabuu<br>• Gaaffiilee galma ga'uu kaayyichaa mirkaneessuu danda'an kaasuun mad-aaluu. | • Yaada xumuraa barsiisichaa dhaggeeffachuu, hirmaannaas taasisuu.<br>• Gaaffiilee ka'aniif deebii sirrii ta'e kennuu |

# BOQONNAA SADDEET

## OF DANDA'UU

***(Wayitii ramadame 6)***

Barattoonni boqonnaa kana baratanii erga xumuranii booda:

- Faayidaa mataa ofii hirkattummaa irraa bilisa gochuu fi kabaja ofii kennuun qabu ni qayyabatu.
- Miidhaa daldalli kontiroobaandii qabu ni beeku.
- Barbaachisummaa ofitti amanuu ni hubatu.

| Lakk | Barannoo | Kaayyoo gooree | Meeshaalee deggersaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Hirkattummaa irraa bilisa ta'uu | • Hirkattummaa irraa bilisa ta'uuf gochawwan raawwatamuu qaban ni tarreessu.<br>• Faayidaa hirkattummaa irraa bilisa ta'uun qabu ni ibsu<br>• Jibbisiisummaa daldala kontiroobaandii ni ibsu.<br>• Daldala kontiroobaandii ittisuuf tattaaffii taasifamaa jiran ni ibsu | |
| 2 | Ofitti amanuu | • Barbaachisummaa miira ofitti amanamummaa ni ibsu.<br>• Kanneen ofitti amanan ta'u. | |

### 8.1. Hirkattummaa Irraa Bilisa ta'uu *(wayitii 3)*

**Qophii daree/ Meeshaa deggersaa**

- Poostarootaa fi suuraawwan namoota jireenya isaanii mo'achuuf hojiiwwan adda adda hojjatan agarsiisu.

#### 8.1.1. Hirkattummaa irraa Bilisa ta'uuf mataa ofiif kabaja kennuu

**Seensa**

Barsiisaa! Qaama miidhamaa fakkicha irratti argamu hubatanii akka ilaalanii fi miira attamii isaan irratti uumuu akka danda'e tilmaamuuf yaalaa. Itti aansuun gaaffii ka'umsaaf qophaa'e dhiyeessaafii.

**Gaaffii ka'umsaa**

- Ofiif kabaja kennuun miira olaantummaa irraa maaliin adda ba'a?

Barsiisaa! Barattoonni fakkicha irraa kan argan bu'uureffachuun ofiif kabaja kennuun maal jechuu akka ta'e akka dubbatan barattoota murtaa'aniif carraa kennaafii. Ofiif kabaja kennuun miira olaantummaa wajjin maaliin adda akka ta'e dubbachuun itti ulfaachuu waan danda'uuf isin ibsa kennaafii. (sagantaa barnooticha irratti mala baruu barsiisuu taa'e ilaalaa)

**Ibsa**

- Qaama miidhamaan fakkicha irratti muldhatu gateetti nama biroo irra jiraachuu dhiisuuf osoo hin murteessine ta'ee/ offif kabaja hinlaatne ta'ee/ maal ta'ee hafuu akka danda'u akka tilmaaman taasisaa. Ofiif kabaja kennuun jechuun dandeettii qabnuun garafuulduraatti jireenya keenya akka nuuf milkaa'u gochuuf murteessuu dha.

**Gocha**

- Itti aansuun hubannoo fooyya'e argachuu akka danda'aniif dubbisa qaama miidhamaa fakkicha irratti muldhatu ilaalchisee dhiyaate barattoonni dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Isa booda gareen ta'anii gilgaala tokko hojjatanii bakka bu'oota isaaniin dareef akka dhiyeessan taasisaa.

**Gocha**

- Barsiisa! Yaadannoo mata duree xiqqaa barattoonni hirkattummaa irraa bilisa ta'uu jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii gilgaala lama dhuunfaan daree keessatti akka hojjatan itti himaa. Sirreeffama isaas bifa gaaffii fi deebiin dhiyeessaa. Deebii sirrii ta'es yaadannicha keessaa argachuu akka danda'aniif gargaaraa.

**Ibsa**

- Ofiif kabaja kennuu yammuu jedhamu waan harkaa qaban fayyadamuun kanneen biroo irratti hirkataa ta'uu dhiisuuf murtii taasifamudha. Waan qabnu arguu danda'uun ofiif kabaja kennuu keessaa isa jalqabaati. Gargaaramaa nama biroo ta'uu dhiisuuf murteessuunii fi tarkaanfii fudhachuun ofiif kabaja kennuudha. Miirri olaantummaa garuu oftuulummaadha. Kan hintaane ta'anii muldhachuu fi kanneen biroo xiqqeessanii ilaaluuf yaalii taasifamudha. Egaa namni tokko bakka ofii isaa sirrii ta'e ilaalee kallattii jireenya isaa gaggeessuuf yoo murteesse hirkattummaa irraa bilisa ta'uuf humni isaa dhorku hin jiraatu.

### 8.1.2. Hirkattummaa irraa bilisa ta'uuf ofdanda'uu

**Seensa**

**Gaaffilee ka'umsa**

- Hirkattummaa irraa bilisa ta'uu jechuun maal jechuudha?
- Of danda'uu jechuun maal jechuu dha?

Barsiisa! Barattoonni gaaffiilee ka'umsaa armaan olitti dhiyaatan waan beekan akka deebisan jajjabeessaa. Qaama miidhamaan fakkicha irratti muldhatu hirkattummaa irraa bilisa ta'uu fi ofdanda'uuf osoo hin murteessine ta'ee carraan isaa maal ta'uu akka danda'u hubannoo fudhatanii deebii akka kennan gargaaraa.

**Gocha**

- Hubannoo fooyya'eef dubbisa mata duree "Baddiluu" jedhuun dhiyaate dubbisuun gilgaala sadii gareen hojjatanii dareef akka dhiyeessan taasisaa. Itti aansuun yaadannoo mata duricha jalatti dhiyaate dubbisuun gilgaala afur mana isaaniitti hojjatanii akka dhufan taasisaa.

**Ibsa**

- Namni tokko hirkattummaa irraa bilisa ta'uu fi ofii isaa danda'uuf dandeettii qabu fayyadamuu yoo danda'ee fi haallan carraan uumeef fayyadamuun rakkoolee obsaan darbuuf yoo yaale galma yaade ga'uun isaa hin hafu. Kanaafuu, hirkattummaa irraa bilisa ta'uuf ofdanda'uun haal duree waan ta'eef haalli kun amala lammii gaarii irraa eegamudha.

### 8.1.3. Gumaacha hirkattummaa keessaa bahuun guddina dinagdeef, hawaasummaa fi ijaarsa Lammii gaariif qabu.

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Hirkattummaa keessaa bahuun guddina dinagdee fi hawaasummaa biyyaaf maal gargaara?

Barsiisa! Gaaffii armaan olitti gaafatame barattoota kakaasuu fi barnoota itti aanuuf qophaa'oo ta'uu isaaniif haala mijeessuuf qofa dhiyeessuun gara gocha itti aanutti darbaa. Barattoonni waan jedhan yoo jiraate garuu carraa kennaafii.

**Gocha**

- Barsiisa! Dubbisa mata duree "Jarman kufaatii hamaa kufte keessaa attamiin ba'uu dandeesse" jedhuun dhiyaate barattoonni jalqaba dhuunfaan achii immoo gareen ta'uun akka dubbisanii fi gilgaala shan gareen hojjatanii akka dhiyeessan taasisaa.

Gaaffii gaafatamaniif deebii argachuufis yaadannoo mata duricha jalatti dhiyaate akka dubbisan gargaraa. Keessuma gaaffii jalqabaaf deebii kallattii yaadannicha irraa argachuu akka danda'anii fi isuma gara haala qabatamaa Itoophiyaatti deebisuun, gaaffii lammaaffaafis bifa kallattiin hin taaneen deebii isaa achum yaadannoo sana keessaa argachuu akka danda'an mirkaneessaafii.

**Ibsa**

- Biyyi tokko guddachuu fi badhaadhuuf kan dandeessu qabeenya uumamaa olaanaa ta'e waan qabdu qofaaf miti. Yeroo dubbichi garagalee arginus ni jira. Fakkeenyaaf, Jaappaan biyya qabeenya uumamaa gahaa ta'e qabdu miti. Haa ta'u malee biyyoota muraasa addunyaa keessaa garmalee badhaadhaniiru, guddataniru jedhaman keessatti argamti. Egaa guddinaa fi badhaadhina biyya tokkoof murteessaan bu'aa waliigalaa ilaalchaa fi hojii lamiileeti jechuun ni danda'ama. Hirkattummaa irraa bilisa ta'uun kan danda'amu ilaalcha ofii jijjiiruun, dhimmoota birmadummaa biyyaa balaa irra buusan addaan baasuun lamiilee gaarii ofitti amanan, hirkattummaa kanneen dhabamsiisan horachuunii dha.

### 8.1.4. Kontiroobaandii fi Miira Hirkattummaa

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Miidhaa daldalli kontiroobaandii jireenya dinagdee fi hawaasummaa biyyaa irraan gahu maali?

Barsiisa! Gaaffii ka'umsaa barattoota dadammaqisuu fi hubannoo isaan naannoo mata durichaa irratti qaban beekuuf bifa gargaaruun dhiyeessaa. Deebii hanga danda'an akka kennaniif barattoota murtaa'aniif carraa kennaafii. Deebii isaanii booda waliin ilaaluu akka danda'aniif gabatee gurraacha irratti barreessaa. Itti aansuun fakkii 8.2 irraa hubannoo attamii akka fudhatan gaafadhaa.

**Gocha**

- Seenaa “Fallaqaa Daldalaa Seeraan Alaa” mata duree jedhuun dhiyaate barattoonni dhuunfaan erga dubbisanii booda gareen ta’anii gilgaala jaha daree keessatti akka dubbisan ajajaa.

Itti aansuunis yaadannoo mata duricha jalatti dhiyaate dhuunfaan dubbisuun gilgaala 7 gareen ta’anii bifa hoji maneen hojjatanii daree keessatti akka dhiyeessan gochuun akka irratti mari’atan jajjabeessaa.

## Kontiroobaandii fi Miira Hirkattummaa

Dhuma irratti isin yaada gudunfaa armaan gadii kennuufii ni dandeessu. Daldalli kontiroobaandii dinagdee biyyaa fi jireenya hawaasummaa irratti dhiibbaa inni fidu olaanaa ta’uu isaa ilaaluun ni danda’ama.

**Dhiibbaa Dinagdee inni fidu**

- Sirna daldalaa seerawaa kan jeequ ta’uu isaa,
- Gabaan biyya keessaa akka hin tasgabboofne gochuuf dandeetti kan qabu ta’uu isaa,
- Daldalaa seera qabeessummaan hojjatu gabaa keessaa kan baasii ta’uu isaa.
- Kanarraa ka’uun galiin mootummaa akka hir’atu gochuu kan danda’u ta’uun isaa kanneen tuqamaniidha.

**Daldala Biyya Alaatiin yammuu ilaalamu**

- Daldala gabaa dhoksaa daldaltoonni seera qabeessa ta’an hanqinni maallaqa jijjiirraa alaa akka isaan mudatu gochuun hojii daldalichaa jeeqa, galii biyyattiin daldala alaa irraa argachuu qabdu akka hin arganne taasisuun misooma ishee boodatti harkisa.

**Diibba Karaa Hawaasummaa inni fidu**

- Meeshaaleen seeraan ala biyya keessa galan qulqullina isaanii kan eegan waan hintaaneef fayyaa ummataa irratti miidhaa geessisu.
- Lammiiwwan daldala oomisha xixiqqaa irratti bobba’an gabaa dhabsiisuun hojii dhabdoota taasisu.

**Gudunfaa**

- Dhuma irratti gaaffiilee raawwannaa kaayyolee barnootichaa mirkaneessuu danda’an barattootaaf dhiyeessuun barnooticha gudunfaa.

## 8.2. Ofitti Amanamummaa *(wayitii 3)*

**Qophii daree /Meeshaalee deggersaa**

- Suurawwan, poostaroota fi kkf namoota ogummaa adda addaa keessatti bobba’an agarsiisu.

### 8.2.1. Barbaachisummaa Miira ofitti amanamummaa gabbifachuu

**Seensa**

**Gaaffiilee ka’umsaa**

- Ofitti amanuun maal fayyada?
- Miira ofitti amanummaa gabbisuuf maal gochuutu barbaachisa?

Barsiisa! Miira ofitti amanamummaa gabbisuun maaliif akka barbaachisu barattoota gaafadhaa. Deebii sirrii ta’e akka deebisan jajjabeessuun barattoota murtaa’an irraa deebii fudhadhaa. Deebiiwwanis barattoonni akka dabtara isaanii irratti galmeeffatan taasisaa.

**Gocha**

- Barattoonni dubbisa “Ija laafuu” jedhu dhuunfaan akka dubbisan erga taasistanii booda isin sagalee keessan olkaasuun suuta jedhuun daree guutuuf dubbisaa. Isa booda gilgaala saddeet dhuunfaan daree keessatti akka hojjatan ajajaa. Gilgaalichas hojjatanii erga xumuranii booda sirreeffama isaa bifa gaaffii fi deebii jechaan dhiyeessuun qabxiilee armaan gadii kennuun gara gocha itti aanutti ce’uu ni dandeessu.
  - Walalicha keessatti amaloota ija laafaa nama jechisiisan keessaa rifachuu, soda, ol jedhanii nama ilaaluu dhiisuu, of dadhabuu, boquu gadi buusuu, callisuu, ofitti amanuu dhabuu jechuun tarreessuun ni danda’ama.
  - Ija laafaa ta’uun ofitti amanamummaan akka hin jiraanne taasisa, nama boodatti nama hambisa, yaada dadhabaa nama qabu nama taasisa, miira hirkattummaa nama keessa bulcha.

**Gocha**

- Barattoonni yaadannoo baldhaa mata duricha jalatti dhiyaate dhuunfaan dubbisanii gilgaala sagal mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa. Sirreeffama isaas bifa gaaffii fi deebiin taasisaa. Dhuma irrattis qabxiiwwan yaadannicha keessaa kaasuun gaaffiilee dhiyaataniif deebii sirrii ta’e kennaafii. Yaadanicha keessatti dhimmoonni tarreeffamaan waan dhiyaataniif gara sanatti isaan geessaa. Dhuma irratti hojii garee jedhamee gochi dhiyaate kan keessa deddeebi’ame waan ta’eef yeroon kan hin geenye yoo ta’e dhiisuu nidandeessu.

## Barbaachisummaa Miira Ofitti Amanamummaa Gabbisuu

Miira ofitti amanamummaa gabbisuun wantoota baayyeef gargaara. Wanti miira ofitti amanamummaa gabbisuu dandeessisu kan qophaa’e hin jiru yoo ta’ellee qabxiiwwan murtaa’an tilmaama keessa galchuun ni fayyada. Miira ofitti amanamummaa cimsuuf dursee dandeetti ofii beekuu fi gabbisuun ni barbaachisa. Yaada nama biroo kabajuu fi isaan irraas barachuuf yaaluun muuxannoo waan gabbisuuf ni fayyada. Dhugaa ciminaan fudhachuu, karooraan gaggeeffamuu fi hojii madaaluun miira ofiitti amanamummaa gabbisuuf ni dandeessisu.

### 8.2.2. Faayidaa Ofitti amanamummaan ofiif, maatii ofii fi guddina biyyaaf qabu

**Seensa**

**Gaaffii ka’umsaa**

- Ofitti amanuun ofiif, maatii ofii fi biyyaaf faayidaa maal kenna?

Barsiisa! Barattoonni gaaffii ka’umsaa dhiyaateef waan beekan akka dubbatan jajjabeessaa. Barattoota murtaa’an irraa deebii fudhadhaa. Deebii kennanis dabtara isaanii keessatti akka barreessan itti himaa kana gochuun kan isaan barbaachiseef booda waliin ilaaluuf waan isaan gargaaruufidha.

**Gocha**

- Barattoonni dubbisa mata duree “Milkaa’ina adde Zamzam” jedhuun dhiyaate dhuunfaan akka dubbisan taasisaa. Barbaachisaa yoo ta’e isinis keessa deebi’aatii dubbisaafii. Isa booda gilgaala kudhan daree keessatti dhuunfaan akka hojjatan taasisaa. Sirreeffama isaas gaaffii fi deebii jechaan taasisaa. Yaadawwan armaan gadii dhiyeessuu ni dandeessu.
  - Amala ofitti amanamummaa adde Zamzam ibsan keessaa kanneen itti aanan tuquun ni danda’ama. Adde Zamzam yaada fayyadu ni dhiyeessiti, waliin murteessuufis fedha qabdi, hojii fi murtii waliigalteen ni raawwatti, walirraa barachuuf fedha qabdi, beekumsa qabdu kanneen biroof ni hirti. Wantoota haaraa ka’an yaaluuf gara boodatti hin deebitu, waan hin beekne ni

gaafatti, dogoggora ofii ishees ta’e kan nama biroo sirreessuuf qophooftuudha. Dhuma irratti hojii ishee kan hojjattu bu’aan isaa itti muldhachaa dha jechuun ni danda’ama.

- Deebiin gaaffii lammaffaa yaadannicha keessaa argachuun waan danda’amuufi yaadannichatti fayyadamaa.

**Gocha**

- Yaadannoo mata duricha jalatti dhiyaate barattoonni akka dubbisan taasisaatii gilgaala kudha tokko mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa. Sirreeffama isaas bifa jecha gaaffii fi deebiin akka dhiyaatu taasisaa.

**Ibsa**

- Ibsi mata duricha jalatti dhiyaate gahaa waan ta’eef qabxiiwwan achi keessaa baasuun ifa gochuun dhiyeessuu yaalaa.

**Gudunfaa**

- Dhuma irrattis yaadawwan ijoo barnootichaa gabaabsitanii dhiyeessuun barnooticha gudunfaa.

## Deebiiwwan gaaffiilee keessa deebii

**I. "Dhugaa" "Soba"**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Dhugaa 4. Soba 5. Dhugaa

**II. Walitti Firoomsuu**

1. B 2. D 3. E 4. C/A

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Kan saaxiltuu
2. Hirkattummaa irra
3. Ofitti amanuu

**IV. Filannoo**

1. D 2. C 3. A/D 4. D 5. D

**V. Deebii gabaabaa**

1. Ibsi "kan ofii isaa hin dandeenye bilisummaa hin qabu" jedhu sadarkaa nama dhuunfaan yammuu ilaalamu namni akkasii namoota biroo irratti hirkataa waan ta'uuf yaada ofii isaa hin tarkaanfachiisu, murtii jireenyaa inni murteessu hundi namoota itti hirkate gammachiisuuf kan taasifamu dha. Kana waan ta'eef bilisummaan isaa kan sarbamedha. Sadarkaa biyyaattis yammuu ilaalamu akkuma kana. Biyyi ofii ishee hin dandeenye dhimma ofii ishee irratti kan hundaa'e karoora, tarsiimoo misoomaa fi wixinee guddinaa hin qabaattu. Yeroo hundumaa yaada dhaabbataa fi biyya itti hirkattu dhaggeeffachuu fi haaluma sanaan socho'uuf ni dirqisiifamti. Kana waan ta'eef kallatti guddinaa barbaaddeen tarkaanfachuuf bilisummaa hin qabaattu.
2. Ofiif kabaja kennuuf jecha haala kamiinuu gadi of qabaanii ilaaluu dhiisuu jechuu dha. Kana jechuun namni tokko amma ta'een olitti ofi ilaaluu dhiisuu jechuudha.
3. Meeshaaleen kontirobaandiin biyya keessaa ba'an keessaa horii dhaabbii, caatii, buna, dabareewwan seenaa, warqii, gogaa fi kallee kanneen tuqamaniidha.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## 8.1 Hirkattummaa Irra Bilisa Ta’uu

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Barattoonni fakkii mata duree hirkattumama irraa bilisa ta’uuf ofiif kabaja kennuu jedhu jalatti dhiyaate ilaaluun waan hubatan akka dubbatanii fi gaaffii ka’umsaa dhiyaateef deebii akka kennan gochuun barnoota guyyichaa eegalu.<br>• Deebii barattoonni deebisan gabatee gurraacha irratti barreessuun akka isaan dabtara isaanii irratti garagalchatan gochuu.<br>• Dubbisicha dubbisuun gilgaala tokko gareen ta’anii hojjatanii akka dhiyeessan ajajuu.<br>• Gilgaalaaf sirreeffama tokko kennuu<br>• Yaadannoo mata duree hirkattummaa irraa bilisa ta’uu jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii gilgaala lama akka hojjatan itti himuu, daree to’achuu, sirreeffama kennuu | • Fakkichaan ergaa dabarsuun barbaadame dhuunfaan qorachuun dubbachuu.<br>• Gaaffii gaafatamaniif deebii sirrii ta’e kennuu<br>• Dubbisicha dubbisuu fi filfaalicha hojjachuu.<br>• Gaaffii fi deebiitti hirmaachuu fi sirreeffamas fudhachuu<br>• Gilgaala lama hoji manee gochuun fudhachuu fi hojjaachuu.<br>• Sirreeffama fudhachuu |
| **10'** | • Gaaffiilee milkaa’ina kaayyichaa argamsiisan gaafachuun madaaluu<br>• Gudunfaa dhiyeessuu fi barannichaa gara xumuraatti fiduu | • Gaaffiilee gudunfaaf deebii kennuu (Gudunfaa irratti hirmaachuu)<br>• Xiyyeeffannaan dhaggeeffachuu. |

# BOQONNAA SAGAL

## AADAA QUSANNAA

***(Wayitii 4)***

Kaayyoolee Gooroo:- Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu ni qayyabatu
- Karooraa fi akka humnaatti gaggeeffamuun faayida qabeessa ta'uu isaa ni hubatu.

| Lakk | Barannoo | Kaayyoo gooree | Leecalloo biroo faayida qabeessa ta'an |
|---|---|---|---|
| **1** | Qusannaa | • Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu ni ibsu<br>• Gahee qusannaan guddina biyyaa keessatti taphatu ni ibsu<br>• Akka humna isaaniitti qusatoo ta'u | Fiilmoota, poostaroota, suuraawwan dhaabbilee qusannaa akkasumas namoonni yeroo isaan dhaabbilee kanneenitti tajaajilaman agarsiisan. |
| **2** | Karooraanii fi akka humnaatti gaggeeffamuu | • Karooraanii fi akka humnaatti gaggeeffamuun faayidaa inni guddina biyyaaf qabu ni ibsu<br>• Gochawwan raawwatan karooraanii fi akka humnaatti gaggeessu | • Chaartota adda addaa karoora agarsiisan |

### 9.1. Qusannaa *(wayitii 2)*

**Qophii daree- Meshaalee deggersa barnootaa**

- Poostarootaa fi suurawwan dhaabbilee qusannaa fi yeroo namoonni dhaabbilee kanneenitti tajaajilaman agarsiisu.

#### 9.1.1. Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu *(wayitii 1)*

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Aadaan qusannaa barbaachisaadha yammuu jennu maal jechuu isinitti fakkaata?
- Gabbinni aadaa qusannaa lammiilee ofii isaanii irra darbee faayidaa inni biyyaaf qabu tarreessaa.

Barattoonni gareen ta'uun gaaffiilee ka'umsaa armaan olitti dhiyaatan irratti mari'achuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

**Gocha (Hojii daree- gareen)**

- Barreeffama mata duree “kan ijoolleen bukeessite irbaataaf hin gahu” jedhuun dhiyaate gareedhuma keessa jiraniin dubbisanii gilgaala 1 keessa gaaffiilee 2 jiran irratti mari’achuun deebii isaanii qopheessanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

**Ibsa**

- Kitaaba barataa keessatti barreeffama gilgaala 1tti aanee barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu jedhu bu’uureffachuun ibsa gabaabaa kennaafii.

**Gocha (Hojii daree-gareen)**

- Yeroon yoo kan hafu ta’e gilgaala 2 gareen irratti mari’atanii deebii akka kennan taasisaa. Yeroon yoo xiqqaate dhuunfaan akka irratti yaadan itti himuun darbuu ni dandeessuu.

### 9.1.2. Aadaa Qusannaa gabbifachuun faayidaa inni misooma biyyaaf qabu. *(wayitii 1)*

**Seensa**

**Gaaffii ka’umsaa**

- Gabbinni aadaa qusannaa faayidaa inni guddina biyyaaf qabu ibsaa.

Barattoonni gareen ta’uun gaaffii ka’umsaa armaan olitti ka’e irratti mari’achuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

**Gocha (Hojii daree-dhuunfaan)**

- Barreeffama gabaabaa mata duree “Gahee lammummaa misoomaaf” jedhu jalatti dhiyaate dhuunfaan dubbisuun gaaffiilee 2 gilgaala 3 keessa jiran akka hojjatan taasisaa. Deebii isaan barreessan irra naanna’uun ilaalaa. Dabtara isaanii soroorsaafii. Barattoonni deebii baayyee gaarii deebisan ka’anii daree keessatti hiriyyoota isaanii fuuldura dhaabbachuun deebii isaanii akka dhiyeessan taasisaa.

**Ibsa**

- Aadaan qusannaa gabbachuun bu’aa inni guddina biyyaatiif qabu gabaabsaatii itti himaa.

**Gocha (Hojii daree-deebii jechaan)**

- Barattoonni gaaffiilee lama gilgaala 4 keessa jiran jechaan akka deebisan taasisaa.

### 9.1.3. Qisaasummaa fi Barsiifattoota Boodatti Hafoo

**Gocha (Hojii daree-deebii jechaa)**

- Ka’umsaaf jecha qisaasummaa fi barsiifattoota boodatti hafoon maal akka ta’an barattoonni deebii jechaan akka kennan taasisaa.

**Ibsa**

- Deebiiwwan barattoota adda addaa erga walitti qabdanii booda maalummaa qisaasummaa fi barsiifattoota boodatti hafoo kan kitaaba barataa keessa taa’e bu’uura godhachuunii fi qusaasummaa fi barsiifattoota boodatti hafoo dhabamsiisuun akka barbaachisu cimsitanii hubachiisuun gudunfaa. Dhuma irratti ibsa gabaabaa kennaafii.

**Gocha (Hoji manee – Gareen)**

- Hojee garee isa jedhu barattoonni fedha isaaniin garee hundeessan waliin ta’uun hojjatanii fiduun dareef dhiyeessanii akka irratti mari’atan taasisaa.

## 9.2. Karooraa fi Gita humna ofiin buluu *(wayitii 2)*

**Qophii daree – Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Chaartota karoora adda addaa agarsiisan

### 9.2.1. Karooraa fi akka humna ofiin jiraachuun faayidaa inni guddina biyyaaf qabu

**Seensa**

**Walaloo sirbaa fi gaaffii ka’umsaa**

“Humna ofii beekanii jiraachuun gaarii dha”
Dandeettii guddaa dha”

- Alaloon kun ergaa attamii akka dabarsu ibsaa.

Barattoonni cimdiin yookiin garee xiqqaan ta’uun himoota walalichaa xiinxaluun ergaa attamii akka dabarsu irratti mari’achuun akka ibsan taasisaa. Itti aansuun karoorri maal akka ta’e jechaan akka ibsan barattoota murtaa’aniif carraa kennaafii

Karooraa fi gita humna ofiin gaggeefamuu jechuun maal jechuu akka ta’e akka ibsan barattootaaf carraa kennaa.

**Gocha (Hojii daree)**

- Barattoonni dhuunfaa isaaniin seenaa mata duree “yookiin liqeeffaataa yookiin liqeessaatu du’a” jechuun dhiyaate dubbisuun gilgaala 5 keessa gaaffiilee lama jiran jechaan deebii akka irratti kennan taasisaa.

**Gocha (hojii daree-gareen)**

- Barattoonni gareen hiramanii A) gita humna ofiin jiraachuu fi B) karooraan gaggeeffamuu mata duree jedhu jalatti barreeffamoota dhiyaatan dubbisuun gilgaala 6 keessa kanneen jiran gaaffilee 1ffaa fi 2ffaa mariin akka hojjatan taasisaa. Marichas hordofaa. Deebii isaanii soroorsaafii.

**Gocha (Hoj manee)**

- Gaaffii 3ffaa gilgaala 6 keessa jiru dhuunfaan mana isaaniitti hojjatanii akka dhufan taasisaa. Dabalataan gilgaala 7 keessa gaaffiilee lama jiran yaalanii akka dhufan taasisaa.

**Gocha (Hoji daree- gareen)**

- Guddinni dhuunfaa guddina biyyaaf attamiin akka fayyadu irratti mari’achuun deebii isaanii akka qopheeffatan taasisaa.

Seenaa gabaabaa mata duree “Mucaan carraa isaa guddata” jedhuun dhiyaate dubbisuun gilgaala 8 keessa gaaffiilee jiran akka hojjatan taasisaa. Irra naanna’uun deebii isaanii hordofaa. Dhuma irratti gareewwan deebii gaarii qopheessan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

**Gocha (Hoj manee)**

- Gilgaala 9 hojjatanii akka dhufan taasisaa. Warra akka gaariitti hojjatan filuun barattoota dareef akka dubbisan taasisaa

## Deebiiwwan gaaffiilee irra deebii

**I. “Dhugaa” “Soba” jechuun deebisi**

1. Soba 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa

**II. Kanneen “B” jalatti tarreeffaman “A” jala kanneen jiraniin walitti firoomsi**

1. A 2. D 3. E 4. F 5. B

**III. Bakka duwwaa guutuu**

1. Qisaasummaa
2. Karooraa fi qusannaan jiraachuu

**IV. Deebiiwwan sirrii ta’an filachuu**

1. D 2.D 3. B 4. C

**V. Gaaffii kana barattoonni aadaa fi barmaatilee naannoo isaaniin waliin qabsiisanii irratti mari’atanii akka deebisan haa ta’u**

# Iddattoo Karoora Barnootaa

### 9.1.1. Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| **10'** | **Seensa**<br>• Barattoonni barnooticha jalqabuuf gaaffiilee akka ka'umsaa fi akka si'aa'insaaf dhiyaatan irratti mari'achuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuu.<br>• Aadaan qusannaa barbaachisaadha yammuu jedhamu maal jechuu isinitti fakkaata?<br>• Aadaan qusannaa namoota dhuunfaa gabbachuun ofii isaanii irra darbee faayidaa inni biyyaaf qabu tarreessuu | • Gaaffiilee ka'umsaa lamaan irratti mari'achuu fi deebii kennuu.<br>• Deebii qophaa'e dareef dhiyeessuu. |
| **15'** | **Gocha (Hojii daree – gareen)**<br>• Seenaa mata duree "kan ijoolleen bukeessite yeroo irbaataaf gahu" jedhuun dhiyaate gareen erga dubbisanii irratti mari'atan booda gilgaalicha hojjatanii deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuu | • Seenaa "kan ijoolleen bukeessite yeroo irbaataaf gahu" jedhu dubbisuunii fi gilgaala 1 irratti mari'achaa hojjachuu<br>• Deebii isaa dareef dhiyeessuu. |
| **10'** | **Ibsa**<br>• Barbaachisummaa aadaa qusannaa gabbisuu ibsuu<br>• Wantoota ifa hintaaneef akka gaafataniif carraa kennuufii<br>• Gaaffiif deebii kennuu | • Ibsa xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu<br>• Kan ifa hin taane gaafachuu<br>• Deebii isaa dammaqinaan dhaggeeffachuu |
| **5'** | • Gudunfaa yaada ijoo barnootichaa gabaabsanii akka himaniif barattootaaf carraa kennuu.<br>• Yaada ijoo barnootichaa gabaabsanii himuu. | |

# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAA HIRMAANNAA UUMMATAA

Kaayyolee Boqonnaa

- Dhimmoota biyyaa fi naannoo irratti si'aayinaan hirmaachuun faayidaa inni qabu ni qayyabatu.
- Gurmaa'inaa fi ciminni kutaalee hawaasaa ada addaa faayidaa akka qabu ni beeku.

| Lakk | Barannoo | Kaayyolee Gooree | Madda Meeshaalee deggersaa |
|---|---|---|---|
| 1 | • Barbaachisummaa si'aayinaan hirmaachuu hawaasaa | • Sirna siyaasaa dimokiraataawa ta'e keessatti faayidaa si'aayinaan hirmaachuun hawaasaa qabu ni ibsuu.<br>• Mana barnootaa fi naannoo isaaniitti hojii misoomaa irratti si'aayinaan hirmaannaa ni taasisau. | • Suurawwan, fakkiiwwan, fiilmota barattoonni yeroo hojii qulqullinaa fi kanneen biroo irratti hirmaatan agarsiisan |
| 2 | • Waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun faayidaa inni misooma biroo irratti qabu | • Faayidaa waldaalee siivikii fi kilaboota keessatti hirmaachuun qabu ni ibsu. | • Fiilmota, Poostaroota, suurawwan sochii waldaalee siivikii agarsiisu |

### 10.1. Murteessummaa hirmaannaan lammiilee misooma naannoo, nageenyaa fi ijaarsa sirna dimokiraasii keessatti qabu. *(wayitii 4)*

**Qophii daree – Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poostaroota, fakkiiwwan, suurawwan, fiilmota si'aayinaan hirmaannaa hawaasaa agarsiisu.
- Fakkiiwwan hojiiwwan misoomaa hirmaannaa si'aayinaa hawaasaan hojjataman agarsiisan.

#### 10.1.1. Murteessummaa hirmaannaan lammiilee ijaarsa dimokiraasii, waliigaltee fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuu keessatti qabu.

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Fakkichi waa'ee maalii akka agarsiisu ibsaa.
- Yaada ibis fakkichaa qabate sirriitti hojii irra yoo oole hiriirtonni maal maal fa'a hojjatanii ta'uu danda'a?
    - Barattoonni fakkii 10.1 kitaaba barataa keessa jiru ilaaluun waan fakkicha irraa hubatan akka ibsan gochuu.

- Barsiisaan deebii barattootaa sochii hirmaannaa hawaaaa waliin qabsiisuun sirreessuu fi yaada ka'umsichaa cimsuu ni danda'u.

Fakkii adeemsa sochii hirmaannaa hawaasaa calaqqisu meeshaalee hojii qabatanii hojiiwwan waliin yeroo hojjatanii raawwatanii yeroo deebi'an kan agarsiisu dhiyeessuun sochich fakkeenya hirmaannaa hawaasaa ta'uu isaa beeksisuu.

**Gocha**

- Barattoonni kitaaba barataa keessatti barreeffama mata-duree "Mancharree Araddaa Dimokiraasii fi Bulchiinsa Gaarii" jedhuun taa'e bu'uureffachuun gilgaala 1 akka hojjatan hojmaneen haa kennamuuf. Barsiisaan gaaffiilee soroorsuuf yaadawwan armaan gadii fayyadamuu ni danda'u.

**Gaaffii Lakk. 1**. Dubbisicha bu'uura godhachuun odeeffannoo Tufaatee fi Mancharree waliin madaaluun isa kamtu fooyya'aa, isa kamtu dadhabaa akka ta'e addaan baasuuf qabxiilee sirreessaa qabatamoo ta'an qopheeffachuu.

**Gaaffii Lakk. 2 fi 3**. Hubannoo fi sababoota dhuunfaa isaanii isaan dubbisicha irratti hundaa'anii ibsan sirreessuu. Dubbii ijoon sadarkaa kanatti barattoonni amala hirmaannaa si'aayinaa akka gabbifatan gochuudha. Kanaaf, hawaasa aadaan hirmaannaa si'aayinaa hingabbanne keessatti si'aayinaan hirmaannaan hawaasaa akka jiraatuuf miira itti gaafatamummaa qindeessuu akka qabaatan gochuudha.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 2 daree keessatti gareen ta'anii akka irratti mari'atan yookiin dabareen yaada isaanii akka ibsan gochuun sirreeffama barbaachisaa ta'e kennaafii Qabxiilee sirreeffama gaaffiilee kanneeniif kitaabolee barataa kutaalee 5ffaa – 8ffaa ilaaluun faayidaa qaba.

### 10.1.2. Dammaqinaan hirmaannaan Lammiilee hiyyummaa xiqqeessuu fi misooma ariifachiisaa mirkaneessuuf

**Gaaffii ka'umsaa**

- Fakkicha irraa maal hubattan?
  - Barattoonni fakkicha irraa waan hubatan akka ibsan carraa kennuufii
  - Barsiisaan si'aayinaan hirmaannaan hawaasaa misooma biyyaaf, guddinaa fi ofdanda'uuf gumaacha inni qabu hubachiisuu fi agarsiisuuf kan dhiyaate ta'uu isaa ibsuufiin yaada barattootaa sirreessuun gara gocha itti aanutti seenuu ni danda'u.

**Gocha**

- Barsiisa! Gaaffiilee gilgaala 3 barreeffama "Jallisii, tooftaa amansiisaa misooma qonnaa" mata-duree jedhuu bu'uura godhachuun mana isaaniitti akka hojjatan taasisaa. Deebiiwwan kennaman sirreessuuf akka gargaaraniif yaadawwan armaan gadii xiinxalaa.

**Gaaffii Lakk.1.** Tokkoon tokkoo lammii ofii isaa yoo danda'e, nyaata isaaf barbaachisu yoo oomishe, huccuu fi meeshaalee ofii isaa yoo guuttate dhuunfaa isaan hiyyummaa keessaa ba'e jechuudha. Karaa biroo immoo kan ofii isaa irraa hafu yoo oomishe, gabaa irratti oomisha qonnaa gahaa ta'e dhiyeessuun fayyadamtoonni maallaqa isaaniin oomisha barbaadan gatii madaalamaa ta'een akka bitatan gochuun ofii isaa fi kanneen biroo ni fayyada.

Sadarkaa biyyaattis yoo ta’e sochii hiyyummaa hiri’suu keessatti taasifamuuf faayidaa inni qabu guddaa ta’a. Hojiin misoomaa qotee bulaa. Hadiyyaas haala kanaan ilaalamuu fi fakkeenya ta’uu ni danda’a.

**Gaaffii Lakk. 2 fi 3**. Sochii kana gara misooma ariifachiisaa fi itti fufiinsa qabutti ceesisuuf hojii deggersa adda addaa hojjachuun akka eegamu beeksisuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaf, Meeshaalee qonnaa ammayyaa /tiraaktara, kombaayinara/ fayyadamuu kan jalqabame si’aayinaan hirmaannaa hawaasaa cimsuu, kanneen gabaaf dhiyaatan, oomisha gabaaf oolan oomishuu, kunuunsa naannoo cimsuu, deggersa ogeessota qonnaa fayyadamuu fi itti fufiinsa kan qabu gochuuf kkf .

### Gocha

- Barsiisa! Gaaffiilee gilgaal 4 keessa jiran irratti barattoonni daree keessatti haa mari’atan. Yaadawwan ka’aniif barsiisaan qabxiilee armaan gadii sirreessuu fi cimsuuf fayyadamuu ni danda’u.
    - Yaadawwan adda addaa barattootaan dhiyaatan si’aayinaan hirmaannaa hawaasaa waliin walitti fiduun gaaffiilee lamaan gilgaalicha keessa jiran bakka tokkotti ilaaluun ni danda’ama. Biyyi keenya hiyyeessaa fi ofii ishee kan hindandeenyedha. Haa ta’u malee qabeenya uumamaa hedduu/lafa, bishaan, albuudda/ ni qabdi. Kana waan ta’eef hubannoo fi beekumsa hawaasaa guddisuun, aadaa hojii cimaa gabbisuun, qabeenya uumamaa ishee faayidaa irra oolchuun biyya ofdandeesse ijaaruun ni danda’ama, ni barbaachisas.

Armaan olitti kanneen argaman kutaaleen lamaan barannoo kanaa, si’aayinaan hirmaannaan lammiilee misooma naannoo, sirna ijaarsa nagaa fi dimokiraasii keessatti murteessaa akka ta’e sirriitti akka hubatan gochuudha. Armaan olitti kitaaba barataa keessatti yaadni dhiyaatee fi deebiiwwan gilgaalaaf kennaman ibsa yaadrimichaaf ilaaluun ni danda’ama. Dabalataan armaan dura tajaajiloota hawaasummaa jaalala biyya jalattii fi ibsa irratti kallattii agarsiifame akka wabii dabalataatti ibsaaf fayyadamuu fi ilaaluun ni danda’ama.

### 10.1.3. Dammaqinaan hirmaannaa lammiilee iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf

### Gaaffii ka’umsaa

- Si’aayinaan hirmaachuun lammiilee iftoominaa fi gaafatamummaa mirkaneessuuf attamiin gargaara?
    - Barattoonni jalqaba waa’ee maalummaa iftoominaa fi gaafatamummaa sirriitti akka hubataniif yaadrimeewwan kun maal akka ta’an boqonnaawwan “Ijaarsa sirna dimokiraasii” fi “olaantummaa seeraa” keessatti kanneen baratan akka yaadatan gochuun yaada akka kennan taasisaa.
    - Faayidaa yaadrimeewwan kunniin aadaan si’aayinaan hirmaannaa hawaasaa qabbachuu qabu bifa itti aanuun qabachiisuun barsiisaan yaada dammaqiinsichaa kallattii qabsiisuun gara gocha aanutti darbaa.

### Gocha

- Barattoonni barreeffama “Gabaasa dura bu’aa mana barumsaa” jedhu bu’uura godhachuu gaaffiilee gilgaala 5 osoo deebisanii. Barsiisaan sirreeffama gaaffiileef yaadawwan armaan gadii fayyadamuu ni danda’u.

**Gaaffii Lakk. 1.** Iftoominaa fi gaafatamummaan yeroo ilaalamu haasaan dura bu’aa mana. Barnooticha maal akka fakkaatu qabxiiwwan qabatamaa qopheessuun sirreeffamni haa kennamu.

**Gaaffii Lakk. 2 fi 3**. Barattoonni hojimaata mana baranootaa isaanii haala iftoominaa fi gaafatamummaan akka xiinxalan gochuun iftoominaa fi gaafatamummaa ilaalchisee hubannoo isaanii kan guddisan fakkeenyota qabatamoo akka dhiyeessan kan gargaaraniidha. Fakkeenyaaf, dambii naamusa mana barootaa, ramaddii wayitii, simannaa barattootaa, galmee, kitaaba barataa hiruu fi kkf xiinxaluu. Hojimaata mana barnootaa keessatti aadaan iftoominaa fi gaafatamummaa jiraachuun faayidaa inni qabu baayyee yammuu ta'u isaan keessaa, sirni baruu-barsiisuu fooyya'aan jiraachuu, naamusa mana barnootaa isaanii keessatti hojimaata hiri'atan jedhanii kanneen isaan kaasan rakkoo ta'uu isaanii fi ta'uu dhiisuu isaanii ilaalchisee barsiisaan hubannoo ofii isaanii irraa ka'uun sirreeffama haa kennan.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 6 maatii isaanii waliin mari'atanii akka hojjatan osoo ta'ee. Barsiisaan sirreeffama gaaffiileef yaadawwan kitaabolee barataa keessa taa'anirratti dabalataan qabxiiwwan armaan gadii ilaaluu ni danda'u.

**Gaaffii Lakk.1**. Armaan olitti yaada dadamaqiinsa irratti taa'ee fi barreeffama "Gabaasa Dura Bu'aa Mana Barnootaa" jedhu irraa hubachuun akka danda'amu iftoominaa fi gaafatamummaan mirkanaa'eera kan jedhamu qajeelfamni hojimaataa ifa ta'e yoo jiraate, hojiiwwan qajeelfama hojii taa'een ifaan seeraa fi dambii hordofee hojjachuuf sirni diriire yoo jiraate, namoonni yakka hojjatan yakka hojjataniif seeraan kan gaafataman yoo ta'edha. Bulchiinsi gaariin mirkanaa'eera jechiisuu kanneen dandeessisan sirnonni iftoominaa fi gaaftamummaa yoo hojii irra oolanidha.

**Gaaffii Lakk .2 fi 3**. walitti qabamuun ilaalamuu ni danda'u. Misooma ariifachiisaa jechuun itti fufiinsa kanneen qaban hawaasa sadarkaa jireenya fooyya'aatti kanneen ceesisuu danda'an dhaabbilee hawaasummaa olaanoo ta'anii fi ijaarsi bu'uuraalee misoomaa yammuu jiraatanii fi hawaasich doofummaa, boodatti hafummaa fi hirkattummaa uumamaa irraa bilisa ta'uu yammuu danda'udha. Kun kan ta'uu danda'u immoo sirni dimokiraasii cimaan yammuu ijaaramudha.

**Gaaffii Lakk. 4**. Sirni ijaarsa dimokiraasii bulchiinsoonni sadarkaa sadarkaan jiran bulchiinsa gaarii mirkaneessuun, hirmaannaa hawaasaa guddisuun misooma ariifachiisaa fi itti fufiinsa qabu jabeessuu irratti faayidaa inni qabu guddaa dha. Ummanni dhimma biyyaa kamiyyuu irratti jechuun filachuun, filatamuun, dhimmoota bulchiinsaa irratti yaada kennuun, walga'ii irratti hirmaachuun, dinagdee, hojii misoomaa, ijaarsa dhaabbilee hawaasummaa fi kkf irratti aadaa si'aayinaan hirmaachuu gabbifachuu qaba. Ummanni rakkooleen muldhatanii fi balleessaawwan akka sirraa'u himuun, gaafachuun ijaarsa bulchiinsa gaarii fi sirna dimokiraasii irratii gahee guddaa taphachuu ni danda'a.

## Faayidaa si'aayinaan hirmaannaan lammiilee iftoominaa fi gaafatamummaa mirkaneessuuf qabu

Iftoomina jechuun hojii fi tajaajilli kamiyyuu seeraan, qajeelfama, dambii fi sirni hojimaata isaa tajaajilamtootaaf ifaan kan beekamu, lammiiwwan odeeffannoo barbaadan argachuuf karaa itti danda'anii fi tooftaa hojii hordofan yammuu ta'u, gaafatamummaan immoo lammiin itti gaafatamummaan itti kenname hundi hojiiwwan gaariis ta'e gadheef adeemsa seeraan itti gaafatamummaa kan ittiin fudhatan, jechuunis adeemsa seeraan kan itti gaafatamanidha. Si'aayinaan hirmaannaan hawaasaa akka cimu ummanni karoora hojii misoomaa hojjatamanii fi hojiiwwan irratti attamiin akka hirmaatan kan ittiin beekuu fi itti waliigalu hojimaatni ifa ta'e jiraachuu qaba.

Hojimaatni isaa ifatti kan beekamu qajeelfamootaa fi dambiiwwaniin kan gaggeeffamuu fi dhimmoonni hojichaaf barbaadaman ifatti kan beekaman yoo ta'an akkasumas qaamoleen gaggeessan balleessaa raawwataniif sirni seeraan itti gaafataman kan diriire yoo ta'e si'aayinaan hirmaannaan hawaasaa iftoominaa fi gaafatamummaan mirkanaa'uuf gumaacha mata isaa taasisa jechuu dha. Karaa biroo iftoominaa fi gaafatamummaan yeroo cabu haalli kun sirrii akka hin taane mormuun seeraan akka sirraa'u lammiiwwan dammaqinaan qabsaa'an yoo jiraatan akkuma kana si'aayinaan hirmaannaan hawaasaa mirkaneeffama iftoominaa fi gaafatamummaaf gummaacha guddaa taasisa jechuu dha.

### Gudunfaa Barannichaa

Barattoonni yaadawwan bu'uuraa armaan gadii hubachuu isaanii barattoota dandeettii fi beekumsaan sadarkaa adda addaa irra jiran gaafachuun mirkaneeffachu ni barbaachisa. Haaluma kanaan, barattoonni barannoo kana irraa yaadawwan argachuu qaban:

- Hirmaannaan ummataa misooma naannoof, nagaa fi ijaarsa sirna dimokiraasiif, hiyyummaa hir'isuu fi waliigaltee waliinii uumuu fi kkf murteessaa ta'uu isaa.
- Si'aayinaan hirmaannaan ummataa iftoominaa fi gaafatamummaa mirkaneessuuf gahee inni qabu ifa ta'uu isaanii mirkaneeffachuun irra jira.

## 10.2. Waldaalee Siivikii *(wayitii 2)*

**Qophii daree- Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Barreeffamoota, Poostarootaa fi suuraawwan waajiroota adda addaatti maxxanfaman.
- Fiilmota lammiiwwan yeroo hirmaannaa adda addaa taasisan argisiisu.

### 10.2.1. Faayidaa waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun misooma biyyatiif qabu

**Gocha**

- Barattoonni barreeffama mata duree "Qimamiitii fi hiriyyoota ishee" jedhuun dhiyaate bu'uura godhachuun gilgaala 7 mana isaaniitti akka hojjatan haa ta'u. Deebii kennamaniif barsiisaan yaadawwan armaan gadii sirreessuuf haa fayyadaman.

**Gaaffi Lakk. 1.3** Dubbisicha keessaa qabxiiwwan sirreessaa qophaa'uu ni danda'u. Ejjennoo isaanii kan madaalu waan ta'eef barattoonni yaadawwan adda addaa ibsuuf yoo danda'anillee yaadni isaanii kun karaa si'aayinaan hirmaanaa hawaasa ilaalamuu qaba.

**Gaaffii Lakk. 4**. Kutannoo gocha Qimamiit raawwachiisuuf dandeessisu akka qabaatan yookiin deggertuu ishee fi yaada gochawwan walfakkaatu jajjabeessuuf dandeessisu gabbifachuu akka danda'an taasisuu.

**Gocha**

- Barattoonni gaaffiilee gilgaala 8 hanga ammaatti kan baratanii fi hubatan irraa ka'uun daree keessatti cimdii cimdiin ta'uun irratti mari'atanii waan irratti waliigalan barattoota dareef akka ibsan taasisaa
- Barsiisa! Gaaffiileef sirreeffama barbaachisaa ta'e kennuuf kanneen itti aanan fayyadamuu ni danda'u. /Yaadrimee waldaalee hawaasaan osoo ilaalamanii/

**Gaaffii Lakk. 1**. Sirna dimokraasii, nagaa fi misooma mirkaneessuuf hirmaannaan hawaasaa dhimma bu'uuraati. Karaa hirmaannaan hawaasaa ittiin ibsamu keessaa tokko waldaalee adda addaa dhaabuun si'aayinaan hirmaannaa taasisuudha. Amalootaa fi kaayyoon waldaalee hawaasaa mata duree kan jalatti kutaalee sadarka adda addaatti yaadawwan ibsaman ilaaluun hubannoo fooyya'e qabaachuuf nama dandeessisu.

**Gaaffii Lakk. 2**. Waldaaleen hawaasaa aadaa hirmaannaa hawaasaa guddisuun, hojiiwwan mootummaan raawwachuu hin dandeenye hojjachuun, hojiiwwan hojjatamaniif hawaasni deggeraa akka ta'u gochuun, hojiiwwan hojjataman kunuunsuun, faca'iinsi dhaabbilee haqaan akka jiraatu hojimaatni iftoominaa fi gaafatamummaa akka barataman gochuun nagaa, dimokiraasii fi misoomni akka baballatuu fi jabaatu ni gargaaru.

## Faayidaa Waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun misooma biyyaaf qabu

Hojiiwwan biyya tokko keessatti hojjataman qabeenyaa fi maallaqa mootummaan dhaabbilee mootummaan qofa ta'uun irra hin jiru. Lammiiwwan karaa adda addaa fedha ofii isaaniitiin maallaqaa fi beekumsa isaanii qindeessuun gochawwan adda addaa raawwachuu irraa eegama. Kunis amala adda hawaasa dimokiraatawaa ta'ee fi qaroomedha. Waldaaleen hawaasaa bifa seeraa fi dambii hordofeen gocha isaan raawwatan hawaasa keessatti jijjiirama fiduun nagaa fi misooma guddisuun alatti hirmaannaa hawaasaa cimsuun ijaarsa sirna dimokiraasiif gumaacha guddaa taasisu. Barattoonnis mana barnootaatii jalqabanii kilaboota fi waldaalee adda addaatti hirmaachuun gahee guddaa akka taphatan gochuun ni barbaachisa. Kanaaf, barattoonni asumaa maalummaa fi kaayyoo waldaalee hawaasaa, amala addaa isaanii fi gumaacha isaan taasisan sirriitti akka hubatanii fi qayyabatan gochuu barbaachisa.

### 10.2.2. Dhimmoota yeroo irratti mootummaa cimsuu fi to'achuuf waldaalee siviksii keessatti hirmaachuu

**Gaaffiilee ka'umsaa:**

- Waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun attamiin mootummaa cimsuu fi to'achuun danda'ama?
  - Barattoonni yaada marii irraa waan hubatan akka ibsan haa ta'u.
  - Barsiisa, cimsuu fi to'achuu jechoota jedhaman gahee waldaaleen siivilii keessatti isaan qaban ilaalchisee yaada barattoonni kennan haala barnooticha eegalsiisuun kallattii qabsiisaa.

- Barattoonni barreeffama "Fooramii jiraattoota magaalaa Finfinnee" jedhu bu'uura godhachuun gilgaala 9 dhuunfaa isaaniin akka hojjatan taasisaa. Deebiiwwan kennamaniif gaaffiilee hundaaf qabxiilee sirreeffamaa armaan olitti yaada dadammaqiinsaa fi kitaaba barataa keessa taa'een walsimsiisuun qabxiilee sirreessaa qopheeffachuu.

**Gocha**

- Gaaffiileen gilgaala 10 hubannoo naannoo waldaalee siivikii irratti qaban cimsuuf waan gargaaruuf barsiisaan barattoota garee miseensota xiqqaa qabutti ramaduunii fi gaaffiilee hiree kennuufiin deebii gaggabaaboo akka dhiyeessan taasisaa.

Gaaffiilee sirreessuuf/soroorsuuf akka ta'utti yaadawwan armaan gadii ka'umsa godhachuu ni dandeessu.

**Gaaffiilee Lakk.1**. Armaan olitti yaada kitaaba barataa keessa jirutti dabaluun waldaaleen siivikii bu'aaf kan hindhaabbanne, gochaa fi kaayyoo raawwatan ifa ta'e kan qaban, ajandaa siyaasaa, amantii, aantummaa fi kkf bu'uura godhatanii kan hindhaabbanne, fedha, maallaqa beekumsaa fi humna namoota dhuunfaa irratti kanneen hundaa'an seeraan beekamtii kanneen argatanidha.

**Gaaffiilee Lakk. 2.** Faayidaawwan adda addaa kennu. Aadaa hirmaannaa hawaasaa ni cimsu, misooma ni ariifachiisu, nagaa haala amansiisaa ta'een ni ijaaru, sirna dimokiraasii ni jabeessu fi kkf

**Gaaffiilee Lakk. 3.** Eeyyee, qabxiilee dandeessisan armaan olitti gaafii lakkoofsa 2f kennamee fi faayidaawwan walfakkaataniin fudhachuun ni danda'ama.

**Gaaffiilee Lakk. 4**. Waldaalee fi kilaboota adda addaa mana barnootaa tuqamuu ni danda'u. Barataan kamiyyuu kaka'umsa ofii isaatiin waldaa barbaadetti miseensa ta'uu, hoggansa irratti dammaqinaan hirmaachuu, itti gaafatamummaa nutti kenname ga'umsaan ba'uu, deggarsa sirrii ta'e gochuu fi kkf dirqamni fedhaa irra jira.

## Dhimmoota yeroo irratti mootummaa cimsuu fi to'achuuf waldaalee siivikii keessatti hirmaachuu

Waldaaleen siivikii hojiiwwan mootummaan sababa humnaaf hojjachuu hin dandeenye bifa hawaasa hirmaachisuun raawwachuun, kanneen mootummaan hojjatamuun irra jiru agarsiisuunii fi xiyyeeffannaan akka itti kennamu gochawwan bakka bu'iinsa hin qabne raawwatu. Sadarkaa adda addaatti hojiiwwan mootummaan hojjataman hangam bu'a qabeessa, seera qabeessaa fi haqawaa akka ta'an karaalee adda addaan ummataatti beeksisuun, mootummaan karaa hojimaata isaa ittiin sirreessuu fi qajeelchu agarsiisuun akkasumas, hojimaatota iftoominaa fi gaafatamummaa qabu akka hordofan taasisuun hojiiwwan to'annaas hojjachaa gocha mootummaa cimsuu ni raawwatu.

### Gudunfaa barannichaa

Barattoonni barnoota sadarka kana irratti argaman yaadawwan ijoo hubachuun irraa eegamu kan of keessatti qabate yaalii daree kennuufiin barattoonni beekumsa barannoo kana irraa argatan mirkaneeffachuu ni barbaachisa. Qabxiilee xiyyeeffannoo gurguddoo barannichaa

- Waldaalee siivikii keessatti hirmaachuun faayidaa inni misooma biyyaaf qabu
- Mootummaa cimsuu fi to'achuuf barbaachisummaa waldaalee siivikii kanneen jedhanidha.

## Deebii gaaffiilee irra deebii

**I. "Dhugaa" yookiin "Soba"**

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Soba
4. Soba
5. Soba

**II. Walitti Firoomsi**

1. B 2. G 3. E 4. A 5. D

**III. Bakka duwwaa**

1. Hirmaannaa dhuunfaa fi hirmaannaa waliinii
2. Amansiisaa/ ittfufinsa

**IV.Filannoo**

1. D 2. B 3. C 4. D 5. A

**V. Deebii gabaabaa kennuu**

1. Lammiiwwan ni rakkatu
    - Ummanni mootummaa balaaleffata
    - Walitti bu'iinsi waliinii ni uumama
    - Hojiin misoomaa ni gufata.
2. Hojimaatni mootummaa kan iftoominaa fi gaafatamummaan keessatti mirkanaa'e akka ta'u ni dandeessisu.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## Barannoo 2. Waldaalee Siivikii

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| 10' | **Seensa**<br>• Barnooticha beeksiisuu<br>• Kutaa barnootichaa keessa mata dureewwan xixiqqaa taa'aniif gaaffiilee ka'umsaa yookiin dadammaqiinsaa dhiyeessuu<br>• Ijoo barnootichaa jalqabuuf bifa nama dandeessisuun hubannoo barattootaa walittiqabuu fi kallattii qabsiisuu | • Yaada ka'umsaa seensa irratti tuqame irratti yaada kennuu<br>• Garee xiqqaan yookiin dhuunfaan deebii kennamu irratti yaada kennuun hirmaachuu<br>• Barattoota dareef yaada isaanii dhiyeessuu |
| 20' | **Ibsa**<br>• Waa'ee kutaa barnootichaa ibsa kennuu<br>• Adeemsa ibsichaa irratti barattoota hirmaachisuu<br>• Barreeffama "Qimamiitii fi hiriyyoota ishee" jedhuu bu'uureeffachuun gilgaala 7 daree keessatti garee xiqqaan akka hojjatan gochuu.<br>• Deebiiwwan gilgaalaaf kennaman irratti marii adeemsisuu.<br>• Gilgaala 8 dhuunfaan mana isaaniitti hojjatanii akka dhufaniif hojimanee kennaafii | • Ibsicha dubbisuu<br>• Marii irratti hirmaachuu<br>• Gilgaala 7 gareen daree keessatti hojjachuu<br>• Waan ifa hin taaneef gaafachuu.<br>• Yaadrimeewwan irratti yaada kennuun hirmaachuu.<br>• Kitaaba barataa keessatti ibsoota kennaman dubbisuu |
| 5' | **Cimsuu**<br>• Qabxiilee ijoo barnootichaa yaadachiisuu fi keessa deebi'uu | • Gaaffii gaafachuu |
| 5' | • Kaayyoon barnootichaa milkaa'uu fi milkaa'uu dhiisuu isaa gaaffii fi deebiin mirkaneeffachuu<br>• Barnoota wayitii itti aanutti barsiifamu tuquu yaada kennuu | • Yaada Gudunfaa dhaggeeffachuun ibsa dabalataa kennuu. |

# BOQONNAA KUDHA TOKKO

## BEEKUMSA FEDHUU

***(Wayitii Ramadame 8)***

Kaayyolee Gooroo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:-

- Karaalee beekumsi itti gabbatu ni beeku.
- Karaalee beekumsi tajaajila irra itti oolu ni beeku.
- Barbaachisummaa fi faayidaa odeeffannoo ni qayyabatu.
- Yaadawwanii fi ilaalchota boodatti hafoo irratti qabsaa'uun barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu.

| Lakk | Barannoo | Kaayyolee Gooree | Leecalloo biroo faayidaa qaban |
|---|---|---|---|
| 1 | Beekumsa gabbisuu | • Karaalee beekumsi itti gabbatu ni tarreessu | • Barsiisonni, barattoonni qorattoonni biroon gocha beekumsa argamsiisu irra osoo jiranii (fakkeenyaaf, dubbisa fi laaboraatorii fi kkf keessatti) kan agarsiisan fiilmota, poostaroota, suurawwan |
| 2 | Karaalee beekumsi tajaajila irra itti oolu | • Beekumsi qorannoof, kalaqaaf, ofii ofii fooyyessuu fi guddina biyyaaf faayidaa inni qabu ni ibsu. | • Ibsoota fakkii kitaabolee adda addaa, televiizyinii, kompitarii fi kkf agarsiisan. |

### 11.1. Karaalee beekumsi itti gabbatu *(wayitii 2)*

**Qophii daree- Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Fiilmota, poostaroota, suuraawwan barsiisonni, barattoonni, qorattoonni biroon gocha beekumsa argamsiisan irra osoo jiranii (fakkeenyaaf, dubbisa irra, laaboraatoorii keessaa fi kkf) agarsiisu.

**Seensa**

**Fakkii 11.1, 11.2 fi gaaffiilee ka'umsaa**

- Isin fakkiiwwan armaan olii irratti beekumsa keessan gabbifachuu yoo barbaaddan karaalee maal maal fa'a fayydamuu akka dandeessan ibsaa.
- Beekumsi odeeffannoo eessa eessa fa'atii argamaniin gabbachuu danda'a?
- Barattoonni garee xiqqaatti yookiin cimdiin ta'uun gaaffiilee ka'umsaa armaan olitti dhiyaatan irratti mari'atanii deebii akka kennan taasisan.

**Gocha (Hojii daree-gareen)**

- Ibsa mata duree hojii garee jedhu jalatti dhiyaate barattoonni garee xiqqaan yookiin cimdiin ta'an xiyyeeffannaan akka dubbisan, fakkii 11.4n sirriitti akka ilaalanii fi dhuma irratti gaaffiilee lama fakkichaa gaditti dhiyaatan mariin akka hojjatan taasisaa. Maricha hordofaa, marich yeroo xumuramu immoo gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa. Kitaaba barataa irratti fakkii 11.4tti aanee gaaffiilee 2 dhiyaatan booda barreeffamni taa'e karaalee beekumsi itti gabbatu ballinaan ibsa. Qabxiiwwan ijoo barreeffamichaa irratti xiyyeeffachuun ibis waliigalaa haa kennamuuf.

**Gocha (Hojii daree-gareen)**

- Gilgaala 1 gareen ta'anii mariin akka hojjatan taasisaa. Maricha hordofaa, yeroo mariachi xumuramu gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

## 11.2. Karaalee beekumsi tajaajila irra itti oolu

**Qophii daree- Meeshaalee deggersa barnootaa** *(wayitii 2)*

- Ibsawwan fakkii kitaabolee adda addaa, televiizyinii, kompitaara fi kkf agarsiisan.

**Seensa**

**Gaaffiilee ka'umsaa**

- Isin gara fuulduraatti beekumsa guddaa yammuu qabaattan beekumsa keessan tajaajiloota maal maal fa'a irra oolchuu yaaddu?
- Isin keessaa barattuun tokko "beekumsa koo hojii qorannoofin oolcha" yoo jettee fi barataan biroon immoo "beekumsa koo ofii koo fooyyessuufin oolcha" yoo jedhe barattoota lamaan keessaa eenyutu sirriidha jettu? Maaliif?
- Barsiisaa keessan beekumsi karaalee tajaajilaa armaan gadii akka qabu yoo isiniif tarreessanii fi akka irratti mari'attan yoo isin afferan tokkoon tokkoon tajaajilichaa attamiin ibsitu?

1, Qorannoof 2, kalaqaaf 3, of fooyyessuuf 4, Guddina biyyaaf

- Gaaffiilee 3n armaan olitti dhiyaatan barattoonni gareen ta'anii mari'achaa deebii akka irratti kennan taasisaa. Deebii duraa yeroo hojjatan jalqaba tokkoon tokkoon miseensa garee dabareen garee isaaf gara fuulduraatti beekumsa olaanaa yoo qabaate beekumsa isaa kana tajaajiloota attamii irra oolchuuf akka yaadu akka himuu fi garich isa miseensonni garee dubbatan qindeessee akka dhiyeessu itti himaa.
- Kitaaba barataa keessa gaaffiilee ka'umsaatti aanee beekumsa A-D tti taa'e karaalee itti tajaajila irra oolu barreeffama agarsiisu tokko tokkoon kaasuun gadifageenyaan ibsaafii.

**Gocha (Hojii daree – gareen)**

- Gaaffiilee 3 gilgaala 2 keessa jiran gareen ta'anii mariin akka hojjatan taasisaa. Mariin yammuu xumuramu gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

## 11.3. Rakkoolee dhimmoonni odeeffannoon hin deggeramne dhaqabsiisan *(wayitii 2)*

**Qophii daree- Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Ibsoota fakkii namoonni yeroo mari'atan agarsiisu.

**Seensa**

**Mammaksaa fi gaaffii ka'umsaa**

- "Gala malee dhaqa hin dhaaddatan"
- "Osoo hin hubatiin quba hin gubatiin".

Mammaaksonni armaan olii dhimmoota odeeffannoon hin deggaramne ilaalchisanii maal agarsiisuu danda'u?

- Barattoonni cimdiin yookiin garee xiqqaan ta'uun mammaaksota armaan olitti kaa'aman cimsanii xiinxaluun gaaffii ka'umsaa irratti mari'achuun deebii akka kennan taasisaa.

**Gocha (Hojii daree-gareen)**

- Seenaa mata duree "ni soba" jedhu gareen akka dubbisanii fi gilgaala 3 keessa gaaffiilee 3 jiran mari'achaa akka hojjatan taasisaa. Mariin yammuu xumuramu gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.
  - Kitaaba barataa irratti gilgaala 3tti aanee kan dhiyaate barreeffama rakkoolee dhimmoota odeeffannoon hin deggeramne hordofsiisan ibsu bu'uureffachuun ibsa kennaafii.

**Gocha (Hojii daree- gareen)**

- Gaaffiilee 5 gilgaala 4 keessatti argaman gareen ta'anii mariin akka hojjatan taasisaa. Mariin yeroo xumuramu gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

## 11.4. Yaadawwanii fi Ilaalchota boodatti hafoo *(wayitii 2)*

**Qophii daree- Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poostaroota, gabaasota barmaatilee miidhaa geessisan agarsiisan.

### 11.4.1. Karaalee yaadawwanii fi ilaalchota boodatti hafoo ittiin maqsan

**Seensa**

**Gaaffii ka'umsaa**

- Yaadni boodatti hafaan maal irraa ka'uun dhufuu danda'a?
- Naannoo keessan ilaalchota boodatti hafoo attamiitu jiru? Attamiin yaadawwan tarkaanfatoonni bakka bu'uu danda'u?
- Ilaalchota boodatti hafoo kanneen maqisuu keessatti gaheen keessan maal ta'uu qaba?

Barattoonni cimdiin yookiin gareen ta'anii gaaffiilee ka'umsaa armaan olitti kaa'aman irratti mari'atanii deebii akka kennan taasisaa.

**Ibsa**

- Kitaaba barataa irratti gaaffiilee ka'umsaatti aanee isa taa'e barreeffama karaalee yaadawwanii fi ilaalchota boodatti hafoo ittiin maqisan ibsu bu'uura godhachuun ibsaafii.

**Gocha (Hojii daree-gareen)**

- Gilgaala 5 keessa gaaffiilee 3 jiran gareen ta'anii mari'acha akka hojjatan taasisaa. Marich yeroo xumuramu gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan taasisaa.

# Deebiiwwan gaaffiilee keessa deebii

**I. Himoota armaan gadii keessaa kanneen sirrii ta’an dhugaa kanneen dogoggora ta’an immoo soba jechuun deebisaa.**

1. Soba 2 . Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

**II. Kanneen ‘B’ jala jiran ‘A’ jala kanneen jiran waliin walitti firoomsaa**

1. E 2. C 3. B 4. D 5. A

**III. Kanneen armaan gadii keessaa deebii sirrii ta’e filadhaa.**

1. A 2. A 3. D 4. D 5. A

**IV. Bakka duwwaa jecha yookiin gaalee sirrii ta’een guutaa**

1. Ogeessa warqii fi sibiila adda addaa hojjatu
2. Of fooyyessuuf, biyya guddisuuf
3. Ilaalchota boodatti hafoo

**V. Gaaffiilee armaan gadii gabaabsaatii deebisaa**

1. Maddi beekumsa saayinsaawaa hedduu ta’uu danda’u. Haa ta’u malee inni guddaan
   A. Odeeffannoo madda sirrii ta’e irratti hundaa’een kitaabolee qophaa’anii fi barreeffamoota biroo
   B. Meekumsa qorannoo irratti hundaa’e
   C. Bu’aawwan qorannoo namoota adda addaa tuqamuu ni danda’u.
2. Sababni inni guddaan dubbisi akka gabbisee beekusaa tokkootti kan fudhatameef barreessitoonni adda addaa mata dureewwan adda addaa irratti kan bareeessan waan ta’aniif nama kitaaba dubbisuuf beekumsoota adda addaa kanneen argachuuf dubbisni waan gumaachuufi dha.
3. Ilaalcha boodatti hafaa, fayyaa, walitti dhufeenya hawaasummaa fi jireenya dinagdee miidhuun ibsamuu ni danda’a. Fakkeenyaaf, rukkattaan mucaa Ziittoo fayyaa miidha, hojii tuffachuun walitti dhufeenya dinagdee fi hawaasummaa jeeqa, jibbiinsi sababa irratti hin hundoofne waliin ta’uu siyaasaa ni diiga.
4. Yaadawwan kanaan dura turan boodatti hafoo jedhamanii kaa’amuu hin danda’an. Fakkeenyaaf, daa’imman maatii isaanii, hangafoota isaanii, olla isaanii fi kkf kabajuu qabu yaadni jedhu yaada bara dheeraa lakkoofsisee dha. Haa ta’u malee ammas taanaan yaadni boodatti hafaa dha jechuun hin danda’amu.
5. Barattoonni deebii kennanitti dabalanii murtii isaan kennan hundi beekumsa irratti kan hundaa’e akka ta’u gochuuf ilaalchota boodatti hafoo maqsuuf gahee isaanii gochuu ni danda’u.

# Iddattoo Karoora Barnootaa

## 11.1. Karaalee beekumsi itti gabbatu

| Yeroo | Gocha Barsiisaa | Gocha Barataa |
|---|---|---|
| 10' | **Seensa**<br>• Barnooticha jalqabuuf fakkiiwwan akka ka'umsaa fi dadammaqisuuf dhiyaate (fakkii 11.1 fi11.2) fi gaaffiiwwan sirriitti ilaaltanii akka deebisan taasisuu fi<br>• Isin fakkiiwwan armaan olitti dhiyaatan irratti beekumsa keessan gabbifachuun yoo barbaaddan karaalee maal maal fayyadamuu akka dandeessan ibsaa<br>• Beekumsi odeeffannoo eessa eessa fa'i irraa argamuun gabbachuu danda'a? | • Fakkiiwwanii fi gaaffiilee xinxaluu fi deebii kennuu |
| 15' | **Gocha** ***(Hoji daree-gareen)***<br>• Mata duree hojii garee jedhu jalatti ibsa dhiyaate cimdii fi garee xiqqaan xiyyeeffannaan akka dubbisan, fakkii 11.4n sirriitti akka ilaalanii fi gaaffiilee lama fakkiiwwanii gaditti dhiyaatan mariin akka hojjatan gochuunii fi<br>• Maricha hordofuu --- | • Xiyyeeffannaan dubbisuu, fakkii 11.4n sirriitti ilaaluu fi gaaffiilee lama fakkichaa gaditti dhiyaatan mari'atanii deebii qopheessuu.<br>• Deebiiwwan dareef dhiyeessan |
| 10' | **Ibsa**<br>• Beekumsi karaalee itti gabbatu ibsuu | • Ibsicha xiyyeeffannaan dhaggeeffachuu |
| 5' | **Gudunfaa**<br>• Yaada ijoo barnootichaa gabaabsanii akka himan barattootaaf carraa kennuu<br>• Yaada ijoo barnootichaa gabaabsanii himuu | |

## Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa.



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshaangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.